# KAN DUBBISTU KANA HUBATTAA REE?

HOJII ERGAMOOTAA 831



Abbaa Giyoorgis Zegaasiccaa Nama Biyyaa Itiyoophiyaa Kitaaba Mana Amantii 40 ta,u kan barreessan keessaa tokko akka Fakkeenyaatti Kitaa sa 'ataatii harra manni Kirisriyaanaa itti fayyadamaa Jirtuudha.

## Seenaa Kitaaba Qulqulluu Kutaa 1ffaa

Qopheessaan B/saa Hordofaa Dhinaa
(Abbaa Gammachis Q/Kaarraa)

Adoolessa BARA 2004

Scanned by CamScanner

**Kitaabni kun seeraa fi heera mana kiristiyaanaa Ortodoksii Tawaahidoo Itoophiyaa eegee kan qopha'eedha.**

**Mirgi isaa seeran kan eegamee dha.**




Scanned by CamScanner

Kutaa Biyya Lallabaa Godiina Wallaggaa Lixaatti Beeta kinatii Aanaa Qixu Kaarraa Mana Qulqullummaa Gadaamii M/Qiddusaanii Aabbootti kan qopha'eedha.

Qopheessan B/saa Hordofaa Dhinaa

Yaadannoon isaa- Imaahoy Waarqinash waaccoof naaf haa ta'u.





Scanned by CamScanner

## Galata

Kitaaba kana yemmuun qopheessu wixinee isaa harkaan barreessudhaan kan na gargaaran.

1. D/n Faqqadee Kumarraa
2. D/n Adimaasuu Naadoo
3. D/n Mihiratuu Tashoomee
4. D/n Taddalee Balaay
5. D/n Gammachiis Hordofaa fi
6. Obbo Tarraqeeny Amanuu

Barreeffama Kompiteeraan kan na gargaaran

1. B/saa Taayyee Tasfaa 2. D/n Gammachiis Imaanaa 3. Amaarech Yaadachuu

***Gulaaluudhaan kan na gargaaran -***

1. Liqa kahiin Bulii Mankir
2. Luba Ifaa Qana'aa
3. B/saa Birraatuu Namarraa
4. B/saa Bultii Taasisaa
5. D/n Gammachiis Imaanaa akkasummas Deggersa kitaabolee fi yaadaa na gochuudhaan LiqaMazammiraan A'imiroo Daabbaas fi Xilaahuun Mallis maqaa Waaqayyo isa jiraatan guddaan isaan galateeffadha.

***Mirgi isaa seeraan kan eegameedha***



Scanned by CamScanner

# Baafata

Lakk FUULA

GALATA ....................................................3

BAAFATA ....................................................4-6

Seensa ....................................................7-9

1. Kaayyoo kitaaba Qulqulluu....................................................10
2. Qayyabannaa Kitaaba Qulqulluu ....................................................10
3. Maaliif Qulqulluu Jedhame....................................................10
4. Kitaabota biroo irraa maaliin adda ba'a?....................................................11
5. Faayidaan Kitaaba Qulqulluu Maali?....................................................12
6. Kitaaba Qulqulluu Eenyuutu Barreesse?....................................................13
7. kitaaba Qulqulluu keessatti Mooggasa Kitaabootaa....................................................14
8. lakk Kitaaba Qulqulluu....................................................15
9. Addunyaa keessa Lakkoofsi Kitaaba Q/baay'een Jiraachusaa....................................................20
10. Wantoota 81 fi Kaakuu Haaraa Keessa jiran....................................................21
11. Kitaabni 81 hubannaa fi Ogummaa Guddaa kan namaaf laatu ta'uu isaa.........22
12. kitaabni Qu/ afaani irraa gara afaanittii yemmuu jijjiiramu....................................................25
13. Kitaaba Q/ akka Biyya Itoophiyaatti....................................................26
14. K/Qu/ afaani irraa gara afaaniittii yemmuu hiikaamu Dogongora Uumamaan (kaakuu Moofaa) keessattii....................................................28
15. K/Q/ afaani irraa gara afaanittii yemmuu hiikaamu Dogongora Uumamaan (kaakuu Haaraa) keessatti....................................................30



Scanned by CamScanner

16. Afaan Ingiliziitti yemmuu hiikamu dogongora Uumamaani ....................................32
17. K/Qu/ Maaliif iddoo tokkotti qindaa'ee Maxxanfame?....................................36
18. K/Qu/ akkamittiin Qaayyabatama? ....................................37
19. K/Qu/ keessatti Moggaasa Maqaa namootaa.................................... 42
20. K/Qu/keessatti Maqaa kabajaan kan waamaman ....................................45
21. K/Qu/keessatti Namni tokko maqaa adda addaan yemmuu waamamu..........45
22. K/Qu/keessatti Maqaa hiikoo adda addaa qabu ....................................47
23. Aadaa kitaaba qulqulluu ....................................50
24. Akkaataa Amala dubbannaa ....................................55
25. Jecha tokko irra deddeebi'aanii dubbachuu ....................................56
26. Anaaf ati maal walitti qabna....................................56
27. Akka fakkiitti jecha ibsuu....................................56
28. Waa tokko itti Kuulanii (Faayanii), jejanii dubbachuu....................................57
29. Akka Hibbootti, fakkeessanii haasa'uu....................................58
30. Akkaataa gadda itti ibsan....................................58
31. Akkaataa Ijaarsa manaa....................................59
32. Akkaataa lakkoofsa yeroo....................................59
33. Akkaataa seera cidhaa....................................59
34. Akkaataa keessummaa simachuu....................................60
35. Akkaataa Ayyaana kabajuu....................................60
36. Hiikoo kitaaba qulqulluu....................................61
**37. Fakkeenyaan kan hiikaman....................................61**
38. Fakkeenya iddoo dhaaba wayinii....................................62
39. Fakkeenya dhagaa ykn kattaa ....................................62




Scanned by CamScanner

40. Fakkeenya mana qulqullummaa....63
41. Fakkeenya soogiddaa....63
42. Fakkeenya hoolaaf re'ee....65
43. Fakkeenya mootummaa Waaqayyoo....66
44. Fakkeenya namicha wayyaa cidha hin qabnee....69
45. Fakkeenya durboota kurnanii....70
46. Fakkeenya hojjettoota qarshii tokkoon qacaramanii....75
**47. Iccitiidhaan kan hiikaman....77**
48. Ijjooleen Waaqayyoo Ijjoolee namootaa fudhan....78
49. Dhaalli kee ana....79
50. Dugda diinoota kootii naaf kenne....79
51. Buddeena kee bishaan gubbaa kaawadhu....79
52. Tolaa keessa ba'aa hin ta'in....81
53. Eliyaas ni dhufa inni jedhame isa kana....81
54. Waaqa koo! Waaqa koo! maaf na dhiifta?....85
55. Sooressi mootummaa waaqayyootti galuu irra gaalli....85
56. Jechoota hiikoo adda addaa qaban....87



Scanned by CamScanner

## Seensa

MAQAA ABBAA KAN ILMAA KAN AFUURA QULQULLUU WAQAAYYOON TOKKOTTI NI AMANNA AMEEN

**KAN DUBBISTU KANA HUBATTAA REE?** H/ erg 8:31

Mata duree kanaan kitaaba kana akkan qopheessuu kan na kakaase bara ammaa kana keessa namootni baayeen seenaa fi aadaa kitaaba Qulqulluu utuu hin hubatiin abbootii Amantii utuu hin gaafatin akkasumas kitaabolee abbootii amantii afuura WAQAAYYOON geggeefamuun kan barreessan utuu hin hubatin qooqa garaa garaatti hiikoo isaa dalga micciranii akka isaanitti fakkaatutti hiikaa jiru. Keessumatti immoo akka saayinsaawwaatti hiikaa jiru. Kanaafis ragaan kitaaba Qulqulluu isaan barreessaniidha. FKN: Mat 24:19 irratti warraa ulfaa'aniif warraa hoosisaniif guyyaa isaa dhumaa sanatti wayyoo isa jedhu kitaaba bara 1997 qubee afaan Oromoon maxxanfame irraatti akka saayinsawwaatti yammuu hiikan ykn guyyaa isaa dhumaa sanatti dubartoota hoosisanii fi ulfaa'aniif wayyoo jedhanii jijjiiranii barreessaniiru akka hiika jecha isaaniitti guyyaa isa dhumaa sana murtoon kan eeggatu dubartoota qofaa dha jechuudha. Sababni isaas dubartii isa jedhu alaa fidanii itti dabalaniiruu waan ta'eef. Kunis seenaa kitaaba Qulqulluu waallaaluu isaaniiti. Garuu akka seenaa kitaaba Qulqulluutti dhiirri ulfa'uu, hoosisuus ni dandaa'a waan ta'eef.



Scanned by CamScanner

❖ Kan inni ulfaa'ee hoosisuu sunis cubbuudha jechuudha. Dabalatas amantaa Qulqullootaaf al-tokkicha kan laatame yih. 1:3 mormuudhaaf jecha kitaaba Qulqulluu keessatti Afuuraa WAQAAYYOON kan barreeffaame Afaan irraa gara afaaniitti yemmuu jijjiiran waa'ee Taabotaa (Tsillaatii),waa'ee laguu waa'ee Ergamootaa, waa'ee araarsuummaa Qulqulleettii haadha WAAQAYYOO Giiftii Maariyaamii, waalumaagalatti waa'ee amantii isa jalqabaa seeraaf heera isaa kan faakkatuu keessaa haqaniiru.

Waa'ee isa kanaa ilaalchisee kanaan fuuldura bara 1992 haamerii waggaa 6ffaa lakk. Lama irratti wanti kun baay'ee waan na gaddisiiseef of-egaannoo dhaaf akka ta'uuf kutaa qophii maxxasa Waldaa Qulqullootaaf ergeen ture. Haa ta'u malee, raajootni sobduun dhimma afaanii kanatti faayyadamuudhaan dalga micciiranii saba WAAQAYYOO dogongorsuu hin dhiifne.

Qulqulluun pheexiroos ergaa isaa 1phex 3:16 irratti kitaaba Qulqulluu hiikoo isaa dalga kan micciiran dhumni isaanii badiisa Waan jedheef akka isaanii akka hin baadneef hubachuun barbaachisaa dha.

❖ Hubachuudhaaf immoo kitaaba qulqulluun abbootii keessan gaafadhaa waan jedhuuf abbootii gaafachuun barbaachisaadha S/K/deebi 32:7 Iyob 8:8 walumaagala akka Jaandarabaa Itoophiyaa kan iccitii isaa beeku yoo naaf hiike malee dubbisuu qophaan hin beeku akka jedhe H.erg. 8:-31 nutis



Scanned by CamScanner

warri ammaa Kitaaba Qulqulluu beekuun yoo nu hubachisan malee hin beeku jechuu qabna .

Walumaa galatii Ogeessichi Soolomon sibiilli sibiilatti qara baha. Namnis nama irraa barata akka jedhe wal-irraa barachuun keessattuu abboota keenya irraa barachuun cubbuu miti caalaattuu ogeessa nama godha malee akkasumaas Rom 16:17-18 yaa obboolota koo gargar ba'umsa isin gidduutti kan facaasan akka isin amantiitti hin jabaannes kan isin godhan waan ta'eef irraa of eggadhaa. Isaan waan gaarii fi gurra namaatti tolu fakkatuun garraamoota gowwoomsu waan ta'eef isaan irraa fagaadhaa. kanaaf haxxuummaa isaanii hubattanii of egdanii lubbuu keessan akka faayyifattaniif qopheessuun na dirqisiise. Kun akka jaalala WAAQAYYYOOTTI qopha'eera.



Scanned by CamScanner

# QAYYAABANNAA KITAABA QULQULLUU

Kitaaba Qullqulluu jedhi jedhu jecha lamarraa kan ijaaramee dha. Jecha Kitaaba jedhu fi QULQULLUU jedhurraa yammuu ta'u, jechi Kitaaba jedhu barreeffama iddoo tokkotti qinda'ee gurmaa'ee barreeffame (Katabamee) jiru kan agaarsiisu yammuu ta'uu.

♦ Jechi Qulqulluu ykn qiddus jedhu ammoo, jecha Gi'iizii fi jecha Araabiffaa yammuu ta'uu, hiikoon isaa ammoo adda kan ta'e jechuudha. Egaa walumaagalatti Kitaaba Qulqulluu jechuun barreeffama iddoo tokkotti guuramee katabame adda kan ta'e jechuudha

**KAAYYOO KITAABA QULQULLUU**

Kaayyoon isaa kitaaba Qulqulluu keessatti kan argamu seenaa, seera, ergaa fi barumsa hundumaa mucaan namaa sirriitti hubatee hubannoo argateen immoo gara WAAQAYYOOtti dhiyaatee Jaalala fi abdiidhaan akkasumas ajaja WAAQAYYOO fedhiisaa beekuudhaan isaaf bitamee, Amantaa'ee akka jiraatuuf kan isa taasisuudha

♦ Qayyabannaan KItaaba Qulqulluu kanaaf malee beekumsa qofaa argaachuu dhaaf ykn immoo dhugaadha ykn soba fudhadhuu? Ykn dhiisuu? jedhuudhaan kan qayyabatamu miti.

**MAALIIF QULQULLUU JEDHAME?**

1. kan argaamsiie WAAQAYYOO QULQULLUU waan ta'eef, S/lew19:2 S/ ba'u 20:11,20:28, Isa 34:16
2. Namoota gara Qulqullinaatti kan geessu waan ta'eef , Mat 5:48, Rom 10:17 1phex 1:15-16



Scanned by CamScanner

3. kan inni dubbatu waa'ee WAAQAYYOO fi waa'ee Qulqulloota WAAQAYYOO waan ta'eef
4. Afuura WAAQAYYOO tiin kan kaa'an Qulqullootaan kan barreeffame (kaa'ame) waan ta'eef S/ba'uu 17:14, S/K/D 31:24-27, 2phex 1:20,Mul/yoh 2:11 k.k f Qulqulluu jedhame.

## KITAABOLEE KAN BIROO IRRAA MAALTU ADDA ISA TAASISAA?

➢ <u>Umurii isaa</u>:- Kitaaba Qulqulluu fuuldura kitaabni barreeffame tokkollee hin jiru barreeffama jalqabaa ajaja WAAQAYYOOtiin kan barreesse dhaloota Addaamiirraa 7[ffaa] isa ta'e HEENOOKII dha.barri isaas DH.K.D 1486 hanga 1400

➢ Osoo mucaan namaa hin uumamin fuuldura waa'ee mucaa namootaa dhugaa ifa baasee waan dubbatuuf waa'ee waan Addunyaa kana keessa jiraatuuf gara fuulduraattis ammoo waan ta'uuf jiru dhugoomsee waan dubbatuuf S/Um 1:1,Far 49:50-2,Isay 7:14

➢ Namoota dubbisaniif, dhagaa'aniif, dhaggeeffataniif kan jajjabeessu,kan eebbisu ,kan fayyisu waan ta'eef. Akkasumas jechi barreeffama sana keeaatti argamu soorata ,ifa, gorsa ,daandii,**dhangaa**, qoricha, akkasumas diina keenya Diiyabiloosiin kan ittiin waraannu qara hin dachaaneedha waan ta'eef hundumaarra waan caaluuf adda far 118:103,Luq 4:4, 11:28, Yoh 12:48, Efe 6:17, H/erg 13:26, 2Xim 3:17,1Phex 2:3 Mu/Yoh 3:15-19



Scanned by CamScanner

- Barri kan hin jijjiirre waan ta'eef. Isay 40:8, Mat 24:33, 1Phex 1:25 k.kfniin kitaabolee kan biroo irraa adda ta'a.

**MAALIIF FAAYYADA?**

Kitaabni Qulqulluu wanta inni faayyaduuf mucaa namaa qajeelfama isaatiin gara jireenya bara baraa, gara fayyinaa kan ittiin ga'uu danda'uu, ifaa fi dukkaana kan ittiin adda baasu qajeelaa fi jal'aa, tolummaafi hammeenya kan ittin adda baafatu waan ta'eef ni faayada Fars 119:105, yoh 20:31, 2Ximo3:13-17

1. Addunyaa kanaaf ilmaan namootaaf burqaa Oogummaati.hojiiwwan adda addaa addunyaa kanarratti hojetamaa jiran FKN:-ijaarsa S/uma 1:14-16 abbaa qorichaa ta'uu/Dr./Akiimummaa/ M/kuf 10:7, Isa 38:21 Luq 10:29-37, Bulchiinsummaa, Abbaa seera/daanyumaa S.K.D 19:15 S. Ba'u 32:3, 1mot 3:17-23 Hojii Qonnaa S/uma 3:17-23,
Eegumsaa Far 73:1, 23:1, 91:12, 127:1 S/ ba'u 23:10 S/uma 41:25-36 Oogummaan hojii k.k.k.f hundi faayidaa Kitaaba Qulqulluu keessaa argaman waan ta'eef ni faayyada.

2. Aboon WAAQAYYOO fi fedhiin WAAQAYYOO maal akka ta'e kan irraa hubannuu waan ta'eef ni faayyada S/K/D 4:2, Mat 22:37 Yoh. 3:16
Aboo WAAQAYYOO, bittaan isaa fi eegumsaan isaa nuu sooruun isaa, amalli isaa fi jireenyi isaa maal akka fakkaatu beekuu fi amaanuuf nu fayyada Fars 134:6, Yoh 10-17-18 Fars 102:19, 1Ximo 6:15 M/yoh 17:14 Fars 146:8-9 Iyob 39:1-30, Mat 10:27



Scanned by CamScanner

## KITAABA QULQULLUU EENYUTU BARRESSE?

Abbaan kitaaba Qulqulluu argamsiise WAAQAYYOO dha.kan barreesse immoo Qulqulloota inni itti mul'iseedha. Isaaniis kan WAAQAYYOO barreessaa ittiin jedhe barreessan. S/ba'uu 17:14, 34:27.R/Erm 1:10 M/Yoh 1:11

Kitaaba Qulqulluu kan barreessan baayinni isaanii 40 ol kan ta'anii yammuu ta'u, isaanis hojii adda addaa kan qabaniidha.

FKN: - Amoots-hojii tikummaarraa R/Amots 1:1,

- Maatiwoos- Qaraxa fuudhurraa/sassaburraa/ W/Mat 9:9
- Pheexiroos fi Indiriyaas-Qurxummii qabuurraa W/Luqs 5:1-11
- Luqaas immoo Haakiimummaa irraa Qol 4:14 kan isaan barreessanis immoo yeroo adda addaa fi bakka adda addaatti

FKN: - 1. Maacafa Musee shananuu Gammoojjii siinaa keessatti

2. Maacafa Seenaa 12 nuu kutaa biyya Israa'el adda addaa keessatti
3. R/Hisqi'eel, Daani'eeli fi kan raajota xixiqqoo baayeen isaanii yeroo godaansaa Baabiloonitti
5. M/Yooditii fi Asteer biyyaa Faarisitti. 5). Erga.Q.Phex fi Phaawulos biyya Roomaatti.
6. Mu/ Yohaannis Odoola faximoo keessatti haa ta'uu iyyuu malee barreeffamni kan isa tokko kan warra kaanii wajjin akka wal –hin faalleessine godhamee barreefamuunsaa hojiin WAAQAYYOO ajaa'ibsiisaa ta'uu isaa agarsiisa.



Scanned by CamScanner

Yeroo sana yammuu barreeffamus qofuma qofaatti ture. Akka har'aa walitti hin guuramne mataa-durees boqonnaa fi lakkoofsas hin qabu ture kan inni irratti barreeffamaa turee Gogaa /BIRHAANNAA/ jedhamu akka qooddiroo maramu iraatti ture R/Isa 34:4, Luq 4:17 2Xim 4:13 R/Erm 36:2-10

## KITAABA QULQULLUU KEESSATTI MOGGAASA MAQAA KITAABOTAA

KItaabni Qulqulluun kuufama Kitaaboolee adda addaati. Kitaabooleen kunis maqaa adda addaa qabu.

1. Kitaaba maqaa isaa barreesseen waamamu-----M/ Iyasu, Heenok,Faarsa Daawit, k.k.f
2. Akkaata Qaabiyyee isaaniin kan waamaman -----M/ Muusee shananuu ,M/ Abboota firdii,M/seena Bara, M/Mootota ,M/ FKN, H/erg, M/ Aster kan barreesse mardaakiiyoosiidha.qaabiyyeen sun waa'ee asteer waan Haasa'uuf maqaasheen barreeffame.
3. Maqaa isaa barreessee fi qaabiyyee isaan kan barreeffame. M/ W.weedduu caalu kan soolomoon, R/ Isaayaa R/ Ermiyaas ..., W/ Mat, (wangeelota 4 nuu) W/ Luq, W/ Yoohanis.
4. Maqaa maagalootan kan moggaafaman ergaa Q/Phaawuloos Salganuu(9) Isaanis Rooma, 1ffaa fi 2$^{ffaa}$ Qoronxoos, Galaatiyaa, Eeffesson, Filiphiyoos, Qolaasiyaas1ffaa fi 2$^{ffaa}$ Tasaloonqee
5. Maqaa warraa itti ergameen kan barreeffamee----1$^{ffaa}$fi 2$^{ffaa}$ Ximotewoos, Tiitoo, Filimoonaa.
6. Maqaa lammiin kan moggaafamee. Ergaa Q/phaawuloos, Ibrootaaf erge.



Scanned by CamScanner

## LAKKOOFSA KITAABA QULQULLUU

Akka mana kiristiyaanaa Ortodoksii Taawidoo Itiyoophiyaatti kitaaba Qulqulluu inni sirrii lakkofsa 81 (Samaaniyaa Ahaaduu) kan jedhamuudha. Kunis kitaaba Fitaah Nigist jedhu buufata 2 irratti barreeffamee argama. Kitaabni kun walitti guuramee 81 akka inni ta'u kan murtaa'e maagala Eeshiyaa Walga'ii Abboota Amaantii Niqiyaatti baayinni isaanii 318 taa'aniin bara 325 keessa murtaa'e.

Murteen kun Q/ Ateenaatewoosiin bara 367tti Yaadannoo du'aa ka'uu GOOFTAA keenyaa Waggaa 39ffaa irratti ergaa baga geessanii dabarsan irratti Kitaabni sirriin 81 dha Jedhanii beeksisuu isaaniin biyyi keenya Itoophiyaan fudhatte

1. Kitaaba 81 kan jedhaman kunis kan Kakuu Moofaa 46 fi kan kakuu Haaraa immoo 35 niidha isaaniis:-



Scanned by CamScanner

1. Seera U'umamaa
2. Seera Ba''uu
3. Seera Leewwootaa
4. Seera Lakkoobsaa
5. Seera keessa Deebii
6. M/Iyaasuu
7. M/Abboota Firdii
8. M/Ruut
9. M/Saamu'eel 1ffaa fi 2ffaa
10. 1ffaa M/Moototaa fi 2ffaa M/Moototaa
11. 1ffaa M/Seenaa Baraa
12. 2ffaa M/Seenaa Baraa
13. M/Iziraa fi Nahimiyaa
14. M/Asteer
15. M/Iyoob
16. Faarsaa Daawwit
17. M/Fakkeenyaa
18. M/Lalabaa
19. M/Weeduu Weeduu Caalu
20. R/Isaayas
21. R/Ermiyaas
22. R/Isqeel
23. R/Daanieel
24. R/Hoseey
25. R/Amoos
26. R/Miikiyaas
27. R/Iyoo'el
28. R/Abidiyu
29. R/Yoonas
30. R/Naahom
31. R/Imbaaqom
32. R/Soofaniyaas'
33. R/Aagee
34. R/Zaakariyaas
35. R/Milkiyaas
36. M/Kufaalee
37. M/Heenok
38. M/Xoobit
39. M/Yoodit
40. 1ffaa M/Maqaabiyaan
41. 2ffaa fi 3ffaa M/Maqaabiyaan
42. M/Tagitsaats
43. M/Xibaab
44. M/Isiraak
45. M/Iziraa suutu'el
46. 4ffaa M/Maqaabiyaa



Scanned by CamScanner

**Isaan kun hundi isaanii kitaaba kakuu moofaa 46 nuu yammuu ta'an**

**kan kakuu Haaraa 35 nuu immoo akka armaan gadiitti ilaalla isaan**

1. Wangeeloota arfanuu (4)
2. H/ Ergaamota
3. Ergaa Pheexiroos 2nuu
4. Erga Phaalulos Qulqulluu 14 nuu
5. Ergaa Yohaanis3nuu
6. Mul'ata Yohannis
7. Ergaa Yaa'iqob
8. Ergaa Yihuda
9. Kitaaba Sir'aataTsiyoon Sinoodoosii
10. Kitaaba Tizaazi(ajaja) Sinoodoosii
11. Gitsaawwwee Sinoodoosii
12. kitaaba Didisqiliyaa dha
13. 1[ffaa] fi 2[ffaa] M/ Kidan
14. maacafa Qelemeenxoos
15. Habaxilisii Sinoodo

Lakkoofsa 1-15 tti kan tarreeffaman ida'amni isanii 35 ta'u. waalii galli kitaaba qulqulluu inni guutuun kan kakuu moofaa 46 kan kakuu haraa immoo 35 ida'amni isaa 81 jechuu dha.

Kitaaba Bara 1980 afaan Amaariffaan 81 (samaaniyaa Ahaaduu) jedhamee Maxxanfaman keessaa qofaattii kan barreeffaaman ni jiru haa ta'u iyyuu malee qofaatti immoo hin lakkaa'aman isaniis:-

1. Kitaaba Tsalota Minaasee
2. Kitaaba Soosinaa
3. Kitaaba Baarok



Scanned by CamScanner

4. Faaruu Ijjoole Sadani
5. Kitaaba Tarrafa Daani'eel
6. " " Ermiyaasiif
7. Faaruu Ermiyaasiiti.

**Isaan kun hundi isaanii kan isaan wajjin lakkaa'aman:-**

1. Kitaaba Tsaalota minaasee M/ Seena bara 2^ffaa^ wajjin lakkaa'ama.
2. Faaruu IjjooleeSadanii kitaaba soosinaa fi kan Tarafa Daani'eel kitaaba R/Daani'eel duukaa lakkaa'ama
3. M/ Baarok, Tarafaa Ermiyaas fi Faaruu Ermiyaas isaan kun immoo kitaaba R/ Ermiyaas duukaa lakkaa'amu.

***Kanaafuu kitaaba Qulqulluun bara 1980 maxxanfamee saddeetamii tokkoo (81) jedhamu guutuu miti. 73 isa kan warra Roomaati jechuu dha***. Maddi isaa 1^ffaa^ maacafa Qiddus Xinaat fuula 38-39 irratti argama.

***Kitaaba kakuu Moofaa keessaa 35n jiran irratti Ida'amanii kan lakkaa'aman baayyinni isaanii 11 dha. Isaanis***

1. M/ Kufaalee
2. 2^ffaa^ fi 3^ffaa^ M/ Maqaabiyaan
3. M/ Xoobit
4. M/ Siraak
5. M/ Heenook
6. M/ Tagisaatsi
7. M/ Izraa 2 nuu
8. M/ Iyoodit
9. 1ffaa M/ Maqaabiyaan
10. M/ Xibab
11. 4 nuu M/ Maqaabiyaan

Kan jedhaman yammuu ta'u,

1. siriyaata tsiyoon sinoodoos
2. Gitsaawwee Sinoodoos
3. 1^ffaa^ M/ kidaan
4. M/ Qalemenxoos
5. Tizaaza Sinoodoos
6. Abexilis Sinoodos
7. 2ffaa M/ Kidaan
8. M/ Didisqiliyaa kan jedhaman dha



Scanned by CamScanner

**Kitaabni Kakuu Haaraa keessaa hafan saddeetanuu kun bakka 3 tti qoodamu.**

1) Kitaabni M/sinoodos Arfanuu fi Kitaabni Didisqiliyaa kan qopheessan barattoota Gooftaa Iyeesus Kirisrtoosiiti. Kan isaan qopheessanis Immoo Sinoodoosii dhaan (walga'ii Afuuraa Abbootti Amantii waliin ta'uudhaan waa'ee seera mana kiristaanaa adda addaa kan isaan barreessan kan ibsuu dha. Waa'een seera kanaa har'a kitaaba Fitaahaa Nagast keessatti kan argamanii dha.

2) Macaafa Kidaan kan jedhu lamaanuu kan qopheesse, Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoosii dha. Erga du'a mo'ee ka'ee booda guyyaa 40 lafa irra turuudhaan bartoota isaa barsiisuudhaan. H/Erg 1:3, Kitaabni kunis kadhannaa yeroo hundumaa ganama ganama mana qulqullummaa keessatti kan kadhatamu kan qabateedha. Akkasumas wa'ee deebii gooftaa kan nama barsiisuu dha.

3) Macaafa Qilemenxoos, Qilemenxoos kan jedhamu kun gargartoota bartootaa 72n kan jedhaman keessaa isa tokkoo dha. Namni kun dukka bu'aa qulqulluu Phexroos kan turee dha. Erga Phexiroos boqotee boodas, Abbaa Amantii biyya Roomaa ta'uu dhaan geggessaa kan ture dha. Kitaaba qulqulluu keessattis maqaan isaa Fil.4:3 irratti barreeffamee jira.

Kitaabooleen kun 8 nuu waa'ee seera fi heera mana kiristaanaa Fknf Waa'ee seera gaa'elaa, Waa'ee seera cuuphaa, waa'ee seera laguu, waa'ee seera muudama Lubbootaa, waa'ee seera qurbaanaa k,k,f waa hedduu of keessatti qabatee kan jiruu dha. Isaan kun barreeffama kakuu haaraa dukkaa kan lakka'amanii dha. Haa ta'u iyyuu, malee hanga har'aatti barreeffamichatti maxxanee barra'ee hin jiru.



Scanned by CamScanner

***Maddi barreefamni kun irraa qophaa'ee kitaaba Waaqayyo Uumata isaatti karaa kitaaba qulqulluu ni dubbata kan jedhu, Fuula 58-59 irratti argama.***

**LAKKOOFSOTA KITAABA QULQULLUU BAAY'EEN ADDUNYAA IRRA JIRANII**

1. Warri Laatiinii fi warri Roomaa lakk. kitaaba Qulqulluu isaan fudhaatan 73dha

2. Warri Giriikootaa 76(77) fudhatu.

3. Warri Pirootestaantii immoo 66 fudhatu.

4. Warri bara dhumaa kana jala kaa'an immoo kakuu haarraa qofa jedhu. Isaan iyyuu immoo hiikoo isaa dalga micciiruu dhaan. Haa ta'u iyyuu malee kitaaba inni sirriin lakk. Isaa 81 kan ta'eedha.

***1. Biyyooti 81 hin fudhanne sababa isaan dhiyeessan:-***

1. Warri yihudootaa hin fudhanne, ilaalchas itti hin kennine namootni jedhan jiru garuu kun dogoggora. Sababni isaa dhaloota GOOFTAA keenya Iyyessuus Kiristoos fuuldura bara 284 bara mooticha Baaxilimoos beektootni 70 biyya Iskendiriyaatti kitaaba qulqulluu kakuu Moofaa yammuu Afaan Ibrootaarraa gara Giriikiitti (Tsiriihitti) jijjiiran kitaaba 46 nuu sun ragaa dha sababa $2^{ffaa}$ isaan dhiyeessan immoo kitaaba kakuu haaraa keessatti waa'een kitaabota kanaa hin caqasamne jechuu dhaan. Haa ta'u malee garuu jechi kun dogoggora. Maacafni tokko fudhatama argachuu kan inni danda'u kakuu haaraa keessaa yoo barreeffame qofa jechuudhaan yaaduun yoo batee hin fudhadhu jechuun dogoggora sababni isaa kitaabuma 66 keessatti barreeffamanii kakuu haaraa keessatti immoo kan hin barreeffamne baay'een jiru waan ta'eef. **FKNF** M/ Asteer, M/ Lallabaa, M/ Ruut, M/ Abboota Firdii, M/ Seenaa baraa, M/W/W/ caalu. Jechi isaan barreessan kakuu haaraa keessatti raawwatee barrefamee hin jiru.



Scanned by CamScanner

**KITAABA 81 KEESSATTI BARREEFFAMANII KITAABA KAKUU HAARAA KEESSAS KAN JIRAN JIRU.**

Kitaaba 81 keessatti jechoota tokko tokko kan barreeffamanii jiran kakuu haaraa keessattis barreeffamanii kan jiran akka armaan gadiitti ilaalla.

M/ Xoobit 4-9 Mat.6-19= waa'ee faayidaa Mitsiwaatii kennuu dubbata.

M/Xoobit 7:4-16, Mat.7-12= ofii keetii kan hin jaallanne namaaf hin jaallatin jedha.

M/ Yoodit 8-12, Mat4-7 WAAQA uumaa kee hin Qorin jedha.

M/ Maqaabiyaan 1ffaa 4-59 Yohannis 10-22 Waa'ee Ayyaana Mana Qulqullummaa haaressuu dubbata.

2ffaa M/ Maqaabiyaan 14-7, Mat 22 :23-33 waa'ee du'aa ka'umsaa dubbata

" " " 17-1-6 1Qor.15:35-42 Tsaadiqoota dubbaata

M/ Xibab 21-9 1Qox.15-32= waa'ee Warri Gowwootii boroo ni duunaatii kottaa har'a ni nyaannaa ni dhugnaa warra jedhan.

M/ Xibab 16-22, Mat 4-4 = Namni bidden qofaan akka hin jiraanne dubbata.

M/Heenook 1-9 Yihuuda 1:14 fi 15= Akka WAAQAYYOO Qulqullootaa wajjin dhufuu cubbamootaatti murteessu dubbata.

M/Siraak 28-4, Mar 11-25, Luq 6-37- WAAQAYYOO cubbuu kee akka siif dhiisuuf atis Hiriyaa keef dhiisi jedha.

Tarafa Ermi.9-3, Mat 27-9=Waa'ee Qarshii 30 yiduudaadhaaf kenname dubbata.

M/ Siraak 11:18-19, Luq 12:19-20=Waa'ee warra gowwootaa qabeenyaa lafarraa abdatanii dubbata.



Scanned by CamScanner

**KITAABA 81'n HUUBANNAA GUDDAA KAN NAMAAF KENNUUDHA.**

Kitaaba 66 keessatti wantootni gabaabbatanii barreeffamanii gaaffii namatti ta'an wantootni baay'een ni jiru. Deebii isaan kanaa kitaaba 81 keessatti argama akka armaan gadiitti ilaalla.

**1.** S/ um 3:14 irratti namootni fi bineensootni yeroo sana qooqa tokkoon akka isaan haasa'aa turan dubbata **Hewaanii** fi **Bofa** irraa hubachuun ni danda'ama haa ta'uu malee maaliif dhorkame? Essaattis argama? **DEEBII** M/ kufaalee 5:8-17 duraan erga bofni haxxummaadhaan Heewaaniin dogoggersitee gargar akka ba'e dubbata.

2. S/ Uma 4-3= kaasee Qaayili fi Abeel akka aarsaa dhiyeessan dubbata. Eenyurraa baratan? Maaliifis dhiyeessan? DEEBII kan ajaje abbaa isaanii Addaam sababni isaa immoo waa'ee fuudhaaf Heerumaaf ture.M/kufaalee 5-19.

3. S/ Um 4-19= irraatti Qaayil akka fuudhe dubbata. Essaa fudhee? Eenyu maqaan ishee? DEEBII Kufalee 5:8-15 isuma wajjin lakkuu kan dhalatte obboleettii isaa **Hawwaa** kan jedhamtu ajaja abbaasaatii fi kan **WAAQAYYOO** cabsee fuudhe.

4. S/ Um 6:1-4= irratti ijoolleen WAAQAYYOO ijooilee namootaa fuudhuudhaan cubbuu hojjetanii WAAQAYYOOn aarsanii jedha, ijoollee WAAQAYYOO warri jedhaman eenyu fa'i? Ijoollee namootaawoo? DEEBIIN kana M/Heenook 9:16-23= Ijoollee WAAQAYYOO warri jedhaman sanyii **Seet** ta'anii warra gaara Qulqullaa'arra jiraataniidha. Ijoollee namootaa warrii jedhaman immoo sanyi **Qaayil** warra abaaramoodha.

5. W/Yohaannis12-13, 2Mot 9-13 gaafa Hosaayinaa xiqqaa dhaa fi guddaan damee Meexxii qabatanii wayyaas ofirraa fuudhanii lafa hafanii akka isaan GOOFTAA keenyaa galateeffatan caafamee jira.sirna kana eessaa fudhan? DEEBII M/ Kufaalee,3-21, M/Yoodit 15-12, Israa'eelotni waan guddaa isaan gammachisu tokko gaafa argatan damee Meexxii qabatanii galateeffachuun amala waan tureef abbaan keenya Abrihaam mucaa abdaachiifamee ture



Scanned by CamScanner

Yisiyaaqiin gaafa argate damee Meexxii qabatee WAAQAYYOOn galateeffateera. Israa'elotni warri nabsee (Lubbuu) fayisuu keenyaaf isa nu abdaachiifame GOOFTAA keenya Iyyesuus Kiristoosiin gaafa argan kanaaf akkaataa kanaan galateeffatan. Mootittiin **Yoodit** diina ijoolee WAAQAYYOO kan ta'e ***Hoolifoornisiin*** mormaasa irraa kuttee gaafa isheen galtu WAAQA waadaa abbootaa yaadatee isaan gargaare damee meexxii qabatanii galateeffataniiru. Boodas wayyaa adii uffatanii damee meexxiis qabachuudhaan fuula teessoo Hoolichaa dura dhaabbachuun fayisuun kan Waaqa keenyaati akka jennu caafamee jira. M/Yohaannis 7-9 kanaaf damee meexxii qabatanii Gooftaa keenya simataan.

6. M/Moototaa fi M/Seenaa baraa keessatti mootichi minaasee badii balleesseef adabamee gaabbee akka kadhate immoo caafamee jira. 2mot, 21:17-18, 2[ffaa] seenaa bara 33:18-19 eessattis caafamee jiraa? Maal jedhees kadhatee? DEEBII kadhannaan isaa kitaaba 81 keessaa kadhannaa Tsaloota Minaasee jedhamuun caafamee jira.

7. R/Erm.39:15-18 Namni biyya Itoophiyaa **Habemelek** namni jedhamu raajii inni dubbate maal kan jedhamuudhaa? Essaattis argama? DEEBII Tarafa Ermiyaas 8:8-9 Habemelek badiisa Iyyeerussaalem akka hin argineef Karaa raajicha Ermiyaas badisi guddaan Iyyerusaalemitti dhufu akka inni ijaan hin agarre haa ta'u iyyuu malee WAAQAYYOO sin oolcha akka ittiin jedhe anatti waan amanteefis hin duutu jechuudhaan akka raajii dubbaatame ta'ee akkuma jedhame WAAQAYYOO raajii hojjetee waggaa 66 akka sa'aatii 6 tti isaa raaffisee kan oolche ta'uu isaa kan dubbatuu dha.

Gara kakuu haaraatti yammuu dhufnu immoo kitaabolee jiran 35 nanuu keessaa warra 8 hin fudhannu mormitoonni yammuu jedhan ni dhagaa'ma. Haa ta'uu iyyuu malee kitaaboleen kun immoo kakuu haaraa keessaatti wantoota ibsa bal'aa hin qabne bal'isanii kan nu barsiisanii fi barumsaa GOOFTAA keenya barsiise kan hin barreeffamiin hafan kan nama hubachiisaaniidha. Yohannis 20-30, Yoh, 21-25 kan biraan hafee,



Scanned by CamScanner

waa'eemaa GOOFTAA keenya Iyyesuus kiristoos ilaalchisee wantootni gaaffii namatti ta'an waa baay'een jiru.

FKN

1. Waggaa 1-30 tti eessa ture? Maal hojjecha turee? Kun caafamee hin jiru kitaaba 66 keessatti yoo jiraate immoo kan waggaa 12ffaa isaatu jira. Luq2:41-52
2. Mat-2-13 = irratti Gibitsiitti godaanuusaatu barreeffamee jira.maalin deeman? Ji'a meeqa deeman? Karaarratti maaltu isaan mudate?
3. Mat.2:1-12= irratti warri sabaasagal Warqee, Qunbii fi Ixaana harka fuudhii fiduu isaaniitu barreeffamee jira. Eessaa dhufan? **Warqee, Qumbii, Ixaana** Sana eessaa fidan? Waggaa meeqa deemaniis achi ga'an? Urjiin isaan geggeessaa ture suniis maali?
4. Luq 2:1 waa'ee dhalachuu GOOFTAA Iyyesuus kiristoos dubbata guyyaa maalii? Ji'a maaliirra dhalatee?
5. H/Erg 1:3= irratti Gooftaan Iyyessus Kiristoos erga du'a mo'ee ka'ee guyyaa 40f bartoota isaatti mul'atee waa'ee mootummaa WAAQAYYOO isaan barsiisaa ture jira eessa ture? Waan inni barsiisaa ture har'a eessa jira?
6. Q/ Phaawuloos ergasaa warra Qoronxoosiif erge 1ffaa 11:34 irraatti waa'ee Qurbaanaa erga barsiisee booda isa hafe immoo gara keessan yammuun dhufu isiniif seerradha seerasaa isiniif tuma jedhe. Seerri gaafa sanaa maal kan jedhuudhaa? Eessa jiras? Egaa walumaa galatti kanneen k.k.f DEEBIIN isaanii kan argamu kitaaba Abbooti keenya barattootaaf <u>**Tiwuufiitii**</u> /Afoola/irraa argamu danda'a.

Hin barreeffamne waan ta'eef hin fudhanu jechuun immoo dogoggora isa hamaa waalumaatti nama hambisu ta'uu isaarra iyyuu hojii WAAQAYYOO



Scanned by CamScanner

isa ajaa'ibsiisa xumura hin qabne daangeessuu jedhama nuti garuu abbootii keenya irraa kan baranne waan gaarii isa ta'e jedhaanis haa ta'u barreeffaman kan nu ga'e nu faayzada waan ta'ef ni fudhanna.2Tas2:14-15, 2Ximo 3:16

## KITAABA QULQULLUUN QOOQARRAA GARA QOOQAATTI YEMMUU JIJJIIRAMU

Kitaaba Qulqulluun kan barreeffame waggaa ***1400*** tii hamma Bara ***400***tti ture. Namoota ***40***n Kan barreeffames yammuu ta'u namoonni ***32*** kakuu moofaa, namoonni ***8*** immoo kakuu haaraa kan barreessaniidha. **Jalqabaaf** qooqa isaan ittiin barreessan qooqa warra Ibrootaa Ibraayisxiidhaan ture. Inni **2**ffaa immoo dhaloota Kiristoos fuuldura Bara ***285*** tti Magaalaa **Iskindiriyaa** keessatti ajaja mooticha Baxilimoosiin ogeessota mana Kiristiyaana ***70***'n qooqa warra Girikii Tsirihiitti jijjirame.**3**ffaan bara ***420*** keessa immoo ajaja paappaasiin Deemaasiin Jaaromiin Allaayyaa (holqa) Beeteliyeem keessatti qooqa warra Laatiinnitti jijjiran. Qooqa warra laatiin jechuun qooqa warra Roomaa jechuudha. Qooqi kun **Boolgeet** jedhamees beekama ergasii qooqa warra Gibitsiitti kopitiitti jijjirameera. Itti aansuudhaan jaarraa ***400***ffaa keessa karaa Minilik isa jalqabaa biyya Iyyeruusaalemiitii Ogeessa mana Kiristiyaana dhufaniin kitaabi kakuu moofa qooqa Gi'iiziitti jijjiirame. Itti aansuudhaan kitaabi kakuu haaraa immoo Abbaa **salaamaa Kaasaatee Birhaaniin** qooqa warra Girikii irraan afaan Gi'iiziitti hiikame. DH.K.B bara ***480*** jaarraa 5ffaa keessa Qulqulloota salganuun guutummaan kitaaba qulqulluu qooqa Gi'iiziitti hiikame.

Bara ***1525*** A.L Awurooppaatti **Tendeyel** nama jedhamuun afaan Ingiliffaatti hiikame.bara ***1534A.L.A*** tti immoo Lootar Nama jedhamuun afaan Jarmaninyaatti jijjirame.



Scanned by CamScanner

## KITAABA QULQULLUU AKKA BIYYA ITOOPHIYAATTI

Biyyi keenya Itoophiyaan kitaaba qulqulluu kakuu moofaa fi haaraa wal-qixatti fudhachuutti biyyoota addunyaa keessaa adda kan taateedha. Saboota WAAQAYYOO jedhamanii kan waamaman Israa'elota kan ishee wal-qixxeessu amaantii hojii isaa, sodaa WAAQAYYOO isa dhugaa qabattee kan jirtuudha.Waa'een Itoophiyaa maacafa Qulqulluu keessatti si'a 51 barreeffamee jira. Ragaa isaa akka armaan gadiitti ilaalla.

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. S/ Uum 2-13 | 8. $2^{ffaa}$S/bara 14-13 | 15. Asteer 1-1 | 22. Isa 20-5 |
| 2. S/Lakk 12-1 | 9. " " 14-14 | 16. " 3-12 | 23. " 37-9 |
| 4. " 12-2 | 10. " " 21-16 | 17. " 8-9 | 24. " 43-3 |
| 5.2S/bara 12-4 | 11. Faarsa 68-31 | 18. R/ Isa 11-11 | 25 " 45-14 |
| 6. " " 16-8 | 12. "' 71-9 | 19. Isa 18-1 | 26. R/ erm 13-23 |
| 7. " 14-9 | 13 " 73-14 | 20." 20-3 | 27. " 38-7 |
| 8. "'14-12 | 14 " 87-4 | 21. " 21-4 | 28. " 38-10 |
| 29. R/ Erm 38-12 | 37. Sofanyaa 2-9 | 45. H/ Erg 8-27 | |
| 30. " 46-9 | 38. " 3-10 | 46. " 8-27 | |
| 31. R/ Hisq 29-10 | 39. R/ Naahom 3-9 | 47.M/ Yodit 1-10 | |
| 32. " 30-4 | 40. R/ Anb 3-7 | 48. Tarafa Erm.8-8 | |
| 33. " 30-5 | 41.M/ Iyob 28-38 | 49. 1Maqabiyan 25-9 | |
| 34. " 30-9 | 42.2Moto 19-9 | 50. " 28-38s | |
| 35. R/Daan 11-43 | 43. Mat. 12-42 | 51. " 34-9 | |
| 36. Amos 9-7 | 44.Luq 1-11 | | |

***Madda kitaaba Baahitaawwii G/Masqal Bara 1990 maxxanfame.***



Scanned by CamScanner

Dabalatas biyyi keenya Itoophiyaan WAAQAYYOOTTI amanuu akka biyyoota Israa'elitti kan jalqabde DH.K.D waggaa 1000 eegalteeti.

Akkaataa seera Waaqeffannaa kakuu moofaas biyyoota Israa'el irraa fudhattee itti fayyadamaa turteetti. Ragaan yeroo sanaa akka seenaatti har'a biyyaa keenya keessa kaa'amee jira. FKN Iddoon aarsaa kakuu moofaa itti godhamaa ture Aksuumii, Xaana Qiirqoos, Walloo keessaa Marxuu La Maariyaam, shawwaa keessaa Tadibaaba Maariyaam, Arbaa Mincii keessaatii Birbir Maariyaam akka fakkenyaatti kaa'amanii jiru. Kunis, kan ta'uu danda'ee karaa Moototiii biyya Itoophiyaa Nigisti Saabaa kan jedhamtu DH.K.D bara *4518* karaa mucaashee isaa Solomoon irraa godhattee karaa Minilik ajaja Solomon kanneen Lubbootni 318 kitaabolee adda addaa fi Tsillaatii WAAQAYYOO Museetti kenne fidanii dhufuudhaan Amaantiin biyya keenya keessatti akka babal'atuuf sababa ta'e. waa'ee Mootitti Saabaa kanas macaafa qulqulluu keessatti kan barreeffame jira. 1[ffaa] Mot, 10:1-, Mat, 12:42-

1. Armaan olitti akkuma ilaallee turre, kitaaba Qulqulluun inni jalqabaa Gi'iiziitti akka jijjiiramuuf sababa kan ta'e kana irraa ka'eeti.

2. Bara 1808-1818tti dhalataa biyya Itiyoophiyaa Lammii Nama GONDOR kan ta'e Abbaa Abraaham (abbaa Roomee) nama jedhamuun guutummaan kitaaba qulqulluu afaan amaariffaatti hiikame. Bara 1824 waldaa maacafa qulqulluun wangeelli arfanuu afaan amaariffaan maaxxanfame.

Bara 1829 immoo kakuu haaraa guutummaan isaa afaan amaariffaan maaxxanfame. Bara 1840 kitaabni Qulqulluun guutummaan isaa afaan amaariffaan maaxxanfame. Bara 1914 meeshaan barreeffamaa biyyaa Itiyoophiyaa keessaa galuudhaan barreeffamni kan biroon yoo jalqabame illee kitaaba qulqulluun afaan amaariffaan mana barreeffamaa "BIRHAANAA SALAAM" jedhamuun bara 1947 maaxxafame.



Scanned by CamScanner

3. Bara **1898 A.L.A** dhalataa biyya Ilu Abbaa Booraa kan ta'e Abba Gammachis (Onesiimoos Nasiib) nama jedhamuun afaan oromiffaatti biyyaa Ingiliiz taa'e hike.

4. Bara 1948 Abba Tawalde Madihiin gabruu nama jedhamuun afaan Tigiriffaattii immoo hiikame. Egaa Walumaa galatti akka biyya keenya Itoophiyaatti kitaaba Qulqulluun qooqa 20 olitti hiikameera.

Kitaabni Qulqqulluu amaariffaa isa jalqabaa irraa gara amaariffaa isa salphaatti kan jijjiirame 1954 yemmuu ta'u yaada Uummataa Saanduqa yaadaa keessa argameen bara 1947 Amaariffaa sana irraa fooyya'uun akka maaxxanfamuuf jalqabamee 1974 kakuu haaraan barreeffame . Bara 1980 immoo guutummaan isaa barreeffame.

Bara 1972tti immoo qubee saabaadhaan afaan Oromoo isaa salphaatti Waldaa Maacafa Qulqulluutiin maaxxanfame. Si'a 2ffaa 1982 maaxxanfame.

Qubee Laatiinii afaan Oromoo dhaan immoo 1997 maaxxanfame. Egaa walumaagalatti kitaaba qulqulluun afaan irraa gara afaaniitti yammuu jijjiiramu dogoggorri baay'een uumamaniiru. Uumamaas jiru. Isaanis akka armaan gadiitti iaalla.

## KITAABA QULQULLUUN QOOQA IRRAA GARA QOOQAATTI YEMMUU HIIKAMAN DOGOGGORA UUMAMAN

**Kakuu Moofaa Keessaa:-**

1. S/ Uma 18:1 irratti Waa'ee SILLAASEE dhaa kan barreeffame ergamoota sadan jechuun jijjiirameera.

2. Fars 8:5 ofii kee Ergamootaa gadii goote isa jedhu ergamaa kan jedhu keessaa balleesaniiru.

3. Fars 71(72):- irrattii Itoophiyaa kan jedhu keessaa balleessaniiru.



Scanned by CamScanner

4. Fars.73 (74):- irratti Dhimma Ayyaana Ilaalchisee isa barreeffamee ture keessaa balleessaniiru.

5. Fars.75 (76):- akkasuma.

6. Fars.82 (83):- irratti jecha Barsiisaan seeraa Eebba fidee dhufa isa jedhuu keessaa haqaniru.

7. Fars.137:2:- ergamoota kee fuulduratti sin faarffadha kan jedhu keessa balleessaniru. Afaan Oromoo qubee saabaa barreeffamee irratti immoo Waaqolii fuulduratti jedhanii jijjiiraniiru.

8. Fars.108(109)24 :- Irratti Jilbi koo Tsoomuu koo irraa kan ka'e na dadhabe naamummaan koos Foonii fi Dhadhaa Dhabuu koo irraa kan ka'e na huqqate kan jedhu foonii fi dhadhaa isa jedhu keessaa haqaniiru.

9. Fars. 112:6. Seenaan nama Tolaa Bara baraan jiraata kan jedhu namni gaarii hin kufu jedhutti Jijjiraniiru.

10. Fars. 116:16:- irratti Duuti Nama Tolaa dhaa fuula WAAQAYYOO fuulduratti ulfina-qabeessaa kan jedhu jijjiraniiru.

11. Fars.68:35 WAAQAYYOO karaa Qulqullootasaatii Ajaa'ibsiisaadha kan jedhu cirumasaa keessaa balleessaniru.

12. M/FKN 10:7 Yaaddannoon nama Tolaa eebbaaf kan jedhuu namni tolaan eebbaa argata jrechuun jijjiraniiru.

13. R/Zak.1:12 irratti Q/Mikaa'el WAAQAYYOON saba Israa'elitti Waggaa 70 aarteetta hamma yoomiitti garaa itti jabatta dhiifama maaf hin gootuuf isa jedhu waggaa 70 itti aarteettaa si'achi immoo meeqatu hafaa jedhe jechuudhaan jijjiiraniiru.

14. R/ Yoonaas 3 Naanawween guyyaa sadii keessatti ni gubatti kan jedhu guyyaa 40 gidduutti ni gubatti jedhuun jijjiranu.



Scanned by CamScanner

15. R/Dan.10:3:- irratti foonis ta'ee dhadhaa hin nyaanne kan jedhu keessaa dhadhaa balleessaniiru.

16. Fars.119:1:- irratti mataa duree isaa irratti ***Aleef, beet, gaameel*** qubee jalqabaa warra ta'an 22 nuu akka jirutti keessaa balleessaniiru.

## KAKUU HAARAA KEESSATTI IMMOO

Kakuu moofaa keessatti kitaba qulqulluun qooqa irraa gara qooqaatti yammuu hiikamu dogoggorri hedduun keessa akka jiru kakuu haaraa keessas jira. Akka armaan gadiitti ilaalla.

1. Mat.10:32 irratti ergamoota abbaa koo fuulduratti dhugaan ba'aaf nama dhugaa anaaf ba'uuf jedhu jecha ergamaa jedhu kessaa balleessaniiru.
2. Mat.10:41-42 irratti maqaa bartuu kootiin namni bishaan qabbana'aa ulle tokko buusee namaaf kennu gatii bartuu sanaa argata isa jedhu bartuu koo kan simaate jedhuutti jijjiiraniiru.
3. Mat.12:42:- Mootittiin saabaan guyyaa isa dhumaatti kaatee isinitti murteesiti sababni isaas isheen ogummaa solomoon dhageessee daarii biyya lafaarraa kaatee dhaqxeetti kan jedhu. Maqaashee (saabaa) jijjiiranii balleessanii mootitti biyya dhihaa jedhanii jijjiraniiru.
4. Mat. 28:19:- irratti gara daarii biyya lafaa hundumaa deemaa hormoota maqaa Abbaa, maqaa Ilmaa, maqaa Afuura Qulqulluun cuuphaa, barsiisaa bartuu koo godhaa kan jedhu. Barsiisaa cuuphaa jedhanii jijjiraaniiru.
5. Mat.5:6:- irratti tolummaaf jedhanii warri tsooman, warri dheebotan haa gammadan quufuu dhaaf jiru isa jedhu tolummaan warri beelaa'anii dheebotan jedhuutti jijjiraniiru.
6. Mat 24:19:- irratti warra Hoosisaaniif warra Ulfaa'aniif wayyoo isa jedhu akka saayinsiitti ilaaluudhaan dubartii ulfaa'aniif hoosisaniif wayyoo jedhanii jijjiiraniiru.
7. H/erg 20:28:- isin Hafuura qulqulluun kan isin muude phaaphasoonni mana WAAQAYYOO dhigaasatiin haaressee fi hoolotasaa akka eegdaniif muudamtaniittu isa jedhu phaaphaasii kan jedhu haqaniiru.



Scanned by CamScanner

8. 1Xim 3:1 dura bu'aa mana kiristiyaanaa Ephisqophosii kan jedhu balleessaniiru.
9. Tito1:5 dura bu'aa mana kiristaanaa lubni tokko kan maqaa gaarii qabuu fi kan haadha manaa tokko qabu ta'uu qaba kan jedhu Jaarsolii Waldaa jedhuutti jijjiiraniiru.
10. Tito 1:7-Ephisqophosiin hojiin WAAQAYYOO Imaanaa kan itti kenname waan ta'eef kan hin boonne, kan hin bambannee ta'uu qaba kan jedhu Jaarsoliin waldaa jedhanii jijjiiraniiru.
11. W/ Yoh 2-5-irratti anaaf ati maal walitti qabnaa? Amariffaan immoo (ka'anchii gaar min allenyi?) Kan jedhu "haadhoo hojii koo keessa maaltu si galche? Jedhanii jijjiiraniiru.
12. Roome 8-34:- irratti Iyyesuus kiristoos waa'ee keenyaaf du'ee du'aa keessas ka'ee mirgaa abbaasaa taa'ee waa'ee keenyaaf ni murteessa (ይፋርዲል) kan jedhu hiikoo jalqabaa irratti garaa laafa (ይራራል) jedhutti jijjiiran hiikoo lammaaffaa irratti immoo dhiifama laachisiisa (ያስምራል) jedhuutti jijjiiran. Hiikoo sadaaffaa irrattii immoo nuuf kadhaata (ያማልዳል) jedhanii jijjiraniiru.
13. 2Qor 6:5- irratti nuti Hojettoota WAAQAYYOO ta'uu keenyaa kan ittiin ibsinu reebamuu dhaan, hidhamuudhaan, hojiitti dadhabuudhaan, hirriba dhabuudhaan, Tsoomuudhaan kan jedhu kessaatii "TSOOMII" isa jedhu beela'uudhaan jechuutti jijjiiraniiru.
14. Qor 6:16- Kiristoosiif Diyaabiloos walii galtee maalii qaburee? Inni amanee fi inni hin amannees attamittiin waliigaluu danda'uree? TAABOTA WAAQAYYOO fi waaqni tolfamaan tokkummaa maalii qaburee? Kan jedhu keessaa Taabota Kan jedhu keessaa balleesaniiru.
15. Qor.5:18-20 IYYESUUS kiristoos ofiisaatiin ofiisaatti nuu araarse. Ayyaana WAAQAYYOOtti Nama araarsuus nuuf kenne.egaa nutis maqaa kiristoosiin araarsitoota taanee WAAQAYYOOtti araaramaa isiniin jenna isa jedhu jechasaa jijjiiranii nuti ***Ambaasaadaarii*** dha jedhanii jijjiiraniru.
16. Ibro.9:5 Q/phaawuloos waa'ee tajaajila hafuuraa isa samiirrraa fi isa lafaarraa waliin madaalchisee keessumatti immoo waa'ee sirna mana Qulqulluummaa keessatti godhamuu tokko tokkoon ibsuu jalqabee

hundumaasaa himee xumuruudhaaf ykn isinii barreessuudhaaf amma yeroo hin qabu kan jedhu jijjiiranii amma hin barbaachisuu yeroo isaa miti jedhaniiru.

17. 1ffaa Erg/Yoh 2:20-(27) hundumti keessan dibata qulqulluu sanaan dibamtaniittu Amariffaan (Ba Qidusuu Qibaat Taqabtachu'al) Kan jedhu jijjiiranii Hafuura qulqulluun dibamtaniittu jedhuutti jijjiraniiru.
18. Yaqi'ob 5:14:- isin keessaa namni dhukubsatu yoo jiraate luboota waldaa kiristaana mana isaatti haa waamsifatu isaan immoo maqaa Gooftaatiin dibata dibaniif haa kadhataniif kan jedhu Jaarsolii Waldaa Kiristaanaa haa waamsifatu jedhuutti jijjiiraniiru.
19. Egaa walumaagalatti kitaabi inni dhugaa fi inni sirriin isa jalqabaa barreeffame akka ta'e nama hin mamsiisu. Waan ta'eef kitaabolee haaraa ba'aa jiran kanatti yemmuu fayyadamnuu wal-maddii kaa'uudhaan madaalchisuun barbaachisaadha. Egaa ilmi badiisaa inni Q/phaawuloos ergaasaa warra Tasaloonqeedhaaf erge 2ffaa 2:1-12 barreesse akkasumas yohaannis mul'ataasaa boq.13:1-13 irratti kan isaan barreessan sun dhufuun dirqama. Yemmuu dhufus dhugaan ni morma jedhameera. Dhugaan immoo macaafa qulqulluudha. Kanaafuu hubachuun barbaachisaa dha.

2 ffaa phex.3:16:- irratti Q/pheexiroos namootni hubannaan itti hir'ate dogoggorsitootni kitaaba Qulqulluu hiikasaa akka dalga micciiran isaan kunis akkasuma dalga micciiru. Akkas gochuu isaaniitiinis immoo ni badu jedhee jira. Lakk.17 irratti isin yaa obboloota koo duraan dursitanii bartaniittuwoo dogoggorsa warra hamoota kanaan qabamtanii ejjennoo keessan isa jabaabarraa akka hin kufneef of eeggadhaa jedha.

***Afaan Ingiliffaan kan barreeffame keessattis dogogorri ni jira.***

1) A.L.Awurooppaatti Bara 1976 kitaaba qulqulluu afaan Ingiliffaan maxxaanfame "Good News Bible"kitaaba jedhu irratti dogoggorri hedduun barreeffameera. **FKN 1**) S/ uma19:1-2:- irratti looxi ergamoota lamaan argee ariifatee gara isaanii deeme gadii gombifamee sagadeef kan jedhu sana ***afaan Ingiliffaatti*** yammuu barreessan gadii jedhee harkasaa



Scanned by CamScanner

olkaase jechuutti jijjiran. Jechi Ingiliffaas "***AS SOON AS SAW THEM THE HE GOT UP AND WENT TO MEET THEM HE BOWED DOWN BEFORE THEM***" jechi inni sirriin kana ture. ***FEEL TO THE EARTH UP ON IN FACE***

2) S/Ba'u 23-24:-irratti waaqolii isaanii raawwadhuu digi-siidaa isaaniis caccabsi kan jedhu "***thoushalt utterly over throw them and quite break down their images***" kan jedhu jijjiiranii waaqolii isaanii balleessaa utubaa dhagaasaa isa qulqulluus diigaa jedhuun mana qulqullummaa balleesssaa gara jechuutti jijjiiraniiiru. ***jechi Ingliffichaas "Destroy theirgods and break down their sacred stone pillars***"

3) Iyyaasuu 7:6- irratti Iyyaasuu fi Maanguddootni Israa'el Taabota WAAQAYYOO fuulduratti amma galgalaatti adda isaaniin gadiigombiffamanii oolan.***(and jashua rent his clothes and fell to the earth up on his face before the ark of the lord until the eventide he and the elders of Isra'el )*** kan jedhu sana Iyyaasuu fi dura bu'ootni Israa'el Taabota kakuu WAAQAYYOO fuulduratti kufanii ciisaa oolanii jechuutti jijjiiraniiru.

***Ingiliffisaas "jeshua and the elders of Israel threw them selves to the ground before the Lords convenant box and lie there till the evening"x***

4) Fars 111(112)-6 irratti yaaddannoon Nama tolaa barabaraan Ni yaadatama Kan jedhu "the righteous will be in ever lastiong rememberrnce" Kan jedhu seenaan Nama gaarii yeroo hundumaa yaadatama. ***Ingiliffaanis "Good person will always be rememberd"*** jedhuudhaan jijjiiraniiru.**x**

5) M/Fakk.10-7 Yaaddannoon nama tolaa eebbaaf (***The memory righteous is blessed***) kan jedhu.namni gaariin ni yaadatama (***Good people will be remembered***) jedhuutti jijjiiraniiru.

6) Zakk 1:12-13 Ergaamichi yaa WAAQAYYOO GOOFTAA maccaa Iyyerussaalemii fi Magaalaa yihudaatti waggaa Torbaatama guutuu itti dheekkamteettas hamma yoomitti dhiifama hin gootuu? Maaliif hin



Scanned by CamScanner

dhiiftuu? WAAQAYYOOs bifa ergamicha jajjabeessuu fi gammachisuun jecha gaarii dhaan itti haasa'e. Ingiliffisaas (***O'LORD of hosts how long with though not have merey on Jerusalem and on the ceties of Judah against wich thou host had indignation these three score and ten years and the lord answered the angel that taked with me with good words***). Kan jedhu yaa WAAQAYYOO Gooftaa maccaa Iyyerusaalemii fi yihudaatti erga dheekkamtee waggaa torbaatama ta'eera sichi immoo meeqatu hafaa jechuutti jijjiiraniiru.

***Ingliffisaas "the angle said alnightly lord you have been angry with Jerusalem and Judah for seventy year now how much longer will it be before you shows them merery"*** jechutti jijjiiraraniiru.

***Kakuu haraa keessattis:-***

Mat 10:42:- Eenyulle duuka bu'oota koo kan ta'an keessaa isa xiqqoodhaaf maqaasaatiin bishaan qabbaana'aa Burccuqqoo tokko yoo nama obaasee gatii nama tolaa sanaa ni argata.

***Ingiliffi isaas (And who so ever shall give to drink unto one these little onces of acup of cold water only in the name of adsciple verides I say un to you he shall in no wise lose his rewards)*** kan jedhu. Duuka bu'aa koo waan ta'eef isaan xixinnaayyoota keessa isaa tokkoof bishaan qabbana'aa burcuqqoo tokko yoo obaasee gatisaa hin dhabu. Jechuutti jijjiiraniiru. ***Ingiliffisaas ("who gives even a drink of cold water to one of the least of these my followers because he is my follower will certainly receiver rewards")*** jechuutti jijjiiraniiru.

Yaaddannoon Qulqulloootaa hin barbaachisu maqaa Qulqullootaan Zaakkaruunis hin barbaachisu jechuu barbaadaniiti.

***Walumaa gala kanneen kana fakkaatan baayinaan waan jiraniif hubaannoo guddaan barbaachisaadha. Keessumaatti kitaaba Qulqulluu Qooqarraa gara qooqaatti yemmuu jijjiiran kanneen armaan gadii beekuun barbaachisaadha.***



Scanned by CamScanner

a. Qooqa kitaaba Qulqulluu jalqaba ittin barreeffame aadaa fi jireenya biyyichaa beekuun barbaachisaadha.
b. Sodaa WAAQAYYOO qabachuu
c. Beektoota mana kiristiyaanaa fi barsiisoota wangeela gaafachuun barbaachisaadha.
d. Laphee Qulqulluu qabachu.
e. Laguu fi kadhannaatti cimuu dhaan gargaarsa WAAQAYYOOn jijjiirama malee beekumsa biyya lafaan qofa miti.

Kitaabni qulqulluun seenaa akkasii qabu kun har'a ga'uu kan danda'ees, abbootiin darban dhiphinaa fi rakkoo guddaadhaan akka ta'e seenaan ni dubbata. Utuu balleessuu fi hariyatamni guddaan jiruu kitaabni qulqulluun seeraan eegamanii mana qulqullummaa keessa ka'amanii turan .S/k/deebii 31:-22-26 irratti hangafni raajotaa Museen tokko osoo keessaa hin hambisin macaafa seeraa waaqayyo barreesse. Erga barreessee raawwateen boodas taabota waaqayyoo kan tajaajilan lubootaan kitaaba kana fuudhee mana qulqullummaa keessa taabota waaqayyoo cina kaa'ee jedhe.

2 mot.22:-8 irratti macaafa seeraa mana qulqullummaa keessaa argan jedha.

2 seen bara 34:-14-15 irratti macaafa seeraa waaqayyoo mana qulaullummaa keessaa argadheera.

2 seen bara 34:-29 irratti luboonni sababa hundumaa fi iyyeessa fi sooressa of duukaa buusanii gara mana qulqullummaa dhaqanii dhookatee kan ture kitaaba waadaa waaqayyoo mana qulqullummaa keessatti arganii uummataaf dubbisan. Mootichi Iyyoosiyaasis ka'ee dhaabbatee jecha waadaa kitaaba qulqulluu keessa jiru kana raawwachuuf waadaan seena jedhe.

Luq.4:-16-17 egaa kanneen kana fi kana fakkaatan irratti kitaabni qulqulluun akkasii mana qulaullummaa keessa kabajaan akka ta'aa ture dhugoomsa. Haa ta'u malee, Bara durii keessa namoota farda seexanaa ta'aaniin kan akka Ixeeyaaqoos, Ephifaanos kan jedhaman mana qulaullummaa diigaa kitaaba qulqulluu gubaa turaniiru. Kakuu haaraa keessatti immoo bara 276 kaasee mootiin haramanee ta'aan kan akka Diyooqilxiyaanos Maaksimiyaanos kan



Scanned by CamScanner

jedhaman gubaa turaniiru. Akka biyya keenya Itiyoophiyaatti immoo Giraanyi Ayimad waggaa 15, Yoodiiti Gudiiti immoo waggaa 40,f mana qulqullummaa fi kitaaba mana qulqullummaa keenyaa gubuun, akkasumas abbooti amantii keenyaa ajjeesuun miidhaa guddaa geggeessaniiru. Akkasumas weerara xaaliyaaniidhaan kitaabonni birihaannaadhaan barreeffaman hedduun isaanii saamamaniiru. Yeroo sana keessa kan turan abbootiin amantii kadhanaa dhaaf laguutti jabbachuudhaan kitaaba Qulqulluu kana fuudhanii hallayaa fi holqa mukaa keessa dhoksuudhaan akka inni dhalootaaf darbu godhaniiru. Kaan immoo biyya bishaan gidduu odola(Dasseetii) lafa jedhamutti fudhatanii baqatanii badiisa oolchaniiru. Kitaabni Qulqulluun warra balleessuuf xiyyeefatan harkaa hafee kunoo har'a ga'ee jira boris bara baraan ni jiraata. Warri balleesuu barbadaan garuu hin turre yerooma sana badan.

## KITAABA QULQULLUUN IDDOO TOKKOOTTI QINDAA'EE DHIYAACHUUN MAALIIF BARBAACHISE?

Kitaabni qulqulluun akka har'aa kana iddoo tokkotti walitti qindaa'ee kan maxxanfame miti.Mata duree, Boqonnaa fi Lakkoofsis kan kennameef hin turre. Yeroo dheeraa booddee sababa mataa isaa danda'een kan kennameedha malee.

Kitaabni qulqulluun qofaa qofaan akka ture ragaan wangeela Luqaas 4:-16-17 irratti kan barreeffame ragaa isa guddaadha.Innis:- Gooftaan Iyyesuus kiristoos macaafa raajicha Isaayyaas maramee jiru fuudhee dubbisee deebisee marees immoo itti kenne akka jedhu. As irratti kan hubannu waa lama. Innis:-

1) Kitaabni kun qofaatti taa'uu isaa
2) Akka qooddiroottis maramee taa'uu isaa

Egaa kitaabni qulqulluun akkasittin ture kun iddoo tokkotti walitti qabamee akka barraa'uuf sababa kan ta'e. Kitaabni falaasummaa biyya lafaa biyya



Scanned by CamScanner

Iskindiriyaa, Sooriyaa, Room, Girikii fi Qosxinxiniyaa keessatti akka malee guddachuu irraan kan ka'e babal'ataa gara biyya Iyyerusaalemitti ce'e.

Haa ta'u iyyuu malee, dubbiin dhugaa waaqayyoo, jechuunis wangeelli lafatti isa dabale. Namootni kitaaba isaanii bitanis ni dhibame. Kana irraan kan ka'e utuu hin jaal'atiin amantii fudhatan, wangeelattis amanani.Haa fudhstan iyyuu malee, garuu macaaafa falaasfummaa isaanii macaafa amantii wajjin waliin makanii barreessanii gabaa irra oolchanii gugurachuu jalqaban. Yeroo kanatti dhimmi isaa guddaa kan yaaddesse abbootin amantii hordoffii guddaa godhaniin kitaaba qulqulluu adda basuudhaan isa dur adda bittimmaa'ee ture mata duree itti kennuudhaan iddoo tokkotti walitti qindaa'ee akka taa'u taasisaniiru.

Bara 325 keessa walii galteen isaanii kun walii galtee Kaarteeji'aa irratti bara 368 seera ta'ee tumame. Boqonnaan kan itti kenname immoo bara 1228 biyya Ingiliziitti Phaaphaasii ***Kantuuriber*** kan jedhamuun ture. Maqaan isaanii ***Baasteefaan laangifan*** nama jedhamuun itti kenname. Lakkoofsi kan itti kenname immoo bara 1551 biyya Faransaayiitti ***Roobert Istenefin*** nama jedhamuun itti kenname. Kitaabni Qulqulluu seenaa akkasii qabu kun har'a ga'uu kan danda'es Abbootiin ammantii darban dhiphinaa fi rakkoo guddaan eegudhaan akka ta'e seenaan ni dubbata.

## KITAABNI QULQULLUUN AKKAMITTI QAYYABATAMA?

Kitaabni Qulqulluun kabajamaa akka ta'e barumsa keenya dabbarsine keessatti bal'inaan ilaalleerra, kanaafis, ilmaan namaa kan ta'an hundi kanaan itti gargaramuun ni barbaachisa. Mucaa namaaf kan kennameefis kanaaf waan ta'eef bara durii eegalee eegumsiif kununsi adda ta'e kennameefii akka har'a ga'e nutis dabaree keenya akkasuma goonee dhalootta dhufuttis dabarsuu qabna.

Kitaabni Qulqulluun nyaata hin quufamneedha. Ykn, Nyaata nama hin nufisifnee dha. Ogeessootni mana kiristiyaanaa jecha kana yeroo ibsan "YAA WAAQI JECHI KEE YEROO HUNDUMMAA GANAMA



Scanned by CamScanner

GANAMA (DHIHEE BARI'EE) HARAADHA JEDHU". Sababni isaas kalleessa kan hubatan irra iccitti haraan nama gammachiisu yerooma hundumma keessatti argama waan ta'ef. Kanaafuu, Kitaaba Qulqulluu dubbisuudhaaf ykn dhaga'uudhaaf kanneen armaan gadii beekuun barbaachisaa dha.

Isaanis:-

1. ***Laphee qulqulluun***: - namni tokko sagalee waaqayyoo (macaafa Qulqulluu) yeroo dubbisu, dhaga'uufis yaada laphee isaatii sassaabachuu qaba. Lafti sanyii itti facaasan kan bulla'eef kan bareede akka ta'e, Lapheen namaa yoo Qulqulla'eefii yoo baname malee dubbii Waaqayyoo dhaga'uun itti jiraachuun hin danda'amu. Kanaaf, Mootichi Daawwit Fars 51-10 irratti yaa Waaqi laphee qulqulluu naaf uumi kan jedheef. H/Erg 16-4 irrattis Liidiyaan jecha Phawuloos dubbatu akka dhageessuf Gooftaan laphee ishee waan baneef ture. Akkasumas, Natina'eel hiriyaa isaa Filiphoos irraa wa'ee Gooftaa keenyaa dhaga'ee kan amanuu danda'e lapheen isaa banaa fi Qulqulluu waan ta'eef, Gooftaan keenyas deebisee akkas jechuun dhugaa ba'eef. "Ilaa Israa'el keessa nama jal'ina hin qabne" ittiin jedhe. Yoh.1:47-48

1xim.1:5-7 xumurri seeraa garuu laphee qulqullinaa fi yaada qajeelaa, of tuulummaa kan hin qabne jaalala amantiiti jedha. Kanaafis macaafa qulqulluu dubbisuuf, kan dhaggeeffatan immoo hojii irra olchuuf laphee qulqulluu qabaachuun barbaachisaadha. Warri laphee qulqulluu qaban waaqayyoon arganii gammaduudhaaf jiru waan ta'eef.Mat.5:8

Qaayil kan abaarame waa'ee laphee qulqulluu dhabuu isaatiin. Eesa'uun immoo kan eebba dhabeef qulqullina laphee dhabuu isaatiin.

2 ***Sodaa Waaqyyoo Qabaachuu*** (ኢግዚአብሔርን በመፍራት)

Ogummaan jalqabaa waaqayyoon sodaachuu dha. Fkn 1:-7. Macaafni qulqulluunis sagalee waaqayyootiin waan ta'eef waaqayyo immoo waaqummaa isaatiif kabajamuun, sodaatamuun, akkasumas bitamuufiin barbaachisaadha. Jecha isaa yemmuu dubbifnu, yemmuu dhaggeeffannu



Scanned by CamScanner

murtiif akka nutti hin taaneef of tuulummaan osoo hin taane gadi of deebisuudhaan ta'uu qaba.Macaafa qulqulluu dubbisuu duwwaadhaan iccitii isaa hubachuun hin danda'aamu. Hoj/erg.8:-28-32 waan dubbisaa jirtu kun siif galeeraa? Akkuma jedhame waan dhookatee jiru mul'isee waan xiqqaatee jiru immoo guddisee iccitii isaa kan ibsu waaqa Afuura qulqulluu qofa. Inni immoo warra isa sodaataniif warra gadi of deebisan, iccitii isaa isa gadi fagoo iyyuu nu hubachiisa.Far.25:-5

Kanaaf iyyuu kitaaba qulqulluu kana abbootiin qulqullootni afuura waaqayyoon geggeeffamanii kan barreessan. 2Phex.1:-20 Namni akka barbaadetti hiikuu, dubbisuu hin danda'u.Sodaa waaqayyootiin qabamnee dubbii isaaf inaafnee yoo dubbisne garuu akka Luqaasii fi Qali'oophaadhaa iccitii isaa akka hubannuuf sammuu keenya nuuf banuu danda'a.

### 3) Barsiisota hafuuraa gaafachuu ( መንፈሳዊ መምህረንን በመጠየቅ)

Barsiisotni hafuuraa jecha waaqayyoo dhageenyee akka hubannuuf kan nu taasisan meeshaalee waaqayyooti. Hoj/erg.9:-15 Gooftaan Anaaniyaadhaan gara Saa'ol dhaquu hin sodaatiin inni maqaa koo warra hormootaa fi warra moototaatti akkasumas saba Israa'eel hundumaatti kan lallabu meeshaa koo isa filatamaadha akka jedhe.

Hoj/erg.8:-28-32 Jandarabaan Itiyoopiyaa Yerussaalemii osoo deebi'uu kitaaba raajicha Esaayaas 53:-7 irra jiru osoo dubbisaa konkolaataadhaan deemaa jiruu, Waaqayyo biraa kan ergame Filiphiyoos abbaan wangeelaa duumessaan dhaqee waan dubbisaa jirtu kana hubattaa? Jedhee isa gaafannaan namni iccitii isaa beeku yoo na barsiise malee hin beeku jedhe.

Meeshaa waaqayyoo kan ta'e abbaan wangeelaa Filiphiyoos garuu icciticha ni barsiise.Jandarabaan kun immoo dhufee biyya Itiyoopiyaa barsiise.Barri kun erga gooftaan keenya du'a mo'ee ka'ee waggaa isaa bara 34 keessa.

Raajii Dan.8:-46 Raajichi Daani'eel mul'ata argee hiikoon isaa waan isa rakkiseef waaqayyo biraa kan ergame qulqullichi Gabri'eel dhufee iccitii isaa isa barsiise.



Scanned by CamScanner

2xim.3:-14 Ati garuu waan barattee fi waan hubatte irratti jabaadhuu dhaabadhu. Eenyuu irraa akka barattes immoo beeki jedhe.Walumaa galatti jechi armaan olii kun jecha waaqayyoo hubachuudhaaf, hubachiisuuf barsiisotni hafuuraa barbaachisoodha. Keessumatti immoo bara nuti keessa jirru ammaa kanatti barsiisotni sobduun kitaaba qulqulluu dalga micciran, hafuura seexanaan kan barsiisan, kan nama dogoggorsan akka isaan ka'aan barreeffamee jira.2xim.1:-1, 1xim.4:-1-2, 1phex.3:-16-18

Kanaaf kana jalaa ooluudhaaf barsiisootni hafuuraa seenaa Kitaaba qulqulluu iccitii isaan beekan ni barbaachisu.

### 4) *Kadhannaa* (በፀሎት)

Macaafa qulqulluu dubbisuufi hubachuuf kadhannaan, laguun, subaa'een barbaachisaadha. Abbootni keenya baay'een isaanii ayyaanni waaqayyoo baay'ateefi iccitiin kitaaba qulqulluu kan ifeef, achi irratti hunda'anii kitaabolee kan biraa kan barreesuu danda'aaniif kadhannaa fi laguu irraan kan ka'eedha. Fkn.***Qulqulluu Yaareed, Abbaa Giyyoorgis zegaaseccaa, Iziraasutu'eel*** kanaaf kan kana fakkaatan.

Macaafa qulqulluu keessatti Mat.7:-7 kadhadhaa isiniif kennamaa waan jedhameef namni kam iyyu iccitiin sagalee waaqayyoo akka inni nuuf ifuuf, nuuf ifees akka itti jiraannuuf kadhachuun barbaachisaadha.

### 5) Yeroo kennuufii (ግዜ በመስጠት)

Sagalee waaqayyoo dubbisanii hubachuuf, hubatanii itti jiraachuuf yeroo qabaachuun barbaachisaadha.

Far.1:-1-3 Karaa gorsa jal'ootaa irra kan hin deemne, karaa cubbamootaa irra kan hin dhaabbatne, barcuma cubbamootaa irra kan hin teenye eebbifamaadha. Namni akkasii seera waaqayyootti ni gammada, halkanii fi guyyaa ni yaada. Kanaaf namni akkasii akka biqiltuu bishaan qarqaraa bonaa fi ganna lalistee ija naqattuuti.Waanta inni hojjetu hundi walqixxaataaf jedha. Akkas jechuun kun yeroo hundumaa sagalee waaqayyoo kitaaba



Scanned by CamScanner

qulqulluu dubbisuun yeroo hundumaa nama irraa akka barbaachisu ibsuu isaati.

Mat.4:-4 Namni buddeena duwwaan hin jiraatu dubbii sagalee waaqayyootin malee akkuma jedhu namni tokko buddeena nyaachuuf bishaan dhuguuf yeroo akka qabu Kitaaba qulqulluu dubbisuufis yeroo qabaachuun barbachisaadha.

6) **Qabiyyee qabaachuu** (ማስታወሻ መያዝ)

Kitaaba qulqulluu yemmuu dubbifnuu fi yemmuu barannu qabiyyee qabachuun barbaachisaadha.Abbootiin amantii yemmuu dubbatan waggaa soddoma guutuu jechaan barachuu irra guyyaa sadii barreefamaan qabachuutu caala jedhan.Sababni isaas waan jechaan qabatan ni hirraanfatama waan barreefamaan baratan immoo dhalootaa dhalootatti darbee dhaalama waan ta'eef.

Namootni tokko tokko yeroo kitaaba qulqulluu dubbisan qabiyyee waan hin qabneef jala sararu irrattis hin barreessu kun garuu dogongora.

Egaa walumaagalatti kitaabni qulqulluun jechi isaa akka nu jalaa hin aguugamneef kanneen armaan olitti caqasamaanii fi kana fakkaatan beekuuf hubachuun barbaachisaadha. Jechi wangeela kanaa hukkamfamee hin badu waan ta'eef.2Qor4-3, Mat 13-1 Waa'ee sanyii fi lafaa ilaalchisee bifa afuriin kan kaa'aman hubachuun barbaachiisaadha.

1) Sanyii karaarra buutee simbirri fudhattee, hiikoon isaa sagaalee WAAQAYYOOn dhagaa'anii laphee qulqulluudhaan waan hinfudhanneef seexannii keessaa kan balleessituudha.
2) Sanyii dhagaa keessatti biqiltee aduun yemmuu itti baatu kan cooligde.Hiikoon isaa sagalee waaqayyoo yeroof gammachuun dhgaa'anii qorumsi yammuu itti dhufu jechicha raawachuu dhadhabanii warra gananiidha.



Scanned by CamScanner

3) Qoraatti keessatti biqiltee hudhee qoraattichi immoo ija kan dhowwate, isaan kun sagalee waqayyoo dhagaa'anii dubbisuus dubbisanii jireenya qabeenyaa biyya lafaatiin hudhanii ija naqachuu kan dhaban.

4) Sanyii lafa gaarii irra buutee ija soddoma, ija jaatama, ija dhibba, naqattee ykn kun jecha dubbii waaqayyoo sirriitti kan dhaggeeffatn ,kan baratan, kan dubbisan , sirriitti kan eegan yeroo qorumsaa kan jabaatan,qabeenyi biyya lafaa kan isaan hin gowwoomsine kan mataa isaanii irraa kan biroodhaaf bu'aa kan taa'an. Egaa walumaagala kitaaba qulqulluu yemmuu dubifnu yemmuu dhaggeefannu fkn biqiltuu bakka sadan ammaa ta'uu hin qabnu.Fkn isa afuraffaa ta'uu qabna. Jecha waaqayyoo dhaggeeffachuufii caalchifachuun filannoo hiriyyaa hin qabneedha.Gooftaan Iyyesuus Kiristoos Maariyaamiin carraa gaarii filatte kan isheen filate jala hin badu akkuma jedhame.Luq 10:-38-42.

## MOGGAASA MAQAA NAMOOTA KITAABA QULQULLUU KEESSATTII

Maqaan namootaa takko ta'ee kan wal fakkaatu (moggoon) baay'eetu jiu. Tokkoon tokkoon isaaniis wal haa fakkaatanuu malee seenaa fi hojii mataa isaanii qabu. Fknf

**A. Maqaa maariyaamii jedhu kitaaba qulqulluu keessatti saddeettu (8) jira.**

Isaaniis:-

1) Maariyaamii obboleettii Musee Ba'u 2:-4-8 ,15:-20-21 ,Lakk,12-15
2) Maariyaamii mucaa Yooteer akaakayyuu Iziraa 1Sen,Bara, 4-17
3) Maariyaamii haadha Iyyesuus Kiristoos Mat,2-12 Luq,1-26,2-1
4) Maariyaamii obboleettii Alaazer Yoh,11-1,12-1, Luq10-38
5) Maariyaamii nama biyya Magidelaa Mat,27:-55-56,28-1 ,Mar,16-9
6) Maariyaamii haadha manaa Qala'oophaa Mat,13:-55-56, Maq,6-3
7) Maariyaamii haadha manaa Zabdiyoos, Bahuu fi Liyaa ishee jedhamtu,
8) Maariyaamii Haadha Yohaannisii fi Yaa'iqoob, Mat, 20-20 ,27-55



Scanned by CamScanner

## B. SIMI'OON JEDHAMANII KAN WAAMAMAN SADDEETTU (8) JIRU.

Isaaniis:-

1) Simi'oon ilma Yaa'iqoob. Uma 29-33, 34-25
2) Simi'oon Maanguddicha. Luq 2-26
3) Simi'oon isa Pheexiroos jedhame. Mat 4-18
4) Inaafticha Simi'oon isa jedhame Naatinaa'el. Yoh,1-40
5) Simi'oon ilma yooseef obboleessa Gooftaa isa jedhame, haadha manaa isaa ishee duute irraa kan godhate, Mat,13-55
6) Simi'oon isa faarisicha, Luq 7:-36-50
7) Simi'oon nama biyya Qareenaa, Mar ,15-21
8) Simi'oon isa gogaa duugu, H,erg,10-32

## C. IYYAASUU KAN JEDHAMAN SADIITTU (3) JIRU.

1) Iyyaasuu ilma Nawee. Ba'u,24-13,32-17, Lakk,11-28, K,Deb,31:-22-26
2) Iyyaasuu ilma Yooseef. Izra,2:-1-2,3:-2-8
3) Iyyaasuu ilma Iyyoosixoos jedhame. Qol,4:-10

## D. HAANNAA KAN JEDHAMAN SADIITU (3) JIRU.

1) Haannaa haadha Saamu'eel, 1sam,1-1
2) Raajittii Hannaa Luq,2-36
3) Hangafa Lubbootaa Hannaa isa jedhame, Luq,3:-1-2,Yoh,18:-19-22

## E. FILIPHOOS KAN JEDHAMAN SADIITU (3) JIRU.

1) Filiphoos bartuu Gooftaa Mat,10-3,Yoh,12-21
2) Filiphoos isa Daaqunii H,erg,6-35
3) Filiphoos obboleessa Heroodoos Mat,14-3

## F. ABEMELEK KAN JEDHAMAN JA'ATU (6) JIRU.

1) Abemelek mooticha biyya Geraaraa (bara abbaa keenya Abirihaam isa ture) Mat,20-17
2) Abemelek mooticha biyya Geeraaraa bara Isiyaaq isa ture. Uma 26-8
3) Abemelek ilma Geediyoon. A,fir 8:-30-37,9:-1-22



Scanned by CamScanner

4) Abemelek ilma lubicha Abiyaateer 1Sen,bar,18-16
5) Abemelek nama biyya Itiyoophiyaa. Erm,38-7-15,39:-15-18 Tarafa Erm,8-9
6) Abemelek Abbaa manaa No'aamin. Ruut,1-14

**G. Yaa'iqoob jedhamanii kan waamaman afurtu jiru.**

1. Yaa'iqoob ilma Yisiyaaq Um. 25:- 19-26, Um. 27:-1
2. Yaa'qoob Ilma Zabdewoos bartuu Gooftaa Mat 6:-35 , Mar. 19:-32
3. Yaa'iqoob Ilma Ilfiyoos (Qaaliyoophaa) Mat. 10:-3, Mar. 5:-40
4. Yaa'iqoob Abbaa Yihuudaa isa Bartuu Gooftaa. Luq.6:-16,Hoj/erg.1:-13

**H.Yihudaa kan jedhaman torbatu jiru**

1. Yihudaa ilma Yaa'iqoob Uum.29:-35, 37:-26-27
2. Bartuu gooftaa keessaa tokko kan ta'e Yihudaa ilma Yaa'iqoob Luq.6:-16, H/erg.1:-13
3. Yihudaa obboleessa Yaa'iqoob Mat.13:-55, Yihudaa 1:-1
4. Yihudaa Nama biyya galiilaa H/erg.5:-37
5. Yihudaa Nama biyya galiilaa H/erg.5:-37
6. Yihudaa Nama biyya Damasqoo H/erg.9:-11
7. Yihudaa isa Barsihaan jedhamu maqaa gaarii isa qabu isa Sillaasii wajjin Filatame. H/erg.11:-22-23
8. Yihudaa nama biyya Kirriyoot isa gooftaa du'atti dabarsee kenne. Mat.10:-4, Yoh.12:-4-6

Kanneen kama fakkaatan barumsa bal'aa kan namaaf laatan baay'een isaanii jiru.

Scanned by CamScanner

## MAQAA KABAJAAN KAN WAAMAMAN

Kitaaba qulqulluu keessatti moototni biyya addaa addaa bulchan maqaa kabajaa addaa akka isaan qaban kitaaba qulqulluu keessatti ibsamee jira.

**1. FARI'OON**:- Faari'oon jechi jedhamu maqaa kabajaa moototni biyya Gibxii ittiin waamamaniidha.

Mootii ta'ee namni biyya Gibxii keessatti muudamu maqaa kabajaa kanaan waamama. Uum.12:-15, Ba'uu 2:-5 Akka biyya Itiyoophiyaa keessatti Atsee Haayile Sillaasee, Atsee Yohaannis, Tewodiroos akka jedhamu biyya Gibxitti immoo Fari'oon jedhamee beekama.

**2.** QEESAAR:-Maqaa kabajaa mootota biyya Roomaaf kan kennameedha.Luq.2:-1

**3.** HERODOS:-Bara 47-70 tti Dh.K.D. mootonni biyya yihudaa irratti mo'an maqaa kabajaa isaaniif laatameedha. Mat.14:-1

## NAMNI TOKKO MAQAA ADDAA ADDAAN YEMMUU INNI WAAMAMU

Kitaaba qulqulluu keessatti namni tokkichi maqaa addaa addaadhaan yemmuu inni waamamu barreeffamee jira. Akka armaan gadiitti tokko tokkoon ilaalla.

1. Ilmi Yisiyaaq Yaa'iqoob Isiraa'el jedhama. Uum.35:-10
2. Abbiyyuun Musee Raagu'eel Yooter jedhamees ni waamama.Ba'uu 2:-13, 4:-8
3. Geediyoon Yirubaan jedhamee ni waamama. A.Firdi 6:-32, 7:-1
4. Angafni bartootaa Pheexiroos maqaa Simi'oon jedhamuu fi Keefaa jedhamu qaba. Maqaan keefaa jedhu afaan Armiyikaa yemmuu ta'u, maqaan Pheexiroos jedhu immoo afaan warra Girikiitiin hiikaan isaa immoo Dhagaa jechuudha. Maaqaa kana kan itti moggaase gooftaa keenya Iyyesuus kiristoosiidha. Mar.3:-16, Mat.16:-28, Yoh,1:-43



Scanned by CamScanner

5. Toomaas: - Jechi Toomaas jedhu afaan warra Ibiraayisxii yemmuu ta'u afaan warra Girikiitti immoo maqaa Didimoos jedhamu qaba. Hiikaansaa immoo lakkuu jechuudha. Yoh.20:-24

6. Maatiwoos: - Maqaan isaa inni biraan Leewwii ilma Ilfiyoos jedhama. Mar. 2:-13-4 Qaraxa sassabuu irraa kan waamameedha. Mat. 9:-9

7. Maarqos:- Afaan warra laatinii yemmuu ta'u Ibiraayisxiitti immoo Yohaannis jedhama. Mar.14:-12-6, H/erg.12:-12-15

- Mucaa okkotee baatee adeemu ni agartu isa jedhamee dha. Karaa adda biraas gaafa Gooftaa keenya Iyyesus kiristoosiin qaban nama wayyaa isaa itti gatee qullaa baqatee dha. Mar 14:50-52

- Gargaartota 72 keessaa tokko dha. Luqaas 10; 1 Eessuma Barnaabaassiti. Qolaa 4; 1

8. Taadiyoos:-Maqaan isaa inni biraa Libdiyoos jedhama. Barattoota 12'n keessaa tokkoo dha. Mat.10:-3, Mar. 3:16. Yaa'iqoob ilma yihudaa jedhamee inni barreeffames isaa dha. Luqa.6:13-16 H/erg 1:13-14

9. ***Saahuul***: - jecha warra Ibirootaa yemmuu ta'u, jecha Saa'ool jedhu wajjin hiika tokko qaba. Hiikaansaa immoo waaqa biraa kan kadhatame jechuu dha. Maqaan isaa kan biraan afaan warra Roomaatti immoo Phaawuloos jedhama.

Waluumaa galatti akka Aadaa kitaaba qulqulluuutti ta'ee akka Aadaa warra Ibirootaatti namni tokko maqaa haadha isaatii fi abbaa isaa irraa itti dhalate ittiin waamamuun dabalata. Karaa mana waaqayyoos maqaan ni laatamaaf. Maqaan laatamu kunis maqaa Amantii ykn maqaa afuuraa jedhama. Fakkeenyaaf akka yeroo ammaa kanatti maqaa gaafa cuuphaadhaa kennamuu dha.



Scanned by CamScanner

**MAQAA TOKKICHI HIIKKOO ADDAA ADDAA NI QABAATA YKN WAANTOOTA BAAY'EE BAKKA BU'UU NI DANDAA'A.**

Kitaaba qulqulluu keessatti jechi maqaa tokko wantoota baay'ee hiikoo addaa addaa qaban bakka bu'uudhaan yemmuu inni barreeffamu ni argina. Kanaafuu yemmuu kitaaba qulqulluu kana qayyabannuu wantoota kana adda baasuun (hubachuun) barbaachisaa dha. Isaanis:

1. ***Tsiyoon***: Jechi TSIYOON jedhu hiikoon isaa "DAHANNOO (BAKKA DHOKANNO, DAHOO) መጠግያ" jechuu dha. Wanti kun kitaaba qulqulluu keessatti waa shan bakka bu'ee jira. Isaanis;

1.1 Magaalaa teessuma mooticha Daawwit jechuu dha. 2Sam.5:1-6

1.2 Gaara (Tulluu) giddu galeessa ta'e biyya Iyyerussaaleem keessatti argamuti. 2Sam.6:1-5

1.3 Namoonni biyya Iyyerussaalem keessa jiraatan TSIYOON jedhamaniis ni waamamu. Far.101:13 irratti ati ka'i TSIYOONIIF dhiifama godhiif akka jedhame. Karaa biroo Far.68:31 irratti Itoophiyaan harka ishee gara waaqayyootti ol qabdi yemmuu jedhamu Saba Itoophiyaa jechuu akka ta'e.

1.4 TSIYOON jechuun mootummaa waaqayyoo ishee waaqarraa jechuu dha. Ibi.12:22

1.5 TSIYOON kan jedhamte haadha waaqayyoo giiftii **Maariyaamii** dha. Far.86:5 irratti namni tsiyoon haadha keenya jedha. Ishee keessaa namnin dhalateerahoo namni kan dhalate jedhame kun Gooftaa keenya Iyyesus kiristoosii dha.

- Isay.60:14, 49:23 Yaa tsiyoon warri si tuffatan ejjennoo miilla keetii jalatti kufanii siif sagadu. Yaa magaalaa waaqayyoo qulqulluu Isiraa'el siin jedhu. As irratti jechi kun kan barreeffame giiftii Maariyaamii qofaaf. Biyyaaf akka hin jenne biyyi miilla hin qabu waan ta'eef.

- Isay.28:16, Rom.9:33 Dhagaan namootni ittiin gufatan tsiyoon keessa nan ka'a... 1Phex.2:7-8. Dhagaa kan jedhame Gooftaa keenya



Scanned by CamScanner

Iyyesuus kiristoos yemmuu ta'u tsiyoon kan jedhame Giiftii keenya Maariyaamii dha.

2. ***ISIRAA'EEL***:- Jechi Israa'eel jedhu akka armaan olitti ilaalleetti.

2.1 Maqaan ilma Yisi'aaq Yaa'iqoob maqaa nama tokkichaati. Uum.35:-10

2.2 Eddasii garuu sanyiin Yaa'iqoob biyya Gibtsiitti godaananii turan maqaan walii gala isaanii Israa'eel ni jedhame. Uum.45:-21, 46:-8

2.3 Ijoolleen Yaa'iqoob erga godaansaa deebi'anii booda biyyi isaan irra qubatan biyya Israa'eel jedhame. Ba'uu 1:-9, 3:-9, 1Sam.17:-52, 2Mot.3:-1

2.4 Ijoollee waaqayyoo kan taane tokkoon tokkoon keenyas Israa'el ni jedhamna. Far.123:-1 - Utuu waaqayyo nu wajjin ta'uudhaa baate silaa attam taana turre? Israa'eel immoo akkas jedhee haa deebisu:-

Isay. 1:-7 Qotiyyoon gooftaa isaa harreenis immoo gooftaa ishee fi gadaa ishee beekti. Israa'eel garuu hin beeku jedhe as irratti Isiraa'el jechi jedhu Amantoota warra gooftaatti amane hunda keenyaan jechuu isaati. Gal. 6:-16 Walumaa galatti Jechi Israa'el jedhu jalqaba maqaa Yaa'iqoobiif kenname haa ta'u malee ergasii garuu waa sadii bakka bu'e jechuudha. Isaanis: - Biyya Israa'el, Saba Israa'el hundumaaf maqaa kennamee dha.

3. ***Iyyerussaalem***:-Jechi kun waa sadiif dhaabbata.

A) Magaalaa biyya Israa'el keessatti argamtu 2Sam.5:**-5**

B) Saboota biyya Isiraa'el keessaa Mat.23:**-37**

C) Iyyerussaalem ishee samii irraa Gal.4:**-26, Ibr.12:-22, mul.3:-12**

Walumaa galatti k.k.f.n hiikoo addaa addaa kan qaban kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamanii heddumminaan jiru waan ta'eef yemmuu kitaaba qulqulluu dubbisnu, yemmuu qayyabannu of eeggannaa guddaa gochuun barbaachisaadha. Kabaja kenamuufiin akka ta'u beekuun nurra jira.



Scanned by CamScanner

Kitaaba qulqulluun daawwitii keenya keessatti of ilaalla, seefii keenya ittiin seexana diina keenyaa mo'anna, barumsa ittiin mana keenya ijaarrannudha Waan ta'eef sirriitti beekuu fi hubachuun nu barbaachisa.



Scanned by CamScanner

## KUTAA LAMMAFFAA

## AADAA KITAABA QULULLUU

Kitaabni qulqulluun aadaa mataa isaa qaba. Barreeffamni kam iyyuu yemmuu barreeffamu aadaa mataa isaa fi aadaa namicha barreessee qaba. Kanaaf kitaaba sana hubachuudhaaf aadaa isaa beekuun barbaachisaadha.

Kitaabni qulqulluun aadaa mataa isaatii akka qabu jechootni keessatti argaman ni mirkaneessu. **FKN'f**:- Waa'ee Hoolaa tiksuu, Waa'ee maqaa ijoollee moggaasuu, Waa'ee maqaa bakkatti moggaasuu, Waa'ee maqaa dabalataa (maxantuu), Waa'ee loqoda haasaa fi k.k.f kitaabaa qulqulluu keessatti barreeffamanii jiran kan biyya keenyaa irraa adda.

Kan inni barreeffame akka aadaa warra Israa'elotaatti sababni isaa addunyaa kanaaf giddu galeessa waan taateef. Iddoo Gooftaan keenya itti dhalate guddates waan taateefis, akkasumas bartootnii fi raajotni kitaabota kana barreessan namoota Lammii Israa'el waan taa'aniif aadaa isaniin barreeffame.

1. **TIKSEE:**- **Yoh.10:-1** irratti tikseen Hoolaa akka dura bu'ee deemu, Hoolaan immoo akka teellaa deemtu dubbachuun isaa aadaa isaani ta'uu mirkanessa.

2. **AKKAATAA MOGGAASA MAQAA**: - Warri Ibirootaa yemmuu maqaa moggaasan akkasumaan hin moggaasan yeroo sana waan ta'e irratti hundaa'anii moggaasu malee. FKN'f":-

   a. **ADDAAM**: - "Addaam" jechi jedhu Afaan warra Armaayikaatti ***Lafa*** jechuu dha. Lafa irraa uumamuu isaa kan ibsu waan ta'eef. **Uum. 2:-7**

   b. **Uum. 4:-25** irratti maqaa "Seet"jedhu barreeffamee jira. Seet jechuun "Iddoo isaa" jechuu dha. Akkas waan jedhameefis iddoo Abeel isa du'ee waan argataniif.



Scanned by CamScanner

c. **Yisiyaaq**:-"Yisiyaaq" jechuun akka warra Israa'elotatti "kolfuu" jechuu dha. Sababni isaa Abriham waggaa dhibba (100) isaatti Saharaan immoo waggaa sagaltama (90) isheetti utuu jiranii waaqayyo "mucaa ilmaa ni argattu!" yemmuu ittiin jedhu Abrihaam "Jaarsi waggaa dhibbaa dhuguma mucaa argataa?" jedhee waan kolfeef. **Uum.17:-17** Saharaan immoo "mucaa ilmaa ni argatta" yemmuu ittiin jedhamu yaada laphee isheetii keessatti "Ergan dulloomee akkamittan ulfaa'ee da'a" jettee yaaddee kofalte. **Uum. 18:-12** kanuma irraan kan ka'e maqaa mucaa isanii "Yisiyaaq" jedhame.

d. **MUSEE**: - **ba'u 2:-10** irratti barreeffame akkuma jiru bishaan keessa waan argameef "Musee" jedhame.

e. ***Minasee***:-**Umama 41:51** irratti akkuma barreefamee jiru Yoseef ilmi Ya'iiqob biyya Gibtsiitti gurguramee yeroo tureetti mucaa ilmaa isaa angafaa yemmuu argattu "Waaqayyoo rakkina koos mana abbaa koos naa irraanfachiise" jechuudhaan "irranfachiisa" jedhe itti mooggaase.

f. ***Ikaabood*** :-Hadhaa manaan Fiiniyaas ilma Eelii osoo miixuudhaan jirtuu tabootni Tsiyoon warra filisxeemootaatiin boji'oomuu isaa dhageessee yeroo mucaa ilmaa deessu "ulfinni Israa'elota irraa godaane" jechuudhaan "Ikaabood" jettee gocha kana ittiin yadachuuf moggaste.**1sam.4:-21**

## MAQAA IDDOO (BAKKAA)F KENNAMU

Kitaaba qulqulluu keessatti maqaan iddoo (bakkaaf) yammuu kennamu akkaata aadaa Warra Ibrootaa irratti hundaa'ee kennama ture.FKN

1. **BEETEEL**:-jechi kun jecha Ibiroota lama irraa kan maddeedha. kuniis Beet fi Eel kan jedhuu irraati. "**Beet**" jechuun "mana" jechuu yammuu ta'u "**Eel**" jechuun immoo "Waaqayoo" jechuudha. Walitti yammuu dubbiifnu "**mana Waaqayyoo**" jechuudha.Iddoon kun duraan **"Loozaa"**



Scanned by CamScanner

jedhama ture.Maqaa "Beeteel" jedhuu kan Moggaasee Yaaqobiidha.Mullata argee irratti hunda'eeti **Uuma.28:-19**

2. **MARIIBAA**:- Jechuun "Iddoo moormii" jechuudha. Iddoon kun duraan "Raafiidiim" jedhamti turte. Mariibaa sababni isheen jedhamteef immoo sabni Israa'el Gibxiidhaa baahan iddoo kana yemmuu qubatan bishaan dhugaatii waan hin jirreef waan dhugan dhabanii Musee irraatti gunguman Musees lolanii Giibxiitti deebi'uudhaaf kaa'anii Muuseenis ni morman. Yemmuu Muuseen Waaqaqyyoon kadhatee Waaqayyoos museedhaan "**Ulee kee ol fudhiitii dhagicha gudda kana rukutii**" ittiin jedhe. Muuseeniis rukunnaan dhagicha keessaa bishaanni burqeef. Bishaanichas dhuganii dheebuu baa'an. Mormii ittiin yaadachuudhaaf iddoon sun "Mariibaa" jedhama. **Ba'uu 17:-1**

3. **GELGELAA**:-**Iyyaasuu 5:-2 – 9** tti iddoon kun sabni Israa'el Gibxiitii baa'nii Yurdaanoosiin ce'anii iddoo isaan qubatan miidhaan lafa irraa biqile jalqabaaf iddoo itti nyaataniidha.

Iddoo warri Isiraa,elootni itti dhiira dhaqna qabatanii dha. "Leeyyoo (Salphiina) keenya nuurraa fuudhee gate" jechuudhaan "**Gelgelaa**" jedhan. Jechi kun jecha warra Ibrootaati.

**Golgootaa**: - Jechi kun jecha Ibiraayisxii yemmuu ta'u jecha warra Girikiin immoo Qaraaniyoo jedhama.Hiikoon isaas iddoo ullee (lafee) mataa jechu dha.**Yoh.19:-17**

Iddoo ullee mataa waan jedhameef iddoo lafeen abbaa keenya Addaam awwaalame waan ta'eef gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos waadaa abbaa keenya Addaamiif seene raawwachuuf iddoo inni itti fannifamee fi awwaalame iddoo kana.Iddoo kana akka Taabotaa(Tsillaatii)tti lafee abbaa keenya Addaam kan ixaana itti aarsan eegaa ture Lubicha Melketsaadiqii ture.

## MAQAA DABALATAA (MAXXANTUU)

Kitaaba qulqulluu keessatti maqaa dabalataan kan waamaman baay'eetu jiru. Addaan baasuuf warri Ibirootaa kan itti fayyadaman maxxantuudha (maqaa dabalataa) ture hojii isaanii, Akkaataa dhalachuu isaanii, Maatii isanii, gochaa godhame irratti hunda'uun moggasu turan.**FKNF:-**

### HOJII ISANII IRRATTI HUNDAA'EE KAN LAATAMEEF

1. **Yohaannis cuuphaa:** - Ilma Zakkaariyaasii fi Elsaabet maqaa kana kan moggaaseef qulqulluu Gabri'eeliidha.

   - Yohaannis abbaa wangeelaa:- Yohaannis isa Maarqos jedhame irratti addaan baasuuf maqaa maxxantuu kennameefii dha.Yohannis cuuphaa kan jedhe hona keessatti cuuphaa qalbii jijjirrannaa namoota cuuphaa waan tureef.

   - Gooftaa gooftotaa, Mooto moototaa kan ta'e gooftaa keenya Iyyasuus kiristoos waan cuupheef.**Maat.3:-1, Luq.3:-1, Maat.14:-8,Marq.8:-28**

2. **Yohaannis Abbaa Wangeelaa:-** Ilma Zawudiroos yemmuu ta'u maqaa dabalataa shan(5) qaba.**Isaanis:-**

   1. Yohaannis jaalallee gooftaa.**Yoh.19:-25**

   2. Yohaannis Abbaa Mul'ataa.

   3. Yohaannis Abbaa fuula kottoonfataa:- Dhiphina gooftaa keenya irratti guyyaa Jimaataa irra ga'e argee garmalee waan gaddeef maqaa kennameefidha.

   4. **Taawogoloos:-** Jecha Girikii yemmuu ta'u waa'ee foon uffachuu waaqayyoo gadi fageenyaan hubatee waan barsiisuuf. **Yoh.1:-1-5** irratti akkuma argamu.

   5. **Yohaannis abbaa wangeelaa** jedhamuun beekama.



Scanned by CamScanner

## MAQAA DABALATAA BIYYAAN KAN WAAMAN

Kitaaba qulqulluu keessatti maqaa wal fakkaatan kan waamaman biyya dhaloota isaniitti kan addaan baafaman baay'eetu jiru. **FKNF:-**

1. Maariyaam nama biyya Magdelaa (Maariyaam Magdelaa Daawwit). **Mat.15:-39**
2. Ruut nama biyya Mo'ab **Ruut.1:-11**
3. Abemileek nama biyya Ethiopia. **Erm.38:-7**
4. Simi'oon nama biyya Qarenaa **Luq.23:-36** Namni kun gaafa ayyaana penxeqoostee achitti argamee ture. **H/erg.2:-10**
5. Yooseef nama biyya Armaatiyaa **Mat.27:-57.**

***Akkasumas namoota biyya itti dhalatan duwwaan waamaman jiru.***

a. Dubartii biyya Sunaam (Sunaamittii) **2Mot.4:-17**

b. Dubartittii biyya Kana'aan **Mat.15:-22**

c. Dubartittii biyya Samaariyaa **Yoh.4:-9, Luq.10:-33**

Kana irraan kan ka'e har'a manni kiristaanaa keenyaa Abbootii amantii hojii isaaniin, dubbannaa isaaniin, bifa isaaniin,bakka dhaloota isaaniin maqaa dhalootaa laatteefi waamaa jirti.Fknf:-

## HOJII ISAANIIN KAN WAAMAMAN

Yohaannis abbaa afaan warqe (ዮሐንስ አፈወርቅ), Pheexiroos wareegamticha dhumaa Abbaa Salaamaa kasaatee birhaan



Scanned by CamScanner

## BIYYA DHALOOTAAN KAN WAAMAMAN

Abbaa Efreem nama biyya Sooriyaa Wuddaasee Maariyaamii kan barreessaniidha.Abbaa Baasiyoos nama biyya Qeesaariyaa ykn wuddaasee Amlaakii fi Qiddaasee Gooftaa kan Qopheessan (adarrasaniidha).Yaa'iqoob nama biyya Siruug.

## AKKAATAA AMALA DUBBANNAA (የ አነጋገር ዘይቤ)

Akkaataan amala dubbannaa kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamee jiru akkaataa dubbannaa warra Isiraa'elotaatiin jechi akka biyya biyyaatti hiikoo addaa addaa kan mataa isaa danda'e akka inni qabu beekamaadha.Egaa keessumattuu amma kitaaba qulqulluu kana gadi fageessanii hubachuudhaaf akkaataa dubbannaa saba Isiraa'el beekuun barbaachisadha. Sababni isaa kitaabni qulqulluun kun Isiraa'elotaan barreeffame waan ta'eef. **FKNF**.Mala dubbannaa isaanii ilaalchisee akka armaan gadiitti ilaalla.

1. ***Fageessanii haasa'uu***:-Akkas jechuun waa'ee mataa isaanii kan biroo fakkeessanii haasa'uu.**Iyas.5:-14** Iyyaasuun hangafa ergamoota qulqulluu Mikaa'elii wajjin yemmuu haasa'e "Yaa gooftaa garbichichatti maal dubbatta" jedhe. Akka dubbannaa biyya keenyaatti ana garbicha keetti kan jedhu ture.Egaa malli dubbannaa isaanii kun gadi of deebisuu argisiisa.Jechi kana fakkaatu kun **Far.17:-18-50,Far.19:-6**,**1Sam.1:-15** Egaa jecha kana irratti waa'ee mataa isaaniif kan biroo ykn nama 3ffaa fakkeessee dubbata.Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos yemmuu barsiisaa tureetti waa'ee ofii isaatii nama kan biroo fakkeessee dubbatee jira. **Mat.16:-13** Mucaa namaan eenyu jedhu.**Mat.17** Ilmi namaa dabarfamee kennamuuf jira.**Mat.25:-31** Ilmi namaa kabajamuun yemmuu dhufu…kanneen kana fakkaatan waa'ee ofii isaatii kan biroo fakkeessee dubbachuun isaa waa'ee aadaa jaraatiif. Egaa walumaa galatti wanti kana fakkaatan waan baay'een jiru. Kanaafuu hubachuun barbaachisaadha. Keessumattuu kitaaba qulqulluu kana gaafa dubbisnu aadaa saba Isra'eliin akka inni barreeffame beekuu qabna.



Scanned by CamScanner

2. ***Jecha daddabalanii dubbachuu***: - Mala dubbachuu Israa'elotaa keessatti waan tokko dhugoomsanii, jabeessanii haasa'uu gaafa barbaadan irra deddeebianii dubbatu. Fknf.**Isay.63:-16** Ati abbaa keenya (2) …si jaal'anna **Mat. 23:-37** Yaa Iyyerussaalem (2) Ati raajota kan ajjeestu… Akka nuti qo'i qo'i jennuudha. **Yoh.3:-3-5** irratti dhuguma isiniin jedha **Mat.25:-11** Yaa gooftaa nuuf bani.**Far.21:-1** Waaqa koo(2) maaf na dhiista? **Yoh.10:-1** Dhuguman (2) isiniin jedha jechootni k.k.f. akkaataa kitaaba qulqulluu keessatti barreeffaman.

3. ***Anaa fi ati maali walitti qabna***?

Jechi kun akka aadaa warra Isiraa'elotaatti kan jaalala fi gadi of deebisuun waliif galaniidha.Kitaaba qulqulluu keessatti iddoo baay'eetti arganna.

   a. **1mot.17:-18** Maanguddoon biyya Saraptaa yeroo mucaan ishee jalaa du'e gara Eliyaas deemtee anaa fi ati maal walittii qabna? Cubbuu koo yaadachiistee mucaa koo ajjeesuu dhuftee?" jette. Akkas jechuun ishee gadi of deebistee jaalalaan kadhachuu ishee agarsiisa malee loluu ishee miti. Yeroo dhumaa sana Eliyaasis mucaa ishee kadhatee fay'iseera waan ta'eef.

   b. **2Sam.16:-12 mar.5:-7, Yoh.2:-4** irratti jechootni kana fakkaatan barreeffamanii jiru. Jecha kana akka aadaa biyya keenyaatti hiikaa yoo jenne arrabsoo ta'uu danda'a.Kanaafuu kitaabni qulqulluun akka aadaa jaraatti akka barreeffame beekuun nurra jira.

4. **Akka fakkiitti ibsuu (ሥህላዊ አገለለጥ):-** Kitaaba qulqulluu keessatti wantotni baay'een akka fakkiitti ibsamanii barreeffamanii jiru. Fnkf. **Isqeel 6:-1-2** Waaqayyo iddoo ol ka'aa tokko irra teessoo isaa irra taa'een arge. Andaarri wayyaa isaatii ammoo mana qulqullummaa guutee ture. Suraafelootni immoo isa naanna'anii dhaabbatu turan. Tokkoon tokkoon isaanii immoo koochoo ja'a ja'a qabu. **Far.49/50:-2, Mul. 1:-7** Waaqayyo ni dhufa, Abiddi xaph godhus naannoo isaa jira.Warri isa waraanan hunduus arguudhaaf jiru. **Mul.3:-20** kunoo ani balbala dura dhaabbadhee rukutaan jira namni sagalee koo dhaga'e yoo naaf bane ol nan seena. **Uum. 28:-12-13** Yaa'iqoob Beetelitti samiin banamanii



Scanned by CamScanner

yaabbannoo isaaniif lafa wal quunnamasiisu diriiree achi irra osoo jiruu ergamoonni ol ba'anii gadi bu'an nan arge jedha.Akkasumas:- **Isq.16 fi H/erg.7:-56** irratti akka samiin banamanii yaabbannoo samii fi lafaa wal quunnamsiisu kan dubbatuu dha. Jechi kun jecha fakkeenyaan kennaman malee samiin kan banamee cufamu taanaan miti. Egaa walumaa galatti kitaaba qulqulluu kana keessatti akka fakkiitti waan baay'een barreeffamanii jiru.Nama kennaa fakkii kana qabus jechoota kana dubbisee kaasuun salphaadha. **Mul.2, Mul.4:-4-5, Mul.21:-11, Isq.1;-4-28, Far.17:-10** Egaa walumaa galatti jecha armaan olitti barreeffame kana hubbachuun barbaachisaa dha.

5. ***Waa tokko itti kuulanii, Jejanii, Guddisanii dubbachuu***

Kitaaba qulqulluu namas haa ta'u wantoota biroo akka amala isaatti, akka humna isaatti, akka baay'ina isaatti fakkeenyaan ibsuu yemmuu barbaadan wanta sana fakkaatutti dhiyeenya kan qabu fakkeessanii jajanii haasa'uun amala isaaniiti. Akka amala naannoo keenyatti gabaa dhaqanii xaafii,aannan fakkaatuun bitadheeee gala akka jedhamu jechaa dha.As irratti aannan inni jedhu sun addeenya xaafii sanaa ibsuuf kan fayyadamaniidha. Kan kana fakkaatan kitaaba qulqulluu keessatti hedduun barreeffamanii jiru.

**5.1.Uum.13:-16**, Waaqayyo Abrihaamiin osoo mucaa hin godhatiin waggaa 86 isa jiraateen sanyii kee akka ashawwaan baay'isa jedhe.

**5.2.Uum.22:-17** Sanyiin kee akka urjii samiin baay'isa.

**5.3.1Mot.1:-40** Lubicha Saadoqiin ogeessichi Solomoon yemmuu dibame Israa'elonni baay'een gammadanii sgalee isaanii ol kaasanii ni iyyan. Iyyuu isaanii irraan kan ka'e laftis ni sochoote jedhe. Garmalee iyyuu isaaniitin malee lafti hin sochoone.

**5.4.4Firdii 6:-9** Israa'elonni seera waaqayyoo eeguu dhiisuu isaanii irraan kan ka'e waaqayyo itti aareetu adabbiidhaaf warra ameleqotaatii fi warra miidiyaamiittti isaan kenne.Isaanis akka hoomaa qorophisaa ta'anii itti dhufan. Jechi kun baay'ina isaanii ibsa.



Scanned by CamScanner

**5.5.2Sam.16:-22** Abshaalomni Israa'elotaa hunduma fuula duratti gara haadha manaa abbaasaatti ol lixee wajjin ciise.Utuu hin sodaatiin jechuun hin saalfanne.

**5.6.1Mot.1:-37** Yeroo Solomoon dibame namoonni Solomooniidhaan waggaa kuma kumaatama mo'i ittiin jedhan. Hiikaansaa yeroo dheeraa mo'i jechuu isaaniiti.

**5.7.Far.21:-22-26** Ani raammoodha ofiin jechuun Daawwit, Raammoon fiiddee waa jalaa hin baatu waan ta'eefiidha.

**5.8. Far.54:-21** Afaan isaa dhadhaa irra kan miyaa'uudha. Afaan dhadhaa dibame jechuudha.

**5.9.Mat.23:-24** Isin bookee kana haxooftanii Gaala immoo kan liqimsitan. Cubbuu xinnoo ni himattu, cubbuu guddaa immoo kan dhoksitan.

**5.10. Mat. 19:-24** Sooressi mootummaa waaqayyootti galuu irra Gaalli uraa lilmoo keessa ba'uutu salphata. Sooressa isa waa'ee waaqayyoo hin beekneedha.

## 6. FAKKEENYA ISAANII AKKA HIBBOOTTI HAASA'UU

Amala dubbannaa Israa'elotaa keessatti waan tokkotti fakkeessanii haasa'uun ykn waan dhoksaa of keessaa qabu dubbachuun hibboo jedhama.Kitaaba qulqulluu keessatti amala kanaan kan barreeffaman jiru. Fkn **2Sam.12:-19** Akkaataa raajichi **Naataan** Daawwititti dubbate. **Ab.Firdi 14:-12-13** irratti Samsoon gara biyya Timinaatti gadi bu'ee gaaffii hibboo warra Filisxeemotaa gaafatan akka inni itti isaan qore.

## 7. AKKAATAA GADDA ITTI IBSAN

Giddu galeessa biyya bahaa warri ta'an akkaataa isaan itti gadda isaanii ibsan addaa adda. Isaanis: - Kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamee jira.Fknf. Wayyaa isaanii tarsaasuudhaan ,Mudhii isaaniitti marqii hidhachuudhaan **Um. 37:-34**



Scanned by CamScanner

**Iyas.7:-6** Iyyaasuu fi maanguddootni Israa'el wayyaa isaanii tarsaasuun sagadaa (jilbeenfatanii ooluu isaanii) **1Sam.4:-12, 2Sam.15:-35, Taarafa Erm.7:-19** uffata isaa tarsaasuun **Naa'imiyaa 9:-1, Mat.11:-21** Isiraa'elootni yemmuu qalbii isaanii jijjiirratan uffata gaddaa (maaqis) ni uffatu. Mataa isaanis aaddachuudhaan ni mul'isu. Akkasumas fuula isaanii qeensaan of madeessu. **Iyyoob.1:-20, Isaayyas 22:-17** dhiironni warri gaddi itti galee mataa isaanii ni aguuggatu.**2sam.15:-20** yeroo namni du'u immoo reeffasaa ni miicu. **Hoj.erg 9:-37** erga miicanii booda urgooftuu ni dibu. Huccuudhaanis ni kafanu, fuulsaatti carqii maru. **Mar.16:-1,Yoh.19:-40, Yoh.11:-44** fi kanneen kana fakkaatan qabu.

## 8. AKKAATAA IJAARSA MANAA

Akkaataan ijaarsa mana jireenyaa isaanii kan biyya keenyaa irraa adda. Irra keessatti akka fooqiitti (gamootti) ni ijaaru. Kutaan irraa kun afaan isaaniitiin **sagannat** jedhama. Yeroo cidhaa fi yeroo gammachuu adda ta'etti fayyadamu.**H/erg.1:-13, H/erg.9:-37, H/erg. 20:-7-9.**

Keessumaa kabaja tokko yemmuu gara isaanii dhufu iddoon bultii isaanii Saggannat keessaadha. **1mot.17:-19, 2Mot.4:-9, Marq.14:-18**

## 9. AKKAATAA LAKKOOFSA YEROO

Akkaataa lakkoofsa yeroo warra Ibirootaa guyyaa tokko kan jedhamu sanbata duraa galgalaa kaasee hanga sanbata guddaa galgalaatti ykn Jimaata galgalaa kaasee hanga borumtaa isaa sanbata duraa galgalaatti guyyaa tokko jedhama. Gaafa gooftaan keenya fannifame guyyaa Jimaataa dhiha jala gaafa ga'u sanbatni seenuudhaaaf jedheera jechuunsaanii kana agarsiisa.

## 10. SEERA CIDHA ISAANII ILAALCHISEE

Akkaataan sirna gaa'elaa warra Israa'elotaa biyya isaanii keessatti kabaja guddaa qaba. Akkaataan walii galtee warra ol fuudhanii yeroo baay'ee kan raawwatu Abbootii isaaniidhaan. Gurbaan tokkoo fi durbeen tokko waliif mallatteessanii akkaataa wali galtee isaanii sanaan raawwachuudhaa yoo



Scanned by CamScanner

baate xalayyaan walii galtee sanaa ciramee kan biraatti heerumuu dandeessi.Guyyaa fuudha isaanii ilaalchisee seerri isaa gurbaa inni fuudhu mana isaatii deemee dhaqee mana firaa taa'a. Intalli immoo wayyaa cidhaa uffattee mana gurbaa deemtee minzolii ishee waliin kaadhimaa ishee eegdi. Firoonnis achitti walitti qabamu.Gara halkan walakkaa yemmuu ta'u gurbaan hamaamota isaa waliin gara manaatti dhufa. Namootni karaa bitaa fi mirgaa jiranis ilil jechaa dabarsu. Minzoliin dhirsa misirroo kana eeganis qodaa ibsaa isaaniitti zayita naqatanii simachuudhaaf eegu. **Mat.25:-6** irrattis waa'eema kanaa kan ibsuudha.Erga dhirsa misirroo simatanii booda balballi mana cidhaa sun ni cufama.Eenyuufuu hin banamu.Akkasumas hamaamota irratti waamamanii irraa hafuunis leyyoo guddaa dha. Akkasumas uffata cidhaa osoo hin uffatiin kan argamus abbaa cidichaa tuffate jedhamee alatti gadi darbatama. **Mat.22:-3-13**

## 11. AKKAATAA KEESSUMMAA SIMACHUU

Israa'elonni mana isaaniitti keessummaa yemmuu simatan sirna isaan godhan keessaa tokko miilla miicuufiidha. **Uum.18:-4, 24:-32** Gooftaan Iyyesuus kiristoos gadi of deebisee miilla bartoota isaatii miicuufiin keessummaan mana keessan yemmuu seenu miilla isaa miicaafii jechuu isaati. **Yoh.13:-1-13, Luq.7:-44** Faarisichi Simi'oon gooftaa keenya mana isaatti simatee miilla isaa waan hin dhiqneef komatameera. Akkasumas yemmuu keessummaa simatan mataa zaayita dibuun amaleeffannaa isaaniiti. **Luq. 7:-45-46** egaa walumaa galatti gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos waa'ee keessummaa simachuu ilaalchisee **Mat. 25:-35-43** irratti kan inni dubbate hojii irra olchuun barbaachisaadha.

## 12. AYYAANA KABAJUU ISAANII

Sirni ayyaana kabajuu isaanis adda. Seera kakuu moofaa keessatti ka'amee jiru hundumaa isaa ni eegu. Akka aadaa saba Israa'elotaattii Jimaata galgala sa'aatiiin 12 tti seennaan balballi mana isaanii illee banaa yoo ta'e banaa dhumatti bula. Eegaan akkaataa ayyaana kabajuu isaanii ilaalchisee kanaan



Scanned by CamScanner

fuuldura Abboommii 10ffaa keessatti sanbata koo kabaji kan jedhu ilaalleerra waan ta'eef achi irraa caqasuun ni danda'aama.

Walumaa galatti kitaaba qulqulluun aadaa Israa'elotaan, afaan isaanii fi biyya isaaniitti Lammii isaaniin kan barreeffame waan ta'eef aadaa isaanii hubachuun barbaachisaadha. Yoo kana ta'uudhaa baate waa'ee kitaaba qulqulluu kana hubachuun rakkisaadha. *Maddi Gazzexaa Simaatsidiq jedhu waggaa 10ffaa 1*

## WAA'EE HIIKOO KITAABA QULQULLUU

Kitaaba qulqulluun aadaa mataa isaatii fi seenaa mataa isaatii akka qabu ilaallee jirra. Aadaa isaa fi seenaa isaa utuu hin beekiin hiikuun hin danda'aamu. Barumsa keenya boqonnaa tokko keessatti osoo seenaa isaa hin beekiin jijjiiruu irraan kan ka'e dogoggorri hedduun uumamuu isaa ilaallee turre. Boqonnaa kana keessatti immoo jechootni kitaaba qulqulluu keessatti bifa addaa addaan barreeffamanii kan jiran waan ta'eef isaanis tokko tokkoon ilaalla.Isaanis:-

1. ***Kallattidhaan kan hiikaman***: - Kitaaba qulqulluu keessa kallattiidhaan kan hiikaman baay'eetu jiru.fkn: Waaqayyo jalqaba samii fi lafa uume. **S/Uum. 1:-1**

- Qormaatatti akka hin galleef jabaadhaa kadhadha. **W/Mat. 26:-41**
- Raajota sobduu irraa of eeggadhaa! **W/Mat.7:-15**
- Amma dhumaatti jabaatee ka dhaabbate ni fayya.**W/Mat.24:-13**

Akkasumas seenaan abbootii amantii kallattiidhaan hiikamanii jiru.

**FKN:**-Seenaa Abrihaam karee ni ba'u **S/Uum.12:-1**

- Seenaa Yaa'iqoobii fi ijoolleen isaa Gibtsiitti godaananii **S/Uum.39:-1...**
- Seenaa Ruutii **M/Ruut.1** kaasee fi k.k.fakkaatan kitaaba qulqulluu keessatti bal'inaan barreeffamanii jiru.

2. ***Fakkeenyaan kan hiikaman***: - Fakkeenyi afaan warra Ibiraayisxiitiin Maashaal jedhama. Waan tokko caalaatti ibsuuf fakkeenyaan dubbatama. Gooftaan keenya Iyyasuus kiristoosis yemmuu biyya lafaa irra deemee



Scanned by CamScanner

barsiisaa ture fakkeenyaan dubbachaa ture, fakkeenyaan malees afaan isaa hin saaqqanne jedha. **W/Marq. 4:-34** Qote bulaan qabee yemmuu barsiisu sanyii fi meeshaa qonnaadhaan bokkaa fi lafaan qabee barsiisaa ture k.k.f baay'een isaanii kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamanii jiru waan ta'eef akka armaan gadiitti ilaalla.

**2.1 Israa'elotni Iddoo Dhaabaa Wayiniitti Fakkeeffamuu Isaanii** R/Isq.5:-1

**2.2** Fakkeenyi Durbummaa Giiftii Keenya Maariyaamii Kan Bara Baraa Ta'uu Isaa. M/W/W Caalu **4:-12, R/Isq. 44:-1-2**

**2.3** Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos Hoolaatti fakkeeffamuu isaa **S/Uum.22:-13**

Iddoo Yisiyaaq Hoolaan qoraatti harangamaa keessatti argamee akkuma qalame iddoo Addaam giiftii keenya Maariyaamii irraa dhalatee fannoo irratti fannifamee kan du'e gooftaa keenya akka ta'e. **R/Isay.53:-3** irratti Hoolaan rifeensa yemmuu irraa muran calluma akka jettu, calluma jedhee afaan isaas hin saaqqanne jedha.

**W/Maat, 27:-1** Ilaa! Hoolaa waaqayyoo cubbuu addunyaa kana kan balleessu. **Yoh.1:-29, Mul/Yoh.5:-6, 14:-1-6, 17:-10, 12:-11, 14:-1-4** irrattis irra deddeebi'uudhaan hoolaa waaqayyoo jedhamuudhaan barreeffamee jira. Fakkeenyi kun hundumtuu Ilma Waaqayyoo Gooftaa keenyaaf barreeffame **S/Ba'uu 12:-1** waa'ee hoolaa faasikaa.

## 2.4 WAA'EE GOOFTAAN KEENYA DHAGAA(KATTAATTI) FAKKEEFFAMUU ISAA:

Kitaaba qulqulluu keessatti gooftaan keenya kattaa (dhagaatti) fakkeeffamee jira. **R/Dan.2:-34** Harki namaa osoo ittuu hin bu'iin dhagaa tulluu irraa folloqe (garagale)…

Israa'elotni osoo lafa onaa keessa adeemanii gaafa dheebotan bishaan kattaa keessaa burqeef dhugan jedha. **S/Ba'uu 17:-6** Kattaan sun Gooftaa keenya Iyyesuus kiristoos ture. **1Qor.10:-4**

- **Isay.28:-16** Ani dhagaa bu'uraa tsiyoon keessa nan ka'a….

- **Far.117:-22, Mat.21:-42, Room. 9:-33, 1Phex.2:-5-7** irratti dhagaa mana ijaartuun tuffatan inni mataa golee qajeelchuudha jedha. **Efes.2:-21** irratti dhagaan golee qajeelchuu iyyasuus kiristoosiidha. Egaan walumaa galatti kattaa jechuun lafa jala hafamee kan jiru jechuudha. Dhagaa guddaa hin sochooneedha. **M/Iyyob 18:-4.**

Akkasumas ilmi waaqayyoo Iyyesuus kiristoosis akkeenya isaatiinis kan hin jijjiramne mootummaan isaas kan hin shaaramne waaqa jabaa bara baraati. Mootichi Daawwit **Far.17:-2** irratti waaqayyo kattaa kooti, da'oo koo fi qoricha kooti. Waaqayyo koo ani abdadhu gargaaraa kooti….jedhee jira.

Qulqulluun Phaawuloos immoo dhagaa bu'uraa isa jedhame irratti bu'ura jalqaba bu'ureeffame malee kan biraa bu'uressuun hin danda'aamu jedhe. Innis immoo gooftaa Iyyesuus kiristoosiidha jedhee jira. **1Qor.3:-11.**

**Mat.7:-24,** irratti namni dubbii koo dhaga'ee hojii irra oolchu hundi nama abshaala mana isaa dhagaa irratti ijaarrate fakkaata jedha. Kanaafis Kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamanii kan jiran as irra dhaabbannee hubachuun barbaachisa dha.

## 2.5 GOOFTAAN KEENYA IYYESUUS KIRISTOOS MANA QULQULLUMMAATTI FAKKEEFFAMUU ISAA

Yoh.2:-19 Isin mana qulqullummaa kana diigaa ani immoo gaafa guyyaa sadii deebisee nan kaasa (ijaara) kan gooftaan keenya jedhe sun waa'ee ofii isaatii ture Yihudotni garuu kallattiidhaan hiikkatan.

## 2.6 FAKKEENYA SOOGIDDAA

Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos duuka bu'oota isaan isin soogidda biyya lafaati akkuma jedhe.**W/Mat. 5:-13** Soogiddi bara dur duriiti jalqabee fayidaa guddaa akkuma kennaa ture isin duuka bu'ootni koo addunyaa kanaaf faayidaa guddaa laattu jechuudhaan soogiddatti isaan fakkeesseera. **Luq.14:-34-35**.



Scanned by CamScanner

Waa'een soogiddaa kitaaba qulqulluu keessatti iddoo baay'eetti barreffamee jira.

1. **Iyyob 6:-6** irratti soogiddi nyaata mi'eessa isin kiristaanonnis addunyaa kana dubbii wangeelaan (hojii gaariidhaan) ni mi'eessitu jechuuf itti fakkeesse.
2. **S/Lew.2:-13** irratti soogiddi aarsaa dhiyaatutti ni dabalama, Fakkeenyuma kanaan kiristiyaanonnis amantii isaaniif jecha aarsaa wareegummaa ni ta'u waan ta'eef.
3. **R/Isq.16:-4** Soogiddi qorichaa dha. Fakkeenyi isaa kiristaanonnis kan cubbuudhaan dhukkubsataniif qoricha tolummaa waan ta'aaniif.
4. **S/Lak. 18:-19, 2m/s/baraa 13:-5** irratti soogiddi walii galtee waadaa kan dhugoomsuudha. Kiristaanonnis waadaa waaqayyo nu fay'isuuf seene kan dhugoomsan ragaas waan ta'aniif. **Luq.24:-48**
5. **Izra 4:-14** Soogiddi qarshiidha.Kiristaanonnis waaqayyo harka isaatiin kan uummate, dhiiga isaa qulqulluun kan bite qarshii waaqayyooti.
6. **M/A/Firdii 9:-45** Soogiddi raayyaan loltuu waraanaa magaalaa diinota isaanii yemmuu balleessan kan itti bittimsaniidha. Kiristaanonnis gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos bulchiinsa si'ooliin erga balleesse rayyaa seexanaa barbaddeessuun mo'atee booda sanyii gaarii Aduunyaa irratti faca'anii dha.
7. **W/mat, 5-13,19-20 :-** Soogidii ba'eessa(gaariidha) jedhama. Garuu, mi'a'ina of keessaa yoo dhabe bakkeetti gatamee dhagaa jedhama. Amantootnis gaarummaa qabu, waan gaarii ta'e Kan Kitaabni Qulqulluun Nama abboomu hojechuu baannan garuu si'oolitti gatamuun waan hin oolef. Egaa walummaa galatti Gooftaan keenya Iyyessuus kiristoos warra isaatti amananiin ofii keessaniif soogidda qabaadhaa jedhee fakkeenyaan dubbatee jira **Mar 9-50,** Q/Phaawuloos immoo tokkoo tokkoon keessan akkamittiin akka deddeebitan aleelaa hubadhaa dubbanaan keessan immoo yeroo hundummaa ayyaana Gooftaadhaan akka soogiddaa kan mi'aa'e haa ta'u jedhe. **Qola, 4-6** k, k, f. kitaaba Qulqulluu keessatti soogidda haa jedhu iyyuu malee fakkeenyi isaa wa'ee amaantootaa haasa'a.



Scanned by CamScanner

## 2.7. *FAKKEENYA HOOLAA FI RE'EE*

Kitaaba Qulqulluu keessatti waa'een Hoolotaa fi Re'ee fakkeenya tolootaa fi cubbamootaa ta'uudhaan barreeffamee jira. W/mat, 25-33 irratti Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos murtoo isa dhumaa kennuuf yemmuu dhufu, Hoolota gara mirga isaa, Re'oota immoo gara bita isaa dhaaba jedha. As irratti hoolota kan jedhaman toloota yemmuu ta'an re'eetti kan fakkeefaman immoo cubbamoota.

### a. *TOLOOTNI MAALIIF HOOLAATTI FEKKEEFFAMANII*?

Hoolotni garraamiidha, Yemmuu adeemaniis saggoo isaanii gad-cabsanii boquu buusuudhaan adeemu. Kana malees Hoolaan billiitii (qaama) ishee duboo isheen aguuggattee deemti. Dhoqees hin balfitu (soddaattu), akkasumas yeroo marga nyaatan waliin ga'anii nyaatu.

Toolonnis Hoolatti kan fakkeeffaman garaamummaa qabu. Gadis of deebisanii jiraatu, Cubbuu isaanii qalbii jijjirrachuudhaan, tolummaadhaan, dhokfatu. Cubbuu obboleessa isaaniis obsaan dhoksuuf, Rakkina isaaniitti dhufus hin sodaatan, amantiidhaan keessa darbu malee. Waan argataniis jaalalaan waliin hirmatanii nyaatu, sababa kanaf kana fakkataniif Hoolatti fakkeeffamu.

### b. *Cubbamoonni maaliif re'eetti fakkeeffaman*?

Re'een yemmuu deemtu morma ishee ol ol qabdee deemti. Akkasumas billitii (qaama ishee) soqolatteetu deemti. Dhoqqee hin jaal'attu. Iddoo tokko hin dhaabbattu, waan argatte nyaatti. Cubbamoonnis akkasuma yeroo hundumaa oftuulummaan jiraatu. Cubbuu mataa isaanii qalbii jijjiirrannaadhaan badi obboleessa isaanii immoo obsaan hin dhoksan. Rakkinnii fi qorumsi yemmuu itti dhufu laguu fi kadhannaan qooda mo'atan amanti isaanii dhiisu. Amantiitti jiraachuu dadhabanii akkuma re'ee asiif achi deddeebi'u (Amantii isaanii jijjiirratu). Waa'ee laguu, waan qulqulluu fi xura'aa adda baasanii hin beekan. Waanuma argan nyaatu k.k.f. waan raawwataniif re'eetti fakkeeffamu.



Scanned by CamScanner

## 2.8. FAKKEENYA MOOTUMMAA WAAQAYYOO: - Mat.22:-1-13

irratti Mootummaan waaqayyoo mootii ilma isaaf cidha godhee fakkaatti jechuu dhaan kan barreeffame hiikoo gurguddaa 5 qaba.

**Hiikoo 1ffaa:-** Mootii inni jedhame sun **waaqayyootti** fakkeeffama Cidhatti inni fakkeeffame **seera ooritii (kakuu moofaa) Dhangaatti** inni fakkeeffame **ajaa'iba gargaarsa eebba waaqayyooti**. **Warri** jalqaba (dura) waamuuf ergaman sun immoo raajoota warra gurguddoodha (አበይት ነብያት). 2ffaa warri ergaman immoo raajoota warra xixiqqoo (ደቂቅ ነብያት). Isaanis kanneen akka **Osaayii fi Yoonaasiiti**.

Wayyaa cidhaa kan hin ufanne jechuun seera ooritii osoo hin raawwatiin kan dhufe jechuudha, Eebbaa fi ajaa'iba waaqayyootti dhiyaachuuf utuu hin maliin dhiyaachuuf kan dhiyaatan (dhufanitti) fakkeeffamu. Loltootni warri jedhaman mootii biyya Faarisii fi Baabiloonitti fakkeeffamu.

**Hiikoo 2ffaa:-** Nugusa (mootii) inni jedhame ilma waaqayyo Gooftaa Iyyesuus kiristoosiidha. Cidhatti inni fakkeeffame wangeela. Dhangaatti inni fakkeeffame sun mucummaadha. Jalqaba (dura) kan ergaman barattoota, 2ffaa irratti kan ergaman gargaartota barattootaa 72nu wayyaa cidhaa kan hin uffanneetti kan fakkeeffamu seera wangeelaa osoo hin eegiin mucummaa kan hawwan jechuudha. Loltootni ergaman mootota warra Roomaati. Loltuun sun mootii Xiiroos loltoota isaa itti erge. Saba Israa'eel warra didanitti loltuu akka dallaatti itti ijaarsisee waraana isaatin dhukaasa itti bane.

**Hiikoo 3ffaa:-** Mootiin sun gooftaa Iyyesuus kiristoosiidha. Cidhatti kan fakkeeffamte misirroo ishee samiidhaa gooftaanis dhiiga isaan kan qulqulleesse mana qulqullummaadha. Dhangaatti kan fakkeeffame foon isaa fi dhiiga isaati. Jalqaba (dura) kan ergaman luboota, 2ffaatti kan ergaman barsiisota wangeelaadha. Kan waamaman amantoota qote bulaan, qonnaadhaan, daldaalaan gabaadhaan, abbaan manaa haadha manaadhaan sababa garaa garaa uumuudhaan cidhicha irraa hafuun amilee (yaada



Scanned by CamScanner

lubootaa fi barsisotaa ni ajjeesu, (ni dadhabsisu). Kanaaf nugusichi (mootichi) (gooftaan Iyyesus kiristoos) jara kana dha'ichaan, dhukkubaan, waranaan fi k.k.f. isaan adaba.

Wayyaa cidhaa kan hin uffanneetti kan fakkeeffaman immoo utuu qalbii hin jijjirratiin nama qurbaanattii dhihachuu barbaadetti fakkeeffama.

**Hiikoo 4ffaa** Nugusa (mootitti) inni fakkeeffame gooftaa keenya Iyyesuus kiristoosiin yemmuu ta'u, fakkeenyi mana chidhaa mootummaa waaqayyooti. Dhangaan qophaa'ee immoo jireenya baraa baraati. Warri ergaman immoo barsiisota afuuraati. Warri waamaman amantoota haa ta'u iyyuu malee fedhii fooniin qabamuudhaan waamicha mootummaa waaqayyoo hin fudhannee barsiisota afuuraa ni tuffatu.

**Mul/Yoh. 21:-8** irratti warri hin amannee warri xuraa'oon warrii lubbuu ajjeesan, warri sassatan, warri qoricha namatti godhan, Warri waaqa tolfamaa waaqessan, warri soban hundumtuu carraan isaanii kuufama ibiddaa keessatti gatamuudha. Kuufamni ibidaa kun du'a isa 2ffaa dha. Kana jechuun warra waamicha isaa hin fudhanneef kan qophaa'ee dha.

**Hiikoo 5ffaa:-** Mootiin sun Gooftaa keenya Iyyesuus kiristoosii dha. Fakkeenyi mana cidhaa Giiftii keenya Maariyaamii dha. Sababni isaas foon ishee irraa foon, lubbuu ishee irraa lubbuu, dhiiga ishee irraa dhiiga fudhatee kan dhalate gooftaa keenya Iyyesuus kiristoos misirroo samii waan ta'eef. Waa'ee isa kanaa Abbaan Efreem Wuddaasee (galata) gaafa roobii irratti misirroon dubroo Maariyaamiidha mana cidhaa mudaa hin qabne qulqulluu qulqullootaa dha jedhee jira. Fakkeenyii dhangaa qophaa'ee immoo haadhummaa ishee fi araarsummaa ishee ti. Akkasumas Wuddaasee (galata) ishee fi qiddaasee (qulqulleessa) ishee ti. **Luq. 1-20, 1:-42-48, Yoh.19:-26-27.**

Fakkeenyi warra ergamanii immoo iddoo abbootii keetii ijoolloonni kee siif dhalatan jechuudhaan kan Daawwit raajii dubbate dha. **Far.44 (45):-16** kan jedhe barattoota beektoota, lubootaa fi amantoota isaan kun maqaa giiftii



Scanned by CamScanner

keenya Maariyaamii dhalootaa dhalootatti ni waamsisu (ni yaadachiisu). Araarsummaa ishees ni dubbatu waan ta'eef.

**Far.44(45):-17** shakkitoota warri kanatti hin amanne jaalallee mucaan ishee gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos loltootatti kan fakkeeffaman ergamoota isaa ergee ijaa isaan ba'a jechuu isati.

Gooftaan Iyyesuus kiristoos ofii isaati misirroo, barattootni isaa immoo minzeetti akka fakkeeffaman barreeffamee jira. **Mat.9:-15, Yoh.3:-30, Efes. 5:-53.** Dhuma irratti gara karaatti ba'aatii namoota agartan hundumaa naaf waamaa jedhe gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos akka abboometti hamootaa fi tolloota walitti qabuun isanii fakkeenya barsiisonni afuraa kallatttii afuriin bobba'aanii barsiisuun amansiisanii cuuphuu isaanii agarsisa. Fakkeenyi warri hamootaadhae amananii erga cuuphamanii booda hojii gaarii isaan irraa egamu warra hin hojjetnetti fakkeeffamu. Tolotatti warri fakkeeffaman immoo amananii cuuphamanii hojii gaarii warra hojjetanii dha. Egaa gara mana cidhaa kan jedhame immoo gara dubbii wangeelaa, gara mana kiristaanaa, gara mootummaa waaqayyootti, gara harmee waaqayyoo giiftii Maariyaamiitti yemmuu waamamu warra sababa dhiheessan ta'uu hin qabnu.

3. Abbaan keenya Abrihaam ***karaan*** keessaa ba'i gaafa jedhamne sababa tokko osoo hin dhiheessin ba'uudhaan eebbifameera. **S/Uum.12:-1**
4. Yaa'iqoobis ***Seekem*** keessaa akka ba'uuf gaafa waamamu sababa hin dhi'eessine. **S/Uum.35:-1...**
5. Barattootni gooftaas kiyyoo keessan lafa ka'aa na duukaa bu'aa jedhe gooftaan Iyyesuus kiristoos gaafa isaan waamu sababa tokko osoo hin dhiheessin kiyyoo isaanii lafa kaa'uun duukaa bu'an. **W/Mat. 4:-18-22**. Kanaaf waamichi nuuf godhamu kan lafa irraa osoo hin taane kan samii irraa waan ta'eef har'uma kana amannee gara mana cidhaatti kan fakkeeffamu sagalee waaqayyoo fudhanneen mana waaqayyootti deebinee jiraachuu qabna. Har'a yemmuu inni nu waamu yoo cal'isne, inni immoo dabaree isaa yemmuu nuti waamnu gaaf tokko nu duraa



Scanned by CamScanner

cal'isuu danda'a. **Ibr. 3:-1, M/FKN. 1:-24.** Kana irraa kan ka'ees bo'ichaaf iyya gatii hin qabne bo'uun hin hafu. **Mat.24:-30**

## 2.9. FAKKEENYA NAMICHAA WAYYAA CIDHAA OSOO HIN UFFATIIN MANA CIDHAATTI OL SEENE.

Kun immoo hiikoo shan (5) qaba. Isaanis:-

a. Wayyaa cidhaa osoo hin uffatiin jechuun, seera Museetti kenname utuu hin raawwatiin, dhangaatti kan fakkeeffame ajaa'iba waaqayyoo, gargaarsa fi eebba isaa akkamitti hawwita jechuu dha.
b. Seera wangeelaan jabaattee osoo hin dhaabbatiin seera wangeelaa utuu hin raawwatiin mucummaa argachuu akkamitti hawwita jechuu dha.
c. Heeraa fi seera mana kiristaanaa osoo hin eegiin, osoo qalbii kee hin jijjiirratiin foonsaa fi dhiigaa isaa akkamitti fudhatta? Jechuudha.
d. Wayyaa cidhaatti kan fakkeeffame amantii osoo hin qabaatiin hojii amantiis osoo hin raawwatiin akkamitti mootummaa waaqayyoo dhaaluuf hawwita? Jechuudha.
e. Wayyaa cidhaatti kan fakkeefame araarsummaa Giiftii Maariyaamii haadha waaqayyoo ta'uu ishee, waadaa isheedhaaf seename utuu hin amaniin, utuu hin fudhatiin akkasumas waaqayyo biraa kan ergame kan akka qulqulluu Garbi'eelii utuu hin galateeffatiin **Luq. 1:-26**, kan akka qulqulleettii Elsaabeeti harmee Yohaannis cuuphaa osoo hin galateeffatiin **Luq.1:-40-42** mootummaa mucaa ishee akkamittinan dhaala jette kan jedhutti fakkeeffama.

Egaa walumaa galatti barri kun bara hamaa wayyaa cidhaa nama irraa balleessu, bara qormaatni baay'atu waan ta'eef wayyaa cidhaa osoo hin uffatiin eessaa as galte jedhamnee akka nutti hin murtoofneef uffadheen jiramoo hin jiru jennee mataa keenya qoruun barbaachisaa dha. **2Qor.13:-5**

Jireenya keenyas namummaa keenyas qoruun, ilaaluun, barbaachisaa dha. Dogoggorsitootni kan uffatanii jiran, itti fakkaate qullaa kan deeman, amantii keenya, seerota keenya, Afoola keenya, seenaa fi qulqullina keenya


Scanned by CamScanner

kan fakkaatan nurraa baasanii qullaa akka nun hin hambisneef kadhannaa, laguu fi sagadaatti jabaachuun nurraa eegama.

## 2.10. FAKKEENYA DUBARTOOTA KURNANII

Iccitiin kudhan ta'uu dubartoota kanaa Israa'elota biratti wanti kudhan (10) jedhamu waan cimaa (jabaataa dha). **Mat.25:-1-12** irratti seenaan dubartoota kurnanii barreeffamee jiru hiikoo isaa armaan gadiitti tokko tokkoon ilaalla.

***Hiikoo 1FFaa:-*** Ibsaa Isa jedhamutti kan fakkeeffamu; amantii, laguu, kadhannaa, gadi of deebisuu, qulqullinaa fi k.k.f tti fakkeeffama.

❖ Zayita: - Inni jedhamu immoo jaalala. Warri gowonni zayita hin qabne jechuun isaa immoo jaalala hin qaban jechuu isaa ti. Jaalalli gudunfaa waan hundaa waan ta'eef 1Qor. **13:-1-2**.

❖ Warri abshaalonni zayita ga'aa qabaachuu isaanii agarsiisa. Namni jaalalaan jiraatu waaqayyoo wajjin jiraata akkuma Yohaannis jedhe **Erg/1Yoh.4:-17**.

**Hiikoo 2ffaa**- Ibsaa inni jedhame amantii dha.

-Zayita inni jedhame immoo hojii gaarii dha.

❖ Gowwootni zayitiin jalaa dhume immoo hojii gaarii hin qaban jechuu dha. **Erg/Yaa'iq.2:-19** irratti amantiin hojii gaarii hin qabne du'aa dha akkuma Yaa'iqoob jedhe.

❖ Abshaaloonni zayitii qabaachuun isaanii amantii fi hojii gaarii wal simsiisanii qabaachuu isaanii kan agarsiisuu dha.

**Hiikoo 3ffaa**- Ibsaa: - Inni jedhame qulqullina foonii ti.

- Zayita:.- Inni jedhame immoo qulqullina lubbuu ti.

❖ Goowwota Zayita jalaa dhume jechuun quqlullina foonii malee qulqullina lubbuu hin qaban jechuu dha. Akkas jechuunis immoo dubbannaa isaaniin, hojii harkaa isaaniin, yaada laphee isaanii isa hamaa dhaan hojii lubbuu isaanii ajjeesu hojjetu jechuu dha. **Mul/Yoh.**



Scanned by CamScanner

**21:-8, Yaa'iq. 3:-1** irrattis waa'een arraba ofiidhaa guutummaa namummaa keenyaa ajjeesuu akka danda'u barreeffamee jira. Abshaalonni garuu zayita guuttatanii qabu jechuun isaa qulqullina foonii fi lubbuu wal simsisanii qabu jechuu isaati.

**Hiikoo 4ffaa**- Ibsaa inni jedhame jaalala.

- Zayita inni jedhame immoo abdii dha.

❖ Gowwoota zayita hin qaabne jechuun jalaala fi abdii hin qaban jechuu dha.

❖ Abshalootni zaayita qabatanii jiru jechuun isaa jaalala dhugaa fi abdii qabatanii jiru jechuu isaa ti. **1Qor. 13:-13** irratti amantii, abdii fi jaalalli tokkummaan jiraatu akkuma jedhu. Abdii kutachuu fi abdii dhabuun dhukkuba isa cimaa dha.

**Hiikoo 5ffaa**-Ibsaa inni jedhame kadhannaa dha.

- Zayita inni jedhame immoo gadi of deebisuu (kaasomina) qabaachuu dha.

❖ Gowootni zayita hin qaban jechuun isaa gadi of deebisu hin qaban. jechuu isaati

❖ Abshaalonni garuu kadhannaa fi gadi of deebisuu isaanii kan agarsiisuu dha. **Luq.18:-9** irratti faarisicha fi namicha isa qaraxa fuudhu hubachuun barbaachisa dha. Egaa walumaa galatti amantii qabaachuu qofaan mootummaa waaqayyootti galuun hin dandaa'amu. Yeroo akkas jennu immoo ani amantiin koo Tawaahidoo dha, ishee jalqabaati nan tsooma, nan sagada fi k.k.f jechuu qofaan mootummaa waaqayyootti galuun hin danda'aamu jechuu dha. Dabalata hojii gaarii qulqullinaa foonii, lubbuu, abdiin jiraachuu fi gadi of deebisanii kadhachuun qophaa'uun barbaachisa dha. Yoo akkas ta'uudhaa baate akka dubartoota gowwoota Sanaa ta'uun hin oolu.

❖ Misirroo isaan simachuudhaaf qophaa'aan sun Gooftaa keenya Iyyesuus kiristoosii dha. Simachuudhaaf qophaa'an inni jedhu immoo dhufaatii isaa isa 2ffaa nuti si'achi eeggannuu dha.



Scanned by CamScanner

- Utuu eeganii rafan inni jedhu sun immoo hanga dhufaatii gooftaa keenya Iyyesuus kiristoositti gowwotnis ta'e abshaalonnis ykn qulqulloonnis ta'e cubbamoonnis du'a foonii isa irribaatti fakkeeffamu walumaan rafuu isaanii kan agarsiisuu dha.
- Dhirsi misirroo dhufeeraa ka'aa simadhaa inni jedhame immoo **2Tos. 4:-16** irratti akkasumas **1Qor.15:-51-52** irratti dhuufaati gooftaa keenya fuldura angafa ergamootaa Q/Mikaa'eeliin labsiin ka'aa du'a keessaa jedhu kan agarsiisuu dha.
- Warri gowwotiin warra abshaalotaan zayita keessan irraa nuuf qoodaa jechuun isaanii immoo hojii amantii ofii hojjettanii qabdan, tiruufaatii keessan (seeraan kan murtaa'e) caalaatti kan hojjeettan nuuf qoodaa jechuu isaanii ti.
- Warri abshaalonni nurraa hafee isin hin ga'u jechuun isaanii guyyaa dhumaa obboleessi obboleessa isaaf, abbaan ilma isaaf, abbaan manaa haadha manaa isaa oolchuu hin danda'u jechuu isaati.
- Gara magaalaa deemaa bitadhaa jechuun isaanii immoo dhaqaa sillaasee dhiifama gaafadhaa, hojii fay'inaa namaaf laatu dhaqaati dadhaboota gargaaraa, kennaa kennaafii jechuu dha. Haa ta'u iyyuu malee yeroon sun halkan walakkaa waan ta'eef yeroo itti bitanii gurguranis waan hin taaneef argachuu hin dandeenye, qophaa'anii waan hin jiraanneef dhirsa misirroo simachuu hin dandeenye jechuu isaati.

## 2.11. ***FAKKEENYA MOOT II ISA NAMA SADIITIIN ITTIIN GURGURAA (DALDAALA) BU'AA ISAA NAAF FIDAA JEDHEE. W/Mat. 25:14-30.***

Mootummaa waaqayyootti warri galan maal akka fakkaatan gooftaan keenya kan barsiise tajaajiltoota isaa nama sadiitti nagadanii akka buusaniif kan inni itti kenne hiikoo isaa akka armaan gadiitti ilaalla.



Scanned by CamScanner

- Mootummaa waaqayyootti kan fakkeeffame seera wangeelaa ti. Seera wangeelaatti jabaattanii argamnaan mootummaa waaqayyoo ni dhaaltu waan ta'eef.
- Mootiitti inni fakkeeffame gooftaa keenya Iyyesuus kiristoosii dha.
- Qarshii inni jedhame immoo dubbii sagalee isaa aboo lubummaa inni laateef sagalee isa qulqulluu inni barsiisee dha
- Fakkeenyi abbaa Maakileetti (qarshii) Shan immoo hiikoo garaa garaa qaba.
- Barumsa barate sirriitti hubatee kan isa fakkaatan barsiisuudhaan kan oomishe jechuudha, akkasumas aboo isaaf kennameen namoota barsiisuun ofii isaa fakkeessuu dhaan kan muude jechuu dha. Isaanis:-

a. Musee: - Museen dubbii waaqayyoo barachuun kan barsiise caalaa kitaaba seeraa shan barreesseera waan ta'eef.

b. Pheexiroos: - Qulqulluun Pheexiroos barsiisuun Qaalamanxosiin muudeera (baaseera) waan ta'eef. Akkasumas barsumsa Gooftaa isaa irraa barateen ergaa gurguddaa lama barreesseera waan ta'eef.

c. Tokkos Phaaphaasoota: - phaaphaasootnis aboo isaaniif kennameen Lubootaa fi Diyaaqunoota baayyee muuduun (dibuudhaan ) Amantotni akka cuuphaamanii fi Qorroban godhu waan ta'eef , dabalatas barsiisuudhaan iddoo isaanii bu'anii phaaphaasii kan ta'an ni oomishu waan ta'eef.

Tokkos Makileetii shanitti kan fakkeeffame ijoon gurguddaan shan mucaa namaan raawwachuu qabuudha. Isaanis: - Amantii, Gammachuu, Dhiifama, Obsaa fi abdiidha. Karaa kan biraa immoo cuuphaa, cubbuu ofii amanuu, wareegamummaa, Baayitaawwii ta'uu fi Monokkosanii jiraachuu jechuudha.

- Abbaan Makleetii Lamaa immoo, Fakkeenyi isaa barumsa Amantii sirriitti barachuudhaan, Gorsuudhaan, fakkeenyummaa gaariidhaan ofii isaa fakkeessee barsiisaa biraa kan oomishe jechuudha. Tokkos, qulqulluu Pheexiroosiidha kan barateen deebisee ergaa lama barreesseera waan ta'eef.
- Tokkos amantoota barsiisuun kan qorrobsiise Luba Abbaa Makleetii (Qarshii) tokkootti kan fakkeeffamu barumsa barate sirriitti barsiisuu



Scanned by CamScanner

dhiisee laphee isaa keessa kan awwaaletti fakkeeffama. Innis tokko Yihuudaatti fakkeeffama.

❖ Baratttootni warri kaan barumsa Gooftaa irraa baratan hundumaa hojiitti jijjiiraniiru Yihuudaan garuu kana hin raawwanne waan ta'eef Iddoo itti hin facaasnee kan haammatu, iddoo itti hin bittinsinees kan walitti qabatu jechuun isaa immoo seera utuu namaaf hin tolchiin yaada lapheen maaf hin hubattu jettee barsiisaa utuu hin ka'iin seera uumamaa ilaaluun (qorachuun) maaliif hin hojjenne jechuudhaan kan namatti murteessitu nama cimaa ta'uu keen sii sodaadha jechuu isaati. Hattuun akka hin hanneef qoteen awwaale jechuun isaa immoo mootootni biyya lafaa Abiddaa fi seefiidhaan akka nan balleessineefin sodaadheen, barsiisuus, gorsuus dhiisee laphee koo keessa kaawwadhe jechuudha.Dukkana alaatti gadi baasaa! Darbadhaa! Jechuun hiikoo lama qaba. Innis 1, Barsiisotni beekumsa isaanii ibsaa Gaanii jala ka'an kabaja barsiisummaa isaaniitiin mootummaa Waaqayyoo hin galan jechuudha. Garuu amantii isaanii hin ganne yoo ta'e, qalbii jijjiiratanii akka cawwaa tokkootti ni seenu. 2, Barumsa fudhate /itti kenname ibsaa gaanii keessaa gochuun kan hukkaamse ykn kan hin barsiifne gara si'oolitti gara ibidda Gahaannamitti darbatama jechuudha.

- Innumti inni qabu iyyuu harkaa fudhatama kan jedhame immoo Amantii qabaatee ija hojii Amantii yoo hin argisiisne, kan bu'aa hin buufne yoo ta'e Amantiin isa irraa fuudhamee deebi'ee Gantuu ni ta'a jechuudha.
- "Waan xiqqoo irraatti amanamteettaa waan guddaa irrattis sin muuda" jechuun waan xiqqoo inni jedhamee jireenya biyya lafaa kanaadha. Yoo baayyee baayyate waggaa 70 ykn 80 keessa kan jiraannu Far. 89/90/:- 9-10 baayyee irrattin si muuda inni jedhame immoo mootummaa Waaqayyoo ti. Sanaan kan muudamu tokko illee hin jiru waan ta'eef Rom. 8:-18 Egaa walumaa galatti Mootummaa Waaqayyoo dhaaluuf harra yeroo gabaabduu biyya lafaa kana keessa jiraannu keessatti nan beela'ee , nan dheebodhee, utuu hin jedhiin buunee ba'uun rakkinaa fi gidiraa biyya lafaa obsuudhaan hunduma isaa dandeenyee dirqama nutti kenname ba'uu nu barbaachisa. Yeroo hundumaas dubbii afuuraa dhaan qophoofnee jiraachuunis nu barbaachisa.



Scanned by CamScanner

## 2.12. *Fakkeenya Hojjetoota Abbaan Qabeenyaa tokko yeroo addaa addaatti waamee isaan qacaree gatii wal fakkaataa immoo isaaniif kenneef. Mat. 20:-1-15*

Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoos waa'ee Mootummaa waaqayyoo fakkeenyaan yemmuu ibsu, kan inni kaa'ee kun hiikoo mataa isaa danda'e qaba.

- Mootummaa Waaqayyootti kan fakkeeffame seera wangeelaati. Sababni isaas Wangeela barachuun itti jiraachuun Mootummaa Waaqayyoon nama ga'a waan ta'eef.
- Abbaa biqiltuu inni jedhame Gooftaa keenya Iyyesuus Kiristyoos Mootummaa Waaqayyootti kan nama galchu isa waan ta'eef
- Iddoo biqiltuu kunuunsaa kan jedhame biyya lafaa irratti mana qulqullummaa, biyya Waaqaa irraatti immoo Mootummaa Waaqayyootti ni fakkeeffama. Hojjettootni yeroo adda addaatti waamaman immoo fakkeenya Amantootaati. Yeroo addaa adda isaan itti waamaman immoo tokko ganama keessaa sa'atii sadii kaan immoo guyyaa keessaa sa'atii ja'a , sa'atii sagal akkasumas sa'atii kudha tokkotti waamaman. Hiikoon yeroo kanaa dhaa yemmuu hiikamu

<u>FKN</u> warra sa'atii sadiitti waamaman ijoollee waggaa torbaa hanga digdamaatti kan jiran kan ilaallatuudha. Ganama jechuun isaa ijoollummaa jechuu isaati.

FKN: - Warra sa'atii ja'atti waamaman immoo namoota waggaa digdamaa hanga afurtamaatti jiran (20-40) kan ilaallatuudha.

FKN: - Warri sa'atii 9:00 tti waamaaman immoo namoota waggaa 40-60 tti jiran kan ilaallatuudha. Erga galgalaa'ee satii 11:00 tti warra waamamanitti kan fakkeeffamu immoo waggaa 60-80 tti namoota jiraataniidha.

- Erga galgalaa'ee booda abbaan Biqiltuu sanaa hooggantoota isaa waamee hojjettoota isaaf qarshii tokko tokko gatii isaanii kenniif jechuudhaan kan inni abboome immoo Ergamoota Qulqulloota. Erga galgalaa'ee kan



Scanned by CamScanner

jedhu kan inni itti fakkeeffamu, guyyaa deebii Gooftaa isaa dhumaatii (Xumuraatii). Ajajamootni Gooftaa warri biqiltuu sana hojjechisaan guyyaa isa xumuraa sanattis ga'ee guddaa akka qaban Macaafa Qulqulluu keessatti barreeffamee jira. Mat. 13:-39-43

- Hunduma isaaniif wal qixa qarshii tokko tokko kenneef kan jedhamutti kan fakkeeffamu immoo, Mootummaa Waaqayyoo tokkicha kan ta'e sana isaan galcha (kennaaf) jechuudha.
- Warri ganama dhufan warra galgala dhufanii wajjiin wal qixa yemmuu kennamuuf gaddanii gunguman jechuutti kan fakkeeffamu Inaaftummaan qulqulloota keessa jiraatee osoo hin taane, Yaada namni namarratti yaadu haalaan akka nama irratti mul'atutti namni kan nama irrati ilaalu kan ibsuu fi Waaqayyo inni laphee namaa keessa ilaalu immoo murtii qajeelaa kennuu isaa kan nama hubachiisuudha. Murtee waaqayyo murteessus akka kan namaa waan hin taaneef , Ibr.4:-13 , R/Isa,55:8
- Tokkos ganama ykn yeroo adda addaa tti warri waamaaman kan isaan itti fakkeeffaman ganama warri waamaman Zamana Abew (አበው) bara Abbootiitti fakkeeffamu. Barri kunis Addaamiitii hanga Museetti kan jiraniidha.
- Sa'a 3:00 tti kan fakkeeffamu immoo bara Abboota Firdii (Saamu'el irraatii hanga Moototaatti) kan jiruudha.
- Sa'a 6:00 ttii kan fakkeeffamu immoo bara moototaatii hanga raajootaatti kan jiraniidha.
- Sa'a 9:00 tti kan fakkeeffaman immoo Bara Lubootaa (Bara Raajootaatti) kan fakkeeffamuudha.
- Sa'a 11:00 tti kan fakkeeffamu immoo bara kakuu haaraa ykn bara Gooftaan kenya Iyyesuus fooniin dhalte (Zamane Siggaawee) tti fakkeeffama.

Gudunfaan dubbii kanaa, Gooftaan keenya yemmuu dubbatu warri duraa booda warri boodaa immoo dura ta'u jedha. Akkas jechuun isaas, waarri dura waamamanis ta'e, warri booda waamamanis hanga xumuraatti jabaatanii dhaabbatanii jennaan mootummaa Waaqayyoo tokkicha sana ni dhaalu. Karra tokkos ni ta'u jechuu isaati.



Scanned by CamScanner

*Icciitii dhaan kan Hiikaman*

Kitaaba qulqulluu keessatti jechootni icciitii gadi fagoo qabaatan irra isaa keessaa qofa yoo ilaalle kanneen akkasii kana icciitii isaa yoo hin hubanne dhaamsa inni dabarsu hubachuun hin danda'aamu. Icciitii kanas hubachuun kan dandaa'amu qorachuu fi qayyabachuudhaan osoo hin taane yoo Waaqayyoo namaaf ibse qofa. Waa'ee isa kanaa ilaalchisee Luq. 24:-45 irratti jecha (Hiikoo) macaafolii akka hubataniif Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoos sammuu yaada barattoota isaatii baneef jedha. Asi irratti egaa kan hubannu namni tokko dubbisuu ykn barreessuu danda'uu isaatiin qofa icciitii kitaaba qulqulluu hubachuun akka hin danda'amne nuuf ibsa.

❖ Kitaaba qaqulluu keessatti waa'een **Icciitii** jedhu iddoo baayyeetti barreeffamee jira. Tokko lamaan akka armaan gadiitti ilaalla.

1. Roomee 16:- 25 -27 waa'een Iyyesuus kiristoos kitaaba raajotaa keessatti **Icciitiidhaan** haguugamee kan ture ormootatti mullachuu isaa ibsa.
2. 1Qor. 2:6-7 nuti warra bilchaatan (hubannaa) qaban gidduutti ogummaa dhaan dubbanna. Dhokatee kan ture waa'ee **Icciitii** Waaqayyoo ogummaadhaan dubbanna.
3. Efeson. 6:-19, Qol. 4:-3-4:- Qulqulluun phaawuloos **Icciitii** wangeelaa sirriitti akkan beeksisuuf, akkan barsiisuuf naaf kadhadhaa jedhe.
4. Efe. 3:-9, Qol. 1:-26 dubbii Waaqayyoo akkan lallabuuf ani tajaajilaa mana kiristiyaanaan ture. Dubbiin Waaqayyoo kunis bara baraan dhaloota irraa eegalee dhokatee kan ture **Icciitiidha**. **Icciitiin** kunis qulqullootaaf immoo kan mul'ate (kan ibsame dha.) FKNf See.Ba'uu 17:-6 irratti waa'een bishaan kattaa keessaa burqee Isiraa'elootni dhuganii kanaa **Icciitii** dhokataa bara dheeraa ture. Qulqulluu Phaawuloos yemmuu hiiku dhagaa kattaan sun Gooftaa Iyyesuus Kiristoos ta'uu isaa mul'isa.

Egaa walumaa galatti **Icciitii** hedduu kitaaba qulqulluu keessa jiran hubatanii hubachiisuudhaaf ayyaanni fi hafuurri Waaqayyoo namaaf kennamuun ni barbaachisa. Kana argachuudhaaf immoo qulqullummaatti jiraachuu laguu fi kadhannaan barbaachisaa dha. Akkuma qulqulluun Phaawuloos naaf kadhadhaa jedhe, karaa biraa argachuun kan fudhattan, kan dhageessanii fi

kan argattan isin akkasuma godhaa kan inni jedhe irratti hundaa'uudhaan abboota irraa barachuun **Iccitii** hubachuun ni dandaa'ama.

Mat. 11:-18, Yoh. 13:- 15, 1Qor. 11:-1, 1phex. 2:-2

**Icciitii** akkaataa kanaan barreeffamee ka'ame kana Hafuura Waaqaayyoon kan barreeffame waan ta'eef namni akka fedha, mataa isaatti hiikuu hin danda'u.

2phex. 1:-20, **Icciitii** heedduu kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamnii jiran hiikoon isaanii ajaa'ibsiisaa kan ta'e tokko lama akka armaan gadiitti ilaalla.

1. **Ijoolleen waaqayyoo Ijoollee namootaa Fuudhan. S.um. 6:-2**

Kutaa kitaaba qulqulluu kana keessatti ijoolleen Waaqayyoo fi ijoolleen namootaa warri jedhaman eenyuu fa'ii? Icciitii kana hin beeknu yoo ta'e, deebii kanaa laachuun rakkisaadha. Namootni tokko tokko icciitii isaa kan hin hubanne ijoollee Waaqayyoo kan jedhaman ergamoota Waaqayyooti yemmuu jedhan ni dhaga'ama. Garuu Mat. 20:30 irratti ergamooni Waaqayyoo akka hin fuuneef hin heerumne barreeffamee jira. Deebiin isaa inni sirriin garuu ijoollee Waaqayyoo warri jedhaman waadaan fayyinaa kan seenameef ijoollee Addaam keessaa sanyii gaarii warra ta'an abboommii warra eegan warra adda ba'anii fialamaniidha. Warri akkasii kun ijoollee Waaqyyoo jedhamu. S/Um 4:-26, Isa. 64:-8 Yoh. 3:-1 Luq. 3:-38

❖ Tokkos Ijoollee Waaqayyoo kan jedhaman Gaaricha qulqulla'aa (Dabire Qiduus) irra kan jiraatan sanyii ijoollee Seetiidha. M/Heenook. 21 :-3
❖ Ijoolleen namootaa warri jedhaman immoo sanyii Qaayil warra abaaramoodha. Warra akka yaada fedha foon isaaniitti jiraatan warra Waaqayyoo abbaa isaanii irratti hammeenya dubbatan. S.Um. 4:-9

- Warra lubbuu ajjeesan. S.Um. 4:-8
- Waaqayyoo fuul duratti warra abaaraman S.Um. 4:-11
- Waaqayyoo fuul duraatti warra dhokatan, tarree namoota qulqullootaa irra warra hin jirredha. S.Um. 4:-16



Scanned by CamScanner

Walumaa galatti waan gaarii ajajamanii warri hin hojjenne ijoollee namootaa jedhamu. Egaa as irratti ijoollee Waaqayyoo warra filatamantu warra gaaricha qulqullaa'a irra jiraatantu warra abaaramoo jaalachuudhaan iddoo isaanii fi kabajaa isaanii gadii dhiisanii walitti michoomanii jechuudha. Kunis Waaqyyoon guddaa aarse. Kana irraan kan ka'ees umuriin ilmaan namootaa gababbatee waggaa dhibbaaf digdamatti gad bu'e.

Jarreen lamaan kana gidduutii kan dhalatan baayyee jallootaa fi hamoota waaqa tolfamaas kan waaqessan dhiiga namaas kan dhangalaasan ta'an.

2. ***Waaqayyoos Haarooniin jedheenii ijoollee Isiraa'el keessatti ga'een dhaalaa (Rist) kee ana jedhe***. S/Lakk. 13:- 20 Dhaalli (ristiin) kan namaaf kennamu lafa (qabeenyaa argamu) ykn qabamuudha. As irratti Waaqayyo ***akkamiittiin*** ristii ta'ee kennamaa? Kun icciitii guddaadha. Hiikoon icciitiidhaa Haaroon lubummaa isaatiin mana qulqullummaa keessa kan tajaajilu waan ta'eef, bara jireenya keetii Kan ittiin jiraattu kennaa mana qulqullummaatti naaf fidan keessaan siif kenna jechuusaatti. Nagada ijoollee Isiraa'el warra kaaniif lafa isaan irra qotanii nyaatan ristiin yemmuu kennamuuf isaaf hin kennamneef. Iddoon qonnaa, Dhaala isaan fudhatan (Ristiin) isaanii mana qulqullummaa keessa akka ta'e hubachiisuudha. M/Iyyaasuu 13:-33 S.Lakk. 18:-8-19

3. ***Dugda Diinoota kootii naaf kenni*** ( **የጠላቶቼን ጀርባ ስጠኝ) Far. 17/18/ 40**

   Akkas jedhee kan faarffate Mooticha Dawwitiidha. Akkuma jirutti yoo fudhanne hiikoo hin qabu. Icciitii isaa yoo hubanne garuu kan inni jechuu barbaade diinootni koo akka isaan na baqatan naaf taasisi jechuu iisaati.

4. ***Buddeena kee Bishaan Gubbaa Kaawwadhu guyyaa baayyee booddee Deebitee fudhattatii*** **M/Lal. 11:-1**

   Jecha kanaa akkuma jirutti fudhannee yoo ilaallee hiikoo hin qabu. Wanti bishaan gubbaa ka'amu deebi'anii fudhachuu mitii ijattuu hin argamu waan ta'eef hiikkoon icciitii dubbatamee gaafa ilaallu garuu gargaarsa Hiyyoolii dhaaf godhamu kan ibsuudha. Ykn waa'ee Mitsiwaatii kan ibsudha.



Scanned by CamScanner

a. Bishaan gubbaa waanti kaa'amu hin argamu akkuma ta'e dhoksitee dadhabaadhaaf kan ati kennitu gatii isaa amma kan hin arganne yoo fakkate illee guyyaa dhufaatii Gooftaa isa dhumaa sanatti beela'een beela na baafteetta jechuudhaan mirga isaa si dhaabbachiisa jechuu isaati.

b. Wanti bishaan irra buusan deebi'ee namaaf hin kennamu akkuma ta'e, atis hiyyoliidhaaf wanta gootu boodan gatii isaa irraa fudhadha hin jedhiin jechuu isaati. Arjummaa dhaan jaallattee yoo kennite Waaqayyoo immoo caalchisee kennaa harka isaa siif kenna jehuu isaati. Akkasumas si eebbisuudhaan Mootummaa isaa siif kenna jechuu isaati. Sagaleen Waaqayyoos gargaarsa isa fudhatu irra isa kennutu eebbifamaa dha jedha. 2Qor. 9:-5-15

Ogeessichi Solomoon immoo namni hiyyooliidhaaf yaadee waan gaarii godhu akka waan waaqayyoodhaaf liqeesseetti lakkaa'ama jedha.M/FKN:-

Namni bishaan cina waa facaasu yeroo hundumaa firii gaarii hin dhabu. Bokkaan ni bade jedhee illee hin sodaatu. Atis yeroo hundumaa arjaa ta'uudhaan dadhaboota gargaari, gatii immoo Waaqayyoo si baasa jechuu isaati. Luq. 14:-13-14 yeroo dhangaa qopheeffattu haayyoolii fi warra naafatan, warra okkolan, warra jaamaa ta'an waamii aferi. Isaan waan siif deebisan hin qaban yoo ta'e illee ati galateeffamaa taata.

Guyyaan toloonni du'aa ka'anittis immoo Waaqayyoo gatii kee siif kenna jechuu isaati Ya'i. 2:-1-9 irratti immoo hiyyeessaa fi sooressa jechuudhaan nama gargar qooduun ykn nama tuffachuun cubbuu akka ta'e barreeffamee jira. M/Siraak, 4:-1

Egaa walumaa galatti bishaan inni jedhame garaa hiyyoolii ti. Yoo irra ka'atte jechuun isaa: - yoo nyaachifte jechuu isaati. Yeroo dheeraa booda deebitee fudhatta jechuun isaa immoo gatii naaf deebisu jettee osoo hin yaadiin gara laafummaaf arjummaa dhaan hojii gaarii ati isaanii hojjette Gooftaan Iyyesuus Kiristoos guyyaa deebi'ee dhufuu isaatii, gatii kee siif baasa jechuu isaati.



Scanned by CamScanner

5. ***Tolaa Keessa Ba'aa, Ogeessa Keessa Ba'aas hin ta'iin. M/Lal. 7:-16***
**(እጅግ ጻድቅ አትሁን እጅግ ጠቢብ አትሁን**

Ogeessichi Solomoon akkas jechuun isaa maaliif? Akkuma jirutti yoo fudhatame waa'ee tolummaa fi ogummaa waan mormuu fakkaata. Garuu ogeessichi yaada mormii barreesse osoo hin taane jecha icciitii qabuudha. Hiikoon isaas iddoo irra jirtu garrarraatti of hin lakka'iin jechuu barbaadeeti. Sadarkaa tolummaatti guddachuudhaaf akkasumas ogeessa ta'uudhaaf suuta suuta irraa jalaan sadarkaadhaan guddachaa deemuu malee aluma tokkoon gubbee (mataa) isaa irra ga'uun hin dandaa'amu jechuu barbaadeeti. FKn. 3:-7 irratti waa'ee isaa kana yemmuu ibsu yaada ilaalcha mataa keetiin ogeessa of hin godhiin, ana malees immoo beekaan hin jiru hin jedhiin. Akkasumas Qulqulluun Phawuloos ***Rome. 12:-3*** tokkoon tokkoo keessan akka ayyaana isiniif kennameetti gadi of deebisuun yaada malee humna keessanii olitti of tuulummaan hin yaadinaa! kan inni jedhe kan mul'isuudha. Egaa walii galatti namootni tokko tokko hojii isaanii osoo hin taanen, afaan isaanii fi hawwii isaanii tolaa /Ogeessa/ kan of se'an jiru. Isaan akkasii ifachuudhaaf kan inni jedheedha.

6. ***Eeliyaas ni dhufa inni jedhame isa kanaadha! Mat. 11:-14***

- Jecha kana kan dubbate Gooftaa Iyyesuus Kiristoosii dha. Waa'ee Eeliyaas ilaalchisee dursa kan Raajii raaje Raajicha Milkiyaasiidha. M/L. 4:-5-6 guyyaa Gooftaa inni guddaa fi sodaachisaan utuu hin dhufiin fuldura Eliyaasiin gara keessannittin erga jechuudhaan.
- Mat. 17:-11-13:- irraatti Eliyaas dursee ni dhufa waan hundumaa ni qajeelcha, garuu ani isiiniinan jedha Eliyaas kanaan fuuldura dhufeera namootni garuu hin hubanne malee, kan fedhanis irraatti raawwatan malee jechuudhaan kan Gooftaan dubbate waa'ee Yohaannis Cuuphaa ta'uu isaa barattoonni isaa hubatan. Eeliyaas gara samiitti ol ba'eera. 2Mot.2:-11 guyyaa isa dhumaa raajiin sobduun sun ka'uutti dhufee wangeela labsuudhaan Wareegamummaadhaan ni boqota. Warra isa

fakkaatanii wajjiin ni dhufa. Mul. 11:-1-14 Yohaannis Cuuphaan immoo Misiraachoo qulqulluu Gabri'eelii dhaan abbaa isaa Lubicha Zakkaariyaasii fi haadha isaa Elsaabeex irraa kan dhalateedha. Luq. 1:-8-25 Gooftaan Iyyesuus Kiristoos Eeliyaas ni dhufa inni jedhame kunoo Yohaannis Cuuphaa dha maaliif jedhee?

- Icciitii isaa gaafa ilaallu hojiin lamaanuu isaanii waan wal fakkaatuuf.

1. Lamaanuun isaanii Baahitaawwii waan ta'aniif. Lamaanuun isaanii Baahitaawwiidha jechuun namoota irraa adda ba'anii qulqullummaa isaanii eeggachuun Waaqayyoof adda ba'anii bosona kan jiraatan jechuudha. Eeliyaasii fi Yohaannis Cuuphaanis uffannaa wal fakkaataa uffachuun, mudhii isaanii immoo teephaan hidhachuudhaan bosona keessa kan jiraatanii dha.2Mot. 1:-8, Mat. 3:-4

❖ Raajichi Eliyaas tulluu Qermeloosii fi holqa (Waashaa) Koorebii fi Siinaa keessa jiraachaa ture.1Mot. 18-19(42) , 19:-8-9 , 17:-19

❖ Yohaannis Cuuphaanis bosona Siinaa fi lafa onaa biyya Yihuudaa keessa jiraachaa ture.Mat. 3:-2, Luq. 3:-2 Isay. 40:-3 ,

2. ***Lamaanuun isaanii dhugaa kan dubbatanii fi ija jaboota.***

Eeliyaas hamma yoomiitti yaada walaallammii dhaan okkoltu jechuudhaan saba warra waaqa Baalaam waaqessan ifateera. 1Mot. 18:-21 Yohaannis Cuuphaanis immoo qottoon qaramee muka ija gaarii hin naqanne hundumaa muruudhaaf jala ka'amee jira. Murees immoo abiddatti ni gata jechuudhaan warra laphee jabaatanitti dubbateera.

3. ***Lamaanuun isaanii, Mòotota dubbii Waaqayyoo tuffatan ifataniiru***.(dheekamuu Barsiisaniiru)

Raajichi Eeliyaas Mooticha Aka'aabiin Isiraa'eliin kan garagalchitu seera Waaqayyoo dhiiftee Bala'aamiin kan hordoftu siif mana Abbaa keetiit. 1Mot. 18:-18

❖ Iddoo sarootni dhiiga Naabutee kanatti akkasumas dhiiga kees sarootni ni arraabu. Waaqayyoo fuul duratti hamaa hojjechuudhaan mataa kee gurgurteetta'oo, wanti hamaanis sitti dhufa jechuudhaan ija jabummaa dhaan ifateera. 1Mot. 20:-19-29



Scanned by CamScanner

- Yohaannis Cuuphaanis Mooticha Herodoosiidhaan obboleessa kee ajjeestee haadha manaa obboleessa keetii dhaaluun siif hin hiyyamamu jechuudhaan sodaa tokko malee ifateera. Mar. 6:-18
- Egaa walumaa galatti jara kana lamaanii waan wal fakkaatuuf Eeliyaas nidhufa inni jedhameef yohaannis cuuphaadha kan jedhamee kanaaf.

7. ***Waaqakoo Waaqakoo maaf Na dhiifte***! Mat. 27:-46

Jecha kana Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoos fannoo irra dhaabbatee jechoota torba dubbate keessaa isa tokkoo dha. Jecha kana akka jirutti yoo fudhanne Gooftaan Iyyesuus Kiriostoos gargaarsa biraa argachuuf kan inni dubbate fakkaata. Garuu, gara biyya lafaa dhufee Fannootti fannifamee nuuf du'uun fedhii isaan akka ta'e lubbuu isaa kennee fudhachuu akka danda'u barreeffamee jira. Yoh. 10:-15-18

- Waaqakoo! Waaqakoo! Maaliif na dhiifte! Jechuun isaa Icciittii waan sadii (3) nu barsiisuu dhaaf jedheeti.

1. ***Fakkeenya nuu ta'uudhaaf (nu barsiisuuf) jedheeti.***

Mat. 11:- 28 irratti narraa baradhaa akkuma jedhe fakkeenya nuuf ta'ee nu barsiisuuf jedheeti. Yoh.13:-15 irraatti akka ani isiniif godhe isinis akkasuma akka walii keessaniif gootaniif fakkeenyan isiniif kenna. 1Phex 2:-2 Kiristoos faana akka buutaniif fakkeenya isiniif kaa'e, waa'ee keessaniif immoo dhiphina fudhate. 1Qor. 11:-1 ani kiristoos akkan fakkaadhu isin immoo anaan fakkaadhaa. Egaa walumaa galatti guyyaa isa dhumaa sana namootni Afaan waaqayyoo irraa kan baratan ni ta'u jedhamee Yohaannis 6-45 R.Isa 54-13 irraatti barreeffamee waan jiruuf jecha isaan nu barsiisuuf jedhee Waaqa Koo (3) maaliif na dhiifta jedhe malee gargaarsa kan biraa barbaadee miti



Scanned by CamScanner

2. ***Raajiin dubbatamee jiru akka raawwatamuuf***

Far. 21/22/:-3 irratti Waaqakoo (3) maa na dhiifta jechuudhaan raajotni boo'aa kan turan ibsuudhaaf, isiniif dhufeera hin gaddinaa jechuu dhaaf kan inni dubbatee dha.

3. ***Seexana Qabee Hidhuudhaaf***

Gadi of deebisuudhaan seexana qabee hidhuu dhaaf jedheeti. seexanni hamajaajiin maalummaa gooftaa keenya Iyyesuus Kiristoos wallaaluudhaan baayyee rakkachaa ture haa ta'u iyyuu malee, gaafa Gooftaan keenya Fannoo irratti Waaqakoo!(3) maaliif na dhiifta jechuun dubbatu nama foonii isa dadhabaadha jechuudhaan akkuma ijoollee Addaam irratti amaleeffate lubbuu Gooftaa keenyaa fuudhee Si'oolitti geessuuf yemmuu dhiyaatu Goftaan keenya ifa Waaqummaa isaa yemmuu itti agarsiisu Diyaabiloosii fi Duuka bu'oonni isaa baqatanii yemmuu ba'uuf jedhan qilleensa irratti cancala abiddaan isaan hidhee Alangaa ibiddaan immoo isaan garafe. Kitaaba Timirte Hibuwaat (ትምህርተ ህቡኣት) kan jedhu irratti barreeffamee akka jiru. Barreeffamni du'aa nurratti barreeffamee ture nurraa barbadaa'e kan jedhus ni raawwate.Qol. 2:-14 , Egaa walii galatti Mat 12:-29 :- namni mana jabaa tokkoo seenee saamuu barbaadu dursa abbaa manaa sana qabee hidha jechuudhaan Gooftaan keenya fakkeenyan akka dubbate Waggaa 5500 ykn Guyyaa 5.1/2 lubbuu ijoollee Addaam Si'ool keessatti seexanni hidhee dararaa kan ture gad of deebisuudhan waaqakoo! (3) maaliif na dhiifta jedhee ofitti waamee Diyaabiloosiin hidhuudhaan qaama Lubbuu dhaan gara Si'ool deemee ijoollee isaaf Misiraachoo (Bilisummaa) labsuudhaan bilisa isaan baase, nagaa isaaniif labse. 1phex. 3:-19, Far.124:- 7

❖ Yaa Du'aa meerre mo'ichi kee, meerre Arfiin kee kan jedhuus kanumaan xummurame. 1qopr. 15:-55

Icciitii KKF ibsuudhaaf Waaqakoo! (3) maaliif na dhiifta jedhe malee gargaarsa kan biraa barbaachaaf jedhee miti. Inni Waaqayyoo waan hundumaa gochuu danda'u waan ta'eef. Yoh. 1:-3



Scanned by CamScanner

8. ***Sooressi Mootummaa Waaqayyootti galuu irra Gaalli akka fe'amtetti qaawwaa lilmoo keessa darbuutu salphata.***

Jecha kana akkuma jirutti yoo fudhanne namni dureessi Mootumaa Waaqayyootti akka hin galle waan dubbatu fakkaata garuu icciitii mataa isaa danda'e qaba. Gooftaan Iyyesuus Kiristoos kana waan dubbateef waa'ee dargaggeessa sooressa Waaqayyoo caalaatti qarshii kan jaallatuuf kan dubbatameedha. Hiikaan dubichaas soressootni hubannaan itti hir'ate qabeenyaa hedduu utuu qabaatanii sassatuu irraan kan ka'e qarshii isaaniin hojii gaarii hin hojjetan waan ta'eef isaaniif kan dubbatameedha. Isaan akkasii Mootuimmaa Waaqayyootti hin galan waan ta'eef.

- ❖ Kitaaba qulqulluu keessatti warri akkasii baayyeen isaanii barreffamanii jiru. Fkn ***Naabaal*** namni jedhamu Daawwiti fi loltuun isaa yeroo isaan beela'anii isa kadhatan qabeenyaa hedduu qabu keessaa qooda isaan nyaachisu dalga haasa'uu irraan kan ka'e guyyaa kudhan booda rukuttaa Waaqayyoodhaan du'eera. 1Sam. 25:-1-38
- ❖ Namtichi ***Nawwee*** jedhamu guyyaa guyyaatti uffata bifa halluu garaa garaa qabu jijjiiree kan uffatu qabeenya isaatti yeroo hundumaa boonee, gammadee kan jiraatu nama rakkataa immoo kan hin gargaarre qabeenya isaan immoo waan gaarii kan hin hojjenne abidda Si'ool keessa tti yemmuu inni gatamu barreeffamee jira. Luq. 16:-19-31
- ❖ Anaaniyaa fi Saphiiraa nis qabeenya qabaniin waan gaarii hojjechuu dagachuu isaanii irraan kan ka'e guyyaa tokkicha du'anii awwaalamaniiru. H.Er. 5:-1-10 kanneen kana fakkaatan bayyeen isaanii taraniiru harras jiraachuu ni malu.
- ❖ Mootichi Daawwit waa'ee warra akkasii kana yeroo dubbatu hubannaa malee qarshii kan walitti kuufatu akka horiitti hin du'iin hin hafu jedhee jira. Far. 49:-1-22
- ❖ Qulqulluun Phaawulos immoo qarshii jaallachuun hundee waan hamaan irraa latuudha jedhee jira. 1Xim.6:-6-10
- ❖ Gooftaan Iyyesuus Kiristoos barumsa isaa keessatti jireenyi namaa dhaa baayyina qarshii qabaachuu miti jedhee jira.Luq. 12:-15 itti aansuudhaan namni tokkoGooftaa lamaaf bitamuu hin danda'u. Mat. 6:-24 jechuudhaan



Scanned by CamScanner

waa'ee namoota lubbuu isaanii caalaatti qarshii jaallataniif barumsa kana kennee jira. Egaa walumaa galatti waa'ee Gaalaan fakkeessee waa'ee warra sooressootaaf inni dubbate warra akkasii kanaaf malee sooressa ta'uun cubbuudha jechuu miti. Sooressa ta'uun kennaa waaqayyoo namaaf kennu waan ta'ee kitaaba qulqulluu keessatti sooressootni hojii gaarii hojjechuudhaan seenaan isaanii galmaa'ee jira.Fknf:-

1. ***Iyyoob***: - Iyyoob namoota karaa bahaa jiran keessaa dureessa ture. Hoolaa 7000, Gaala 3000, Qotiyyoo cimdii 500 Haarree dhaltuu 500 qaba ture Iyyoob 1:-3 qabeenya isaa kanaan immoo Waaqayyoo fi nama kan gammachiisu waan gaarii ittiin hojjechaa ture. Iyyoob 29:-12-16

2. ***Raajicha Eelsaay: -*** Raajichi Eelsaay qabeenya hedduu qaba ture. Gaafa waamame Qotiyyoo cimdii 12 camadee qota ture. Warra kaan warra hin qabneef kennee Cimdii tokko immoo namota hafeeruudhaan qabeenaa biyya lafaa tuffachuudhaan Waaqayyoon filatee yemmuu inni faana bu'u agarra. Kana irraan kan ka'es guddaa eebbifamee, namoota baayyees gargaareera.

3. ***Dubartii Biyya Sunaam***: - Dubartiin kun qabeenyaa hedduu abbaa manaa ishee wajjiin qabduun raajii Waaqayyoo Eelsaayiin mana isheetti simachuudhaan akka isheen waan gaarii akka gooteef barreeffamee jira. 2Mot 4:-8-

4. ***Mooticha Daawwiit***:- Mootichi Daawwiit mana Waaqayyoo ijaaruudhaaf jaalala fi fedhii mana Waaqayyoo ijaaruudhaaf qabu irraan kan ka'e Warqee 100,000 kg , Qrsshii 240,000 , kanneen kana fakkaatan yemmuu inni arjoomu ni agarra. Namootnis isa ilaaluudhaan arjooma guddaan yemmuu kennan barreefamee jira. 1S.Baraa 29:-1--, faarsaa isaa keessattis, warqee fi meetii baayyee irra jecha afaan kee kessaa ba'u naaf wayya yemmuu inni jedhu barreeffamee jira. Far. 118:-

5. ***Zakkiyoos***: - Zakkiyoos qabeenya qabu keessaa dadhabootaaf nan kenna jedhee Gooftaa fuul duratti yemmuu dubbatu Gooftaan keenyas harra fayyinni mana kanaaf ta'eera ittiin jedheera. Luq. 19:-6-

6. ***Yooseef nama biyya Armaatiyaa: -*** namni kun badhaadhaa fi nama barates ture . Gooftaan keenya Iyyesuus Kiristoos Fannoo irraa gadi buusee owwaaluudhaaf utuu hin sodaatiin nama Philaaxoosiin dhaqee hiyyamsiiseedha. Fannoo irraa gadi buusuudhaan huccuu haaraa dhaan



Scanned by CamScanner

kafanuudhaa Niqoodimoos wajjiin sirreessuudhaan iddoo owwaalcha ofii isaatii qopheeffate awwaalcha haaraa keessatti kan awwaleedha. Mat. 27:-5 (59-60) egaa walumaa galatti sooressa ta'anii kennaa waaqayyoo isaanii kenneen hojii gaarii hin hojjetan taanaan Mootummaa Waaqayyootti hin galan. Isaan Mootummaa Waaqayyootti galuu irra Gaalli akka fe'amtetti uraa lilimoo keessa hulluuquutu salphata jedhe.

As irratti waan gaarii kan hojjetu sooressa qofa jechuu miti. Hiyyeessi immoo Hiyyeessa waan ta'eef Mootummaa Waaqayyoo dhaala jechuu miti. Lubbuun Hiyyeessaa fi Sooressaa Waaqayyoo fuul duratti wal-qixxeedha. Kanaafuu Hiyyeessis hanga humna isaatiitti waan gaarii hojjechuutu irraa eegama. Fkn . seenaa Hiyyeettattii Saantima Diimoo lama qabdu qodaa buusii saantimaa mana waaqayyoo keessa buufte. Gooftaanis kennaa ishee kana adda godhee kan fudhateef .Mar. 12:-41

***Jechoota Hiikoo Addaa Qaban!***

Kitaaba qulqulluu keessatti jechi tokkichi akka hima isaatiitti hiikoo adda addaa kan qabu ni jira. Akka armaan gadiitti isaan ni ilaalla.

*1. **Gooftaa** ( ጌታ)*

Jechi gooftaa jedhu afaan warra Ibiraayisxiin Aadoon jedhu yammuu ta'u, afaan Gi'iizii tiin immoo "Igzi'ii" jechuudha. Afaan Oromootti immoo Gooftaa jechuu dha. Hiikoon jecha Gooftaa jechuu Abboo qabachuu, Bittaa, Bulchaa fi kabaja kan ibsuudha. Jechi Gooftaa jedhu kitaaba qulqulluu keessatti gaafa ilaallu akka hima isaatiitti bifa sadii fi hiikoo sadii qaba.

a. Waaqayyo Gooftaa ni jedhama. Gooftummaan kan Waaqayyoo kan akkeenya isaatii fi kan mataa isaatiiti. Waa'ee isa kanaa ilaalchisee kitaaba qulqulluu keessatti akkas jedhamee jira.

- Iyyaasuu 7:- 7-8 Yaa Gooftaa koo Isiraa'elootni Diina isaanii duraa erga baqatanii ani maalan jedha?
- Isayyaas 43:- 6:- Waaqayyoo Gooftaan Maccaa akkas jedha.
- Maatiwoos 14:- 38:- Yaa Gooftaa Na fayyisi.
- Luq. 1:-9 :- Mana qulqullummaa Gooftaa



Scanned by CamScanner

- Luq. 1:-28; - Goftaan sii Wajjiin jira.
- Luq. 1:-68:- Waaqayyoo Gooftaan Isiraa'el si haa eebbisu.
- Yoh. 20:-28:- , Toomaas Gooftaa Koo! Waaqa Koo! Jedhe.
- Yoh. 21:-7:- Innoo Gooftaa dha.
- H.Erg. 12:-7, 12:-23, Luq. 1:-11 Ergamaan Gooftaa --- jechi kanaaf kana fakkaatan Gooftummaan kan akkeenya (kan mataa isaatii) kan ta''e kan Waaqayyoon ilaallatuudha). Inni Gooftaa Gooftotaa Mootii Moototaa Waan ta'eef.

***b. Namootni Kabajamoo (Qulqullootni Gooftaa ni jedhamu)***

Nammootni kabajamoo fi qulqullootni kennaa Waaqayoo isaaniif kennneen karaa addaa addaa Gooftaa ni jedhamu. Gooftummaan isaanii garuu kan Waaqayyoo wajjiin wal qixa miti. Waaqayyoon gaditti kan kennameeffiidha jechuudha malee. Isa kanaafis kitaabni qulqulluun ragaa dha.

- Saaraan Abbaa manaa ishee Abirihaamii dhaan Gooftaa jechuudhaan ajajamaafii turte. S.Um. 18:-12 , 1Phex 3:-6
- Ijoolleen Keexii Abirihaamiidhaan yaa Gooftaa koo nuu dhaga'i jedhan S.Um. 23:-6
- Yihuudaan ilmi Yaa'iqoob obboleessa isaa Yooseefiin yaa Gooftaa ani garbichi kee gurra Gooftaa kootiitti jecha tokko akkan dubbadhun si kadhadha jedhe. S.Um 44:-18
- Yaa Gooftoolii koo fayyuu dhaaf maal gochuu naaf wayya H. Erg. 16:-30
- Aaroon musseedhaan yaa Goftaa koo dogongora keenyaa cubbuu hojjenneen Adabbii fi dheekkamsi hamaan akka nurra hin geenyeef nuuf Kadhadhu jedhan. S/Lakk. 12:-1 Gooftummaan k.k.f. n kabajaa namootaaf kan kennameedha.

***c. ERGAMOONNI, QULQULLOONNIS GOFTAA NI JEDHAMU.***

Gooftummaan ergamootaaf kenname kan kabajaa fi kan ulfinaati. Kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamee jira. FKNF:

1. Looxi ergamoota waaqayyoo fuulduratti gadi gombifamee Sagaduudhaan Gooftolii koo akka ittiin jedhe. S/Uum.19:-2



Scanned by CamScanner

2. Iyyaasuun itti gaafatamaa raayyaa ergamoota waaqayyoo kan ta'e Qulqulluu Mikaa'el fuulduratti gadi gombifamee sagaduudhaan yaa Gooftaa koo ana garbicha keetti maal himtaa? Jedhe. Iyyaasuu 5:-14-15
3. Raajichi Daani'eel ergamaa waaqayyoodhaan yaa Gooftaa koo mul'atan arge irraa kan ka'e dhukkubi na qabate. Yaa Gooftaa koo ani garbicha kee waanan ta'eef akkamittin si wajjin haasa'uun danda'a jedhe. R/Dan.10:-16-17
4. Raajichi Daani'eel ergamaa waaqayyoodhaan yaa Gooftaa koo mee waan tokkon si gaafadha ittiin jedhe. M/A/Firdii 6:-13 fi k.k.f.ergamootni waaqa yyoo Gooftaa akka jedhaman barreeffamanii jiru. Kanaafuu kitaaba qulqulluu keessaa hubachuun barbaachisaa dha. Haa ta'u iyyuu malee Goftummaan isaanii kan Waaqayyoon kennefiidha. Adda baasanii hubachuun barbaachisaa dha.

## 2. *Amilaaka (አምላክ)*

Jechi kun afaan warra Ibiraayisxiitin "EEL" afaan warra Armaayikaan immoo "Ellaahii" jechuu dha. Jecha Gi'iziitiin immoo "Mallake", ni waaqeffame, ni bite jecha jedhu irraa kan maddee dha. Egaa walumaa galatti waa'ee waaqummaa waaqayyoo kan dubbatuu dha. Haa ta'u malee jecha Amilaak jedhu kitaaba qulqulluu keessatti yemmuu ilaallu akka hima isaatiitti hiikoo 5'n qaba.

2.1. Waaqayyo GOOFTAAN Amilaaka Jedhama.
Kitaaba qulqulluu keessatti iddoo baay'eettis barreeffamee jira.

a. S/K/Deebii 6:-5 Ana waaqa kee yaada kee guutuudhaan, humna kee guutuudhaan jaalladhu.
b. Mat. 22:-31-32 irratti ani waaqa Abrihaam waaqa Isiyaaq waaqa Yaa'iqoobii dha.
c. Far.21/22/:-1 Waaqa Koo(x3) maaliif na dhiistaa?
d. Yoh.10:-28 irratti Toomaas Yaa gooftaa Koo, yaa waaqa koo jedhe. Kitaaba qulqulluu keessatti jechi kana fakkaatu waaqayyo jiraataa baraa baraaf kan kennamuu dha.



Scanned by CamScanner

## 2.2. *Namnis waaqa ni Jedhama*.

Isa kanas kitaaba qulqulluutu dhugoomsa. Fknf

A. S/Ba'uu 1:-7 "Waaqayyo Museedhaan Fari'oon irratti waaqa sin taasisa jedhe.

B. Far.81/82/:-6 irratti isin hundumti keessan waaqota ijoollee waaqayyoo jiraataa ti. Garuu akka mucaa namootaatti immoo ni duutu jedhe.

C. W/Yoh.10:-33-36 Ani waaqotan isiniin jedhe jedhamee seera keessan keessatti barreeffamee hin jiruuree? Macaafa kana jijjiiruun ni danda'aamaa? Jechi waaqayyo biraa kenname isaaniin waaqota erga jedhee ani immoo ilma waaqayyoti ofiin jechuu kotiin akkamittin waaqayyoon arrabsite nan jetturee?" jedhe. Gooftaan kan jedhe kana irraa kan hubannu namni waaqa jedhamuu akka danda'uu dha.

## 2.3. WAAQA TOLFAMAANIS GOWWOOTNI WAAQA JEDHANII NI WAAMU.

A. S/K/Deebii 4:-15-28 waaqa tolfamaa hojjechuudhaan waaqa uumaa keessan akka hin aarsine of eeggadhaa!

B. S/Ba'uu 32:-1 sabni Israa'el waaqa tolfamaa waaqessuu isaaniitiin guyyaa tokkkicha namni 3000 dha'ichaan dhuman.

C. R/Dan. 3:-14 Ijoollee sadan waaqa tolfamaa mootiin Naabuu Kidaanatsoor hojjeteef hin sagadnu jedhanii didan K.K.F. Kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamanii kan jiran namootni baay'een hubannaa dhabuu irraan kan ka'e waaqa tolfamaa akka waaqaatti yemmuu isaan waaqessan barreeffamee jira.



Scanned by CamScanner

## 2.4 SEEXANNI HAMAJAAJIIN WAAQA JEDHAMEE BARREEFFAMEE JIRA.

As irratti seexanni waaqa ta'ee osoo hin taane namootni waaqayyoon dhiisanii isa waan barbaadaniif waaqa isaanii jedhama. Kitaaba qulqulluu keessattis akka inni waaqa jedhamu barreeffamee jira. FKNF.

A) Yoh.12:-31 Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos akkaas jedha. "Bulchaa ykn waaqa addunyaa kanaa kan ta'e, seexanni bakkeetti kan inni gatamu yeroon isaa amma" jedhee jira.

B) 2Qor.4:-4 irratti Q/Paawuloos... sababii isaan amanuu didaniif seexanni waaqa addunyaa kanaa ta'ee yaada laphee isaanii waan jaamseef jedhee jira.

## 2.5 GARAAN NAMAAS WAAQA NI JEDHAMA.

Q/Phaawuloos ergaa isaa warra Filiphisiyoos 3:-18-19 irratti shakkitoota nyaata namummaa isaanii qofaaf warra deddeebi'an, diina fannoo kiristoos warra ta'aan, dhugaadhaan warra morman, waa'ee isaanii yemmuu barsiisu xumurri isaanii badiisa, ulfinni isaanii salphina isaaniiti. Yaadni isaanis kan lafa irraa ti kan inni jedhamee dha.

## 3. *ERGAMAA* (መልአክ)

Kitaaba qulqulluu keessatti jechi ergamaa jedhu akka hima isaatiitti hiikoo sadi (3) qaba.

3.1, ***Ergamaan waaqayyoo***: - kadhannaa ilmaan namootaa gara waaqayyootti geessee deebii kadhannaa namaa immoo waaqayyo biraa kan namaaf fidu, kan nama gargaaru, kan namaaf kadhatu, biyya abdiitti kan nama galchuu dha. Ba'uu 23:-20-23, Uum.24:-40, Faar.103:-4, 33:-7, Dan.6:-12, 10:-13, Luq.1:-11, Ibr.1:-11

3.2, ***Ergamaa Daabiloos***... Seexanaa fi loltuun isaa ergamaa jedhamuudhaan kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamee jira. Mul.12:-7-9 irratti samii irratti Mikaa'eel raayyaa ergamoota isaa wajjin jawwichaa wajjin wal waraananii samii irraa iddoon waan hin argamneef jawwichi gadi darbatame. Innis addunyaa kana kan dogoggorsu seexana isa guddichaa wajjin ergamootni



Scanned by CamScanner

asii gadi darbataman jedha. Waa'eema isaa Yihudaa qulqulluun yemmuu barreessummoo ergaa isaa 1:-6 irratti ergamoota warra gooftummaa isaaniif kenname hin eegne dukkana barabaraa keessatti isaan hidhe jedhe. As irratti ergamaa kan jedhaman Daabiloosii fi duuka bu'oota isaati jechu dha.

3.3, ***Hoggantoota Mana Kiristiyaanaa***..

Hoggantootni mana kiristiyaanaa ergamaa jedhamanii barreeffamanii jiru. Mul.1:-20 hogganaan bataskaanaa Efeesoon, sarmenees, Phermoomeen, Tiyaatiroo, Sardees, Fildifiyaa fi Luudiqiyaa keessaa kan jiraataniif mana kiristiyaanaa ergamichaaf akkas jedhi barreessi yemmuu jedhu eegduu mana kiristiyaanichaaf barreessi jechuu isaati. Har'as taanaan mana kiristiyaanaa... keessa kan tajaajilan lubootaaf maqaan taayitaa kanaa kennameefii ittiin ni waamamu. ***Malaaka hayil, malaaka gennat, malaaka salaam***.k.k.f. ni waamamu. Egaa walumaa galatti Efes.1 fi 2 keessatti ergamaa jedhamee kan barreeffame mucaa namootaa dura bu'aa (Hogganaa) mana kiristiyaanaa ta'aniif kan barreeffamee dha. ***R/Milk, 2:7***

## *4. LUBBUU (ነፍስ)*

Kitaaba qulqulluu keessatti lubbuu (nafsi) kan jedhamu akka hima isaatiitti hiikoo Afur (4) qaba.

***4.1, Lubbuu Namaa Ishee Qaama Qabdu.***

Lubuu namaa ishee dhiiga keenya keessa tamsaatee jirtu. Foon keenya isa dadhabaa kana kan utubdee jirtu, gaafa mucaan namaa uumame karaa funyaanii kan nuuf kennamte, guyyaa boqonnaa keenyaa foon keenya keessaa baatee gara Waaqayyoo deemudhaan akka hojii isheetiitti murtoo kan fudhatu.

S/Uum.27, M/Lall.12:-7, Isq.18:-4, 1Qor.15:-44, Mul.20:-14, H/erg.7:-59, 1Phex.3;-19

***4.2, Lubbuu Horii***: - lubbuun horii akkuma lubbuu namaa dhiiga keessa kan jiraatu dha. Haa ta'u iyyuu malee akka lubbuu namaa gara waaqayyoo hin



Scanned by CamScanner

dhaqxu lafa keessatti awwaalamtee hafti, carraa du'aa ka'uumsaas hin qabdu. S/Uum.1:-20, 2:-19, M/Lall.3:-19-21, Far.49:-12

4.3, ***Namummaa Namaa***: - Kitaaba qulqulluu keessatti namummaan namaa lubbuu jedhamee yemmuu waamamu ni argama. Fknf. Lubbuu ajjeese yemmuu jedhamu namicha qaama qabu ajjeesuu isaa ibsa waan ta'eef isa kana ilaalchisee kitaaba qulqulluu keessatti waan baay'een barreeffamanii jiru. Fknf. Iyya.17:-11 Lubbuu baay'ee qaraan ajjeesan (akkas jechuun nama qaama qabu baay'ee ajjeesan) jechuu dha. Lubbuu koo laguudhaan nan dadhabsiisa Far.34:-13. 1Phex.3:-20 Lubbuun saddet (8) bishaan badiisaa jalaa oolan. k.k.f. waa'ee namummaa namaa kan ibsanii dha.

***4.4, Yaada***; - 1Sam.18:-1 Lubbuun Yoonaattaa ilma Saa'ool lubbuu Daawwititti hidhamte .Luq.1:-47 Lubbuun koo Gooftaa koof galata galchite. As irratti jechi kun kan inni ibsu lapheen koo/yaadi koo/ jechuu isaati.

### 5. Harka Irra Kaa'uu (እጅ መጫን)

Kitaaba qulqulluu keessatti jechi kun akka hima isaatitti hiikoo shan (5) qaba.

5.1. Silxaana Lubummaa Laachuuf Harka Irra Kaa'uu Yoh.20:-22-23, H/erg.6:-6, 13:-3

5.2. Eebbisuuf Harka Irra Kaa'uu S/Uum.48:-13-22, Mat.19:-13, S/K/Deb 34:-9.

5.3. Fayyisuuf Harka Irra Kaa'uu Mat.9:-18, 19:-13, S/K/Deb34:-9

5.4. Dhiphisuuf (Rakkisuuf) Harka Irra Kaa'uu H/erg.4:-3, Luq.2:-12, 20:-19, H/erg.5:-18, 12:-1, 5:-5

5.5. Cubbuu Itti Dabarsuuf Harka Irra Kaa'uu

Sirni kun kakuu moofaa keessatti kan geggeeffamaa turee dha. Namni tokko yeroo cubbuu hojjetu cubbuun isaa akka irraa hiikamuuf Korbeessa Hoolaa ykn Dibicha gara mana qulqullummaatti fida. Lubni yeroo sana turees harka namicha cubbamaa sanaa fuudhee mataa horii sana irra ka'a, cubbuu isaas gara horii sanaatti dabarsa. Horii sanas gara bosonaatti gad-lakkisa. S/Ba'uu 29:-21-22, Lew.16:-21-22



Scanned by CamScanner

### 6. *DHAABACHUU* (መቆም )

Jechi kun kitaaba qulqulluu keessatti akka hima isaatiitti hiikoo ja'a (6) qaba.

6.1. Miilla Lamaan Ijaajjuu Isq.37:-10, 21

6.2. Hiriiraan Dhaabachuu 1S/Baraa 9:-22

6.3. Hubachuu( መስተዋል ) Ba'uu 14:-13, Iyob 37:-14, Erm.6:-16

6.4. Haraara Kadhachuuf Dhaabachuu Uum. 18:-23

Abrihaam garuu waaqayyo duratti dhaabachaa ture.

❖ Dan. 12:-1 Ijoollee namootaa hundumaaf kan dhaabbatu ergamaa guddichi Mikaa'eliin ni ka'a. Luq. 1:-19 Fuula waaqayyoo dura kanan dhaabbadhu ani Gabri'eelii dha.

Erm.15:-1 Musee fi Saamu'eel fuldura koo yoo dhaabbatan illee lapheen koo gara saba kanaatti hin deebi'u.

Far.105;-23 Museen inni filame yeroo dha'icha sanaa utuu fuuldura koo dhaabbachuudhaa baattee ani isaan balleessaan ture. Egaa walumaa gala isaa irratti dhaabachuu jechuun dhiifama, araara, nagaa, fiduuf dhaabachuu jechuu dha.

6.5. Mul'achuu (መታየት ) Far.81:-1 Imbaaqoom 3:-6,

6.6. JABAACHUU: - Waadaa koo si wajjin nan jabbeessee nan dhaaba. S/Uum.6:-18, Jabaadhaa, dammaqaa, amantiittis dhaabadhaa. 1Qor.16:-13

❖ Amantii keessanitti dhaabattaniittu. 2Qor.1:-24 Wangeela nagaa akka qopheetti miilla keessanitti kaawwachuu dhaan dhaabadhaa. Efes.6:-15 as irratti dhaabadhaa jechuun isaa cimaatii dhaabadhaa jechuu isaa ti.

### *7. SAMII (ሰማይ)*

Jechi "Samii" jedhu akka hima isaatiitti hiikoo lama qaba. Isaanis:-

1. Samii isa asii ol ilaallu Amaariffaan Xafaar (ጠፈር) isa jedhamu dha. Waa'ee samii isa asii olii yemmuu ilaallu argamu kana ilaalchisee kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamee ni jira.



Scanned by CamScanner

- S/Uum. 1:-6-8, Waaqayyo bishaan isa asii ol hafee jiruuf isa asii gadi jiru gargar akka baasuuf samii tolche jedha. Samiin kunis isuma argamu kana dha.
- S/Uum. 1:-17, Baatii fi urjiin lafa irratti akka ifaniif samii irra isaan jiraachise.
- S/Uum.22:-17, Yaa Abrihaam ani sanyii kee akka urjii samii irraa fi akka cirracha galaana keessaa nan baay'isa.
- Mat.5:-17-18, Dhuguman dhuguman isiniin jedha seera Musee fi barsiisa raajotaa irraa qubeen tokko baduu ishee irra samii fi lafti kun darbuu wayya.
- Mat.6:-26 Allaattii samii keessa balali'an ilaalaa!...
- Mat. 24:-35 "Samii fi lafti ni darbu, jechi koo garuu hin darbu" jedhe Gooftaan duuka bu'oota isaatiin.
- Mat.24;-31, Sagalee Malakataa guddaa kan dhageessisan ergamoota isaa ni erga. Isaanis kallattii addunyaa arfanuu irra deemuudhaan daangaa samiitii gara daangaa samiitti warroota filaman walitti ni sassaabu.
- Mat.24:-29, Guyyaa rakkinaa sana booda biiftuun ni dukkanoofti, baatinis ifa ishee hin laattu urjootni samii irraa ni harca'u...
- H/erg. 1:-11, Utuu isaan ilaalaa jiranii gara samitti ol ba'e.
- 2Phex. 3:-10 Guyyaan gooftaa akka tasaa akka hattuutti ni dhufa. Yeroo sanatti samiin sagalee guddaadhaan gubatee ni bada. Jechootni k.k.f kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamanii kan jiran waa'ee samii isaa argamuu kanaa kan dubbatanii dha.

**2. HIIKOO 2<sup>FFAA</sup> SAMII TORBANUU**

Samii torbanuu kan jedhaman samii isaa argamu kana gararraatti kan argamanii dha.

Gararraadhaa gadi yemmuu lakka'aaman. Isaanis:-

| | |
|---|---|
| 1. Tsirihaa Ariyaam | Teessoo Waaqayyoo |
| 2. Samaayii Wudid | |
| 3. Manbara Mangisti | |



Scanned by CamScanner

**4.** Iyyerusaalem Samaayyaawwii

**5.** Iyyoor

**6.** Raamaa } Teessoo Ergamootaa

**7.** Hereer

***Samiin torban kun immoo bakka sadiitti qoodamu. Isaanis;-***

- 1 hanga 3 tti kan jiran Teessoo ***Waaqayyoo*** jedhamu.
- Inni 4ffaan ***Iyyerusaalem ishee samii irraa*** kan jedhamtu immoo Addaamii fi ijoollee Addaam warra waan gaarii hojjetanii har'a Gennata keessa kan jiraatan bakka galma isaanii baraa baraa ykn iddoo boqonnaa isaanii taatee qophooftee kan jirtuu dha.
- 5 hanga 7 tti kan jiran immoo magaalaa (bakka jireenya) ergamoota qulqullootaati. Waa'ee samii warra kanaa ilaalchisees kitaaba qulqulluu keessatti adduma addaan barreeffamanii ni jiru. Akka armaan gadiitti tokko tokkon ni ilaalla.

**WAA'EE SAMII TEESSOO WAAQAYYOO WARRA JEDHAMAN SADANUU ILAALCHISEE**

- Ani isiniinan jedha ijoollee abbaa keessan isa samii irraa akka taataniif diina keessan jaalladhaa. Mat.5:-44-48.
- Yaa abbaa keenyaa samii irra isa jiraattuu Mat.6:-9
- Isin biyya lafaa irratti walitti qabamtanii walii galuu dhaan yoo na kadhattan abbaa koo isa samii irraa biratti isiniif ni raawwatama. Mat.18:-19
- Samii irraa kan gadi bu'e malee deebi'ee gara samiitti kan ol ba'e eenyu illee hin jiru. Innis samii irra isa jiraatu... ilma namaati.Yoh.3:-13
- Samiin banamanii ilmi nama mirga waaqayyoo utuu dhaabbatuu nan arge jedhe. D/n Isxifaanoos H/ERG.7:-56
- Si'uma duwwaatu waaqayyoo dha. Samii fi raayyaa samiirraa hundumaa, lafaa fi ishee keessa kan jiraatan hundumaa, galaanota fi ishee keessa kan jiraatan hundumaa uumteetta. M/Naahimiyaa 9:-6



Scanned by CamScanner

- Samiin banamanii waaqayyos iddoo gara ol aanaa irra taa'ee nan arge...Isay.6:-1-8, T/Hisq.1:-1, M/Yoh.4:-1, M/Yoh. 8:-1-5 kanneen k.k.f. waa'ee samii teessoo waaqayyoo kan dhugoomsanii dha.

***SAMII ISHEE 4FFAA'N IYYERUSAALEM ISHEE SAMII IRRAATI***

Tsiyoon jedhamtees ni waamamti. Ibr.12:-22 Akkasumas samii ishee haaraas ni jedhamti.R/Isay.65:-17, 66:-22. Samii haaraa fi lafa haaraa nan uuma jedhamee barreeffamee jira. As irratti si'achi kan uumamtu osoo hin taane tolootaa fi qulqullootaaf duraan dursee waaqayyoo kan qopheessee dha.

Mat.25:-35 Irratti "Isin ijoollee abbaa koo warra eebbifamoo yerooma addunyaan kun uumamee eegalee iddoo isiniif qophaa'ee mootummaa waaqayyoo kottaati dhaalaa" akkuma jedhe, samii haaraa fi lafa haaraa waan jedhameef garuu namni argee kan inni hin beekne waan ta'eef.

Isay:- 66:-22 irratti samii haaraa fi lafti haaraan na fuulduratti jabaatanii ni dhaabbatu (ni jiraatu) jechuun immoo kan hin turre amma reefuu kan dhufe (kan uumame) jechuu osoo hin taane mucaan namaa raawwatee kan hin beekne bara baraan kan jiraatu, kan hin jijjiiramne jechuu isaati.

Egaa as irratti samii haaraa inni jedhame Iyyerusaalem ishee samii irraati jechuu dha. 2Pheex.3:-13, Mul/Yoh.21:-1-3

- Lafa haaraa inni jedhame immoo abidda Gahannamiiti. Mat.18:- 6-9, Mar.9:-42-48

Qulqullootni warri har'a gennata keessa jiraatan guyyaa isa xumuraa sanatti isa irra harka torba kan caalu gara Iyyeerusaalem ishee samii irraa seenu, Achi keessattis bara baraan gammachuun jiraatu. Cubbamootni warri har'a si'ool keessa jiraatan immoo isa irra harka torba rakkinni isaa kan hammatu gara abidda gahanamaatti gadi bu'u, Achi keessattis bara baraan dararamu. Samii haraa fi Lafa haraa inni jedhames isa kana dha.

***SAMII 5 HANGA 7 TTI KAN JIRAN TEESSOO ERGAMOOTAA KAN JEDHAMAN ILAALCHISEE AKKA ARMAAN GADIITTI KITAABA QULQULLUU KEESSATTI KAN BARREEFFAMAN ILAALLA.***




Scanned by CamScanner

- Mat.18:-10 Isaan kana keessaa isa tokko akka hin tuffanneef of eeggadhaa. Ergamootni samii irraa yeroo hundumaa fuula abbaa koo isa samii irraa ilaalu isaan jedha.
- Mat. 24:-36 Guyyaa Sana eenyu illee hin beeku… ergamoota samii irraa illee taanaan.
- Mul. 12:-7 Samii irratti lolatu ta'e…
- 2Qor.12:-3… Hanga samii 3ffaatti utuu inni ol fudhatamuu nan arge. Kanneen k.k.f. immoo waa'ee samii magaalaa ergamootaa kan mul'isanii dha.



Scanned by CamScanner

Fakkii Samii Torbanii fi Addunyaa kanaa akka armaan gadiitti ilaalla.






Scanned by CamScanner

## 8. TULLUU (ተራራ)

Kitaaba qulqulluu keessatti jechi "Tulluu" jedhu akka hima isaatiitti hiikoo Afur (4) qaba.

1. Lafa ol ka'aa S/Ba'uu 3:-1, Iyyas.8:-30, 1Mot.18:-42, 2Mot.4:-25
2. Namoota Qulqulloota... Hojii isaanii fi qabsaa'ummaa isaaniitiin namoota hunduma gararraatti warra waan gaarii hojjetan tulluutti fakkeeffamu.

S/Uum.49:-26, Far.86:-1, 89/90/:-2 Tullootni utuu hin dhalatiin ati bara baran Waaqayyoodha jedha. Akkas jechuun qulqullootni utuu hin dhalatiin jechuu isaa ti.

Henok. 1:-5, Tullootni dhedheeroon kan hollataniif ...yeroo jedhu qulqullootni jechuu isaa ti.

3. Giiftii keenya Qulqulleettii Dubroo Maariyaamiin Tulluutti ni Fakkeeffamti.

R/Dan.2:-34 irratti harki namaa osoo itti hin bu'iin dhagaa tulluu irraa galagale (folloqe) jechuudhaan raajaan Daani'eel raajii dubbateera. Waa'ee isa kanaa abbaan Efreem wuddaasee Maariyaamii guyyaa Kibxataa Lakk.12 irratti iccitii isaa hikee Durboo Maariyaamii akka ta'e dubbateera.

Tulluun fkn Giiftii Maariyaamii, Dhagaan fkn Gooftaa keenyaa Iyyesuus Kiristoosii ti.

4. Far.86:-1 Bu'uurri ishee Tulluuwwan qulqulla'aanii dha. Yeroo akkas jedhu abbootiin Giiftii Keenya Maariyaamii irraa dhalattee, Filamoo ta'uu isaanii agarsiisa.
5. Isay. 2:-2 Yeroo xumuraa sanatti tulluun mana waaqayyoo mataa tulloota hundumaa irratti jabaatee ni dhaabbata. Tulluun manaa waaqayyoo kan jedhamte Giiftii keenya Maariyaamii dha. Tulloota hunduma irraa kan jedhaman immoo Giiftii keenya Maariyaamiin qulqulloota hunduma irra ni caalti jechuu dha. Kanaaf qulqulluu qulqullooftuu (**ቅድስተ ቅዱሳን**) ni jedhamti.



Scanned by CamScanner

### HIIKOON TULLUU JEDHU INNI 4^FFAAN

- *Of tuulummaa dha*. Yohaannis cuuphaan lallaba isaa keessatti Tulluu fi Gaarreen hundumtuu gadi jedhaa jechuun isaa of tuultotni gadi of deebisaa jechuu isaa ti. Luq.3:-3-6

Yaa Tulluu guddaananaa ati maalii? Zirbaabeel fulduratti lafa wal qixxaate ni taata... jedhe. Zak.4:-7. Kan inni ibsuu barbaade yeroo Zirbaabeel mana qulqullummaa ijaaruudhaaf ka'eettti namootni of tuuloon akka hin ijaaramne waan godhaniif waa'ee isaanii dubbachuu isaati.

### 9. IFA (ብርሃን)

Kitaaba qulqulluu keessatti jechi "Ifa" jedhu akka hima isaatti hiikoo Afur (4) qaba.

1. Waaqayyo Ifa ni jedhama. Yoh.1;-5 Ani ifa biyya lafaa ti jedha. Yoh.8:-12, Yoh.9:-5 Waaqayyo Ifa, dukkanni matumaa isa bira hin jiru. Yaa'iq.1:-17 Kennaan hir'ina hin qabne hunduu waaqa abbaa ifaa biraa dhufa.
2. Qulqullootnis Ifa ni jedhamu. Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos duuka bu'oota isaan dukkana addunyaa kanaa haguugee kan jiru barumsa wangeelaan ni ibsitu yemmuu jedhu, isin Ifa biyya lafaati akka ittiin jedhe. Mat. 5:-14
3. Hojii gaariinis Ifa ni jedhama. Hojii keessan isa gaarii arguudhaan namoootni abbaa keessan isa waaqa irraa akka kabajaniif Ifni keessan namoota hundumaa fuula duratti haa Ifu jedhe gooftaan duuka bu'oota isaatiin. Mat.5:-16. Egaa Ifni qulqullootaa fi Ifni hojii gaariidhaa kan waaqayyoo wajjin wal qixa jechuu miti. Baatiin ifa ishee biiftuu irraa akka argatte ibsitu jechuudha malee. Waa'ee ifa isa kan Waqayyoo qulqulluun Phaawuloos 1Xim, 6:-16 irratti Waaqayyo Ifa eenyu itti si... hin dandeenye keessa ni jiraata jedhe. Qulqulluun Yohaannis abba.

wangeelaa immoo Yoh.1;-9 irraatti inni ifa dhugaa dha jedhee barreessee akka jiru, Ifni kan waaqayyoo kan mataa isaatiiti jechuu dha.

4. Seerri waaqayyoos ifa ni jedhama. Mootichi Daawwit Far.118:-105 irratti seerri kee miilla kootiif ibsaa dha, daandii kootiif immoo ifa jedhee akka jiru.

10. ***BALBALA*** (በር/ደጅ)

Jechi "Balbala" jedhu kitaaba qulqulluu keessatti akka hima isaatiitti fakkeenya waa torba (7) ta'ee barreeffamee jira.

**10.1. Gooftaan Iyyasuus Kiristoos balbala jedhamee jira. Yoh. 10:-7** dhuguman dhuguman isiniin jedha balballi hoolotaa dhaa ana. Hoolota kan jedhaman amantoota, Balballi ana jechuun isaa immoo anatti kan amanan dallaa hoolotaatti kan fakkeeffamtu Mootummaa Waaqayyoo dhaalu jechuu isaati.

Egaa as irratti mootummaa waaqayyootti galuun karaa Iyyasuus kiristoos malee akka hin danda'aamne ibsuu isaa ti. H/erg.4:-12, Yoh.17:-3

**10.2. Giiftii keenya Maariyaamiinis balbalatti ni fakkeeffamti. R/Isqeel 44:-1-2** irratti waaqayyo gooftaan "balballi kun cufamee jiraata malee hin banamu, namnis itti hin seenu. Waaqayyo waaqni Israa'el itti ol seenee ba'eerawoo barabaraan cufamee jiraata malee..." jechuun kan inni dubbate waa'ee durbummaa giiftii Maariyaamii ti. Ogeessichi abbaan Efreem wuddaasee Maariyaamii guyyaa gaafa Roobii Lakk. 7 irratti "cuftuu ajaa'ibsiisaa ta'een balballi karaa ba'a biiftuu Raajichi Isqeel argee yaa dubroo Maariyaam si'iidha humna qabeessi Waaqayyo Gooftaan keessa seenee kan ba'e" jechuun akka inni dubbate.

**10.3. Amantiinis Balbala ni jedhama. Mat.7:-13-14** irratti karaa balbala isa dhiphaa sanaan ol galuudhaaf dhama'aa karaan badiisatti nama geessu balballi isaa bal'aa dha. Namootni sana irra deemanis baay'ee dha. Karaan jireenyatti nama geessu balballi isaa dhiphoo dha.



Scanned by CamScanner

Karaan isaas qal'oo dha. Kan argatanis muraasa. As irratti egaa kan inni ibsuu barbaade waa'ee amantiiti.

10.4. **Haalli (ሁኔታ) Balbala ni jedhama. Qulqulluun Phaawuloos 2Qor. 2:-12-13** irratti "wangeela kiristoos lallabuuf gara Xiroodaa yeroon dhaqetti hojii Gooftaadhaaf balballi yoo naaf baname iyyuu obboleessa koo Tiitoo waanan hin arganneef keessi koo na hin boqonne" jedhe. Balballi yoo naaf baname iyyuu jechuun isa haalli yoo naaf mijate iyyuu jechuu isaati. Akkasumas **1Qor. 19;-6** irratti Qulqulluun Phaawuloos hojiin kan keessa guute balballi guddaan naaf banamaniiru jedhe. Akkas jechuun isaa wangeela lallabuuf haalli gaariin naaf mijataniiru jechuu isaa ti.

10.5. **Iccitiinis Balbala ni jedhama. H/erg. 14;-27** irratti mana kiristiyaanaa isaanii bira yemmuun ga'e walitti qabamanii Waaqayyo isaanii kan inni hojjete hundumaa hormootaafis balballi amantii akka isaaniif baname dubbatan jechuun isaa iccitiin barumsa amantii akka isaaniif lallabamu ibsuu isaa ti. **Mul/Yoh.3:-8** irratti ani hojii kee beeka si fuuldurattis balbala baname siif kenneera, eenyus cufuu hin danda'u jedha. Jechuun isaa iccitii dubbii waaqayyoo kan hiikame, kan ibsame siif laadheera jechuu isaati.

10.6. **Manni Kiristiyaanaas Balbala ni jedhama. S/Uum.28:-17** irratti abbaan keenya Yaa'iqoob Loozaa iddoo jedhamutti mul'ata argee raajeffatee, Iccitii waaqarraa itti mul'ateen "Iddoon kun akkam nama sodaachisa, kun balbala mana waaqayyooti" jechuu dhaan dhagaa bu'uraa akka kaa'e.

10.7. **Lapheen Namaas Balbala ni jedhama. Mul.3:-20** "Ani balbala dura dhaabadhee nan rukuta namnis sagalee koo dhaga'ee yoo anaaf bane ani gara isaatti ol nan seena..." jedhe. Kana irratti kan inni ibsuu barbaade Qulqulluun Yohaannis laphee namaati jechuu dha. Egaa as irratti Gooftaan Iyyesuus kiristoos hundumaa gochuu osoo danda'uu maaliif naaf banaa jedhee? Amanuun fedhii irratti hunda'a waan ta'eefiidha.



Scanned by CamScanner

## 11. GUYYAA GOOFTAA(የጌታ ቀን)

Jechi Kun hiikaa lama qaba.

1. **Guyyaa Dilbataa**. Mul/Yoh.1;-10 Dilbataa (Sanbata guddaan) guyyaa gooftaa waan jedhameef guyyaa kanatti gooftaan hojii fayyinaa waa baay'ee waan itti hojjeteef.
2. **Guyyaa Deebii Gooftaa Isa Raawwataa**:- Guyyaa kana eenyullee beekuu hin danda'u. Akka tasaatti kan namatti dhufuu dha. Far.50:-2, Mat.24;-36, Iyyu'eel 2:-31, H/erg. 2:-20, 1Tas. 5:-2, 2Phex.3;-10. Kanaafis namni kam iyyuu qophaa'ee jiraachuun barbaachisaa dha. Mat, 24:44

## 12. FANNOO(መስቀል)

Jechi kun hiikoo lama qaba.

1. Fannoo muka irraa hojjetame kan Gooftaan keenya irratti fannifame. Mat.27:-32-42 Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos irratti dhiiga isaa Qulqulluu kan nuuf dhangalaase... Qol.1;-20, 2;-14 Kan inni ittiin diina keenya ajjeese, kan inni ittiin lolas barbadeesse. Efes.2:-16. Kan ittiin of jejnu Gal.6:-14. Humna amantootaa kan ta'e 1Qor.1:-18, Fil.3;-18-19.
2. Dhiphina (መከራ) Kitaaba qulqulluu keessatti fannoo jechuun dhiphina jechuu akka ta'e barreeffamee jira.

- ❖ Mat.10:-38, Fannoo isaa baatee kan na faana hin buune kan koo ta'uu hin danda'u. Akkas jechuun isaa rakkina isa irra ga'u amanee fudhachuudhaan kan na faana hin buune kan koo ta'uu hin danda'u jechuu isaa ti.
- ❖ Fil.1:-29, Maqaa isaatti amanuu qofa osoo hin taane maqaa isaatiifis dhiphachuutu (Fannoo isaa baachuutu) isinirra jira.
- ❖ Mat.16:-22-24 Namni ana faana bu'uu barbaadu mataa isaa haa ganu, Fannoo koos haa baatu.
- ❖ 2Xim.3:-12, Dhuguma Iyyesuus Kiristoositti warri amanan waaqayyoon fakkaatanii jiraachuu warri barbaadan ni ari'atamu (ni rakkatu).

## 13. *MANA QULQULLUMMAA(ቤተ መቅደስ)*



Scanned by CamScanner

Jechi mana qulqullummaa jedhu kitaaba qulqulluu keessatti akka hima isaatiitti hiikoo sadii (3) qaba.

1. ***Mana Qulqullummaa isa waaqa irraa:*** - Far.77 (8):-69, Isay.6:-1, Mul/Yoh.11:-19.
2. ***Mana Qulqullummaa isa Lafa irraa:***- S/Ba'uu 25:-8, 2M/S/Baraa 7:-12-16.
3. ***Qaama Amantootaa:***- 1Qor.3;-16-17, 2Qor.6:-16.

Waa'ee mana qulqullummaa sadan kana ilaalchisee kitaaba qulqulluu keessatti ka'aamee jira. Isaan kanas tokko tokkoon ilaalla.

**A) Waa'ee mana qulqullummaa isa waaqa irraa:-**

➢ Mana qulqullummaa isa waaqa irraa fakkeessee bara baraan lafa irra akka jiraatuuf bu'uresse. Far.77 (78):-69.

➢ "Bara mootichi Ooziyaa du'e samiin banamanii mana qulqullummaa isa waaqa irraa keessaa waaqayyo teessoo ulfina qabeessa irra taa'ee nan arge" jedha. Isayyaas. R/Isay.6:-2

➢ "Manni qulqullummaa inni waaqa irraa banamee bidiruun kakuu waaqayyoo (Taabota) mana qulqullummicha keessatti nan arge" jedhe Yohaannis abbaan wangeelaa. Mul/Yoh.11:-19.

**B) Mana qulqullummaa isa Lafa irraa fakkeenya isa samii irraan kan ijaarame.**

❖ Waaqayyo angafa Raajotaa Museedhaan "Isin gidduu bulee akkan jiraadhuuf mana qulqullummaa naaf ijaaraa" jedhe ***S/Ba'uu 25:-8***. Manni qulqullummaa kunis ***Dabtara Ooritii*** (ደብተራ ኦሪት) jedhama ture.

❖ Mootichi Daawwit "ani Waaqayyoon waan tokkicha nan kadhadha, isas immoo argachuu nan fedha, bara jireenya koo hundumaa mana waaqayyoo keessa jiraachuu, mana qulqullummaa isaas immoo ilaaluu" jedha. ***Far.26:-4***

❖ Ani garuu baay'ina araara keetiin gara mana qulqulluumaa keetti ol nan seena, si sodaachuudhaanis gara mana qulqullummaa keetitti kufee siif nan sagada. ***Far.5:-7***

❖ Iddoo mana qulqullummaa waaqayyoo isa qulqulluutti waaqayyoof sagadaa. ***1M/S/Baraa 16:-29***.

❖ "Mana quqlullummaa kana ani filadheera" jedhe waaqayyo.... ***2M/S/Baraa 7;-12-16.***



Scanned by CamScanner

- "Mana qulqullummaa koo barabaraa isin gidduu nan jiraachisa" jedhe waaqayyo…. ***R/Isqeel37;-26-28.***
- Inaaffaan mana qulqullummaa keetii na gube. ***Far.68 (9):-9***
- Godoo warra cubbamootaa keessa taa'uu irra balbala mana waaqayyootti gatamuun filadha. ***Far.83:-10***
- Gara mana waaqayyoo dhaqna yemmuu naan jedhan baay'een gammade. ***Faar.121 (2):-1***
- "Yaa waaqayyo garaa koo guutuunan si galateeffadha, gara mana qulqullummaa keetitti kufee siif nan sagada, Ergamoota kee durattis sin faarfadha" jedhe. ***Far.137:-1-2.***
- Gooftaan Iyyesuus Kiristoos gaafa waggaa kudha lamaa mana qulqullummaa kana keessa dhaabbatee beektoota barsiisaa tureera, as jiraachuunis naaf gaarii dha jedhe. ***W/Luq.2:-49***.
- Manni qulqullummaa kun mana kadhataa ,jedhama jedhee barsiiseera. *W/Mat.21;-12.*
- Barattootni Gooftaa erga Gooftaan du'a mo'ee ka'ee yeroo hundumaa waaqayyoon galateeffachaa, mana qulqullummaa keessa jiraachaa turan. ***Luq.24:-53***
- Torbee guyyaa sanbataa yaada tokko taa'uudhaan mana qulqullummaa keessatti kadhachaa, buddeenas mana isaniiti fiduudhaan waliin cabsatanii gammachuudhaan nyaachaa turan. ***H/erg.2:-46.***
- Mana qulqullummaattis kadhannaaf yeroo deddeebi'aa turanitti dhukkubsataas fayyisaa turaniiru. ***H/erg.3:-1-8.*** Eegaa walumaa galatti "***Manni qulqullummaa inni lafa irraa kun qulqulluun Phaawuloos akka dubbateetti manni waaqayyoo kun utubaa dhugaa fi bu'ura waaqayyo jiraataan bu'uressee***" dha jedhe. 1Xim.3;-15. Eegaa bu'urri kan biraan iddoo itti waaqessan hin jiru. 1Qor.3;-11

  Manni qulqullummaa iddoo hundumaatti bu'ureeffamee akka ijaaramuuf waaqayyo karaa raajotaa dursee dubbatee jira. R/Milk.1:-11.
- Gooftaan keenya isa kana jabeesseera W/Mat.16:-16-18. Egaa dhiiga waaqayyoon kan ijaaramte waan taateef abbootiin amntii Phaaphaasotni akka eeganiif waaqayyo imaanaa (adaraa) itti kenneera. H/erg.20;-28.



Scanned by CamScanner

## c) Hiikoo sadaffaan mana qulqullummaadhaa qaama amantootaa akka ta'e caafamee jira.

- ***W/Yoh.14;-23*** irratti Gooftaan Iyyesuus kiristoos "Kan na jaallatu yoo jiraate jecha koo eega, abbaan koos ni jaal'ata. Gara isaas ni dhufa. Isa keessas ni jiraanna" jedhe; jechuunis mana qulqullummaa ni godhanna jechuu dha.
- ***2Qor.6:-16*** Nuyi mana qulqullummaa waaqayyoo isa jiraataati.
- ***1Qor.3;-16-17*** Isin mana qulqullummaa waaqayyoo ta'uu keessan, afuurri waaqayyoos isin keessa akka jiru hin beektanii? Namni mana qulqullummaa waaqayyoo yoo diige waaqayyo immoo isa diiga, manni qulqullummaan kunis jireenya (qaama) keessanii dha.
- ***1Qor.6:-19*** Namummaan keessan afuura qulqulluu waaqayyoo biraa fudhattan isin keessa akka jiru mana qulqullummaa waaqayyoo ta'uu keessan hin beektanii hoo?
- Tokkos manni qulqullummaa mana kiristiyaanaa jedhamee ni waamam. Amantootni jalqabaaf Antsooqiyaatti kiristiyaana jedhaman. ***H/erg. 11;-26.*** Kanaaf yeroo tokko tokko walitti qabamni amantootaa mana kiristiyaanaa jedhamee ni waamama.

FKN.***W/Mat.18:-15-17*** irratti obboleessi kee yoo sitti balleesse qofaa isaatti waami badii isaa itti himi. Yoo si dhaggeeffachuudhaa baate immoo nama 2 ykn nama 3 biratti itti himi. Isaaniifis yoo dhaga'uu dide immoo mana kiristiyaanaatti himi. Mana kiristiyaanaaf yoo dhaga'uu dide immoo akka aramanee cubbamaa tokkotti lakkaai dhiisi jedha. As irratti mana kiristiyaanaa inni jedhamee walitti qabama amantoota jechuu isaati.

- ***H/erg. 12:-1*** Yero sanatti mootichi Edos rakkina itti baay'isuudhaan mana kiristiyaanaa keessaa tokko tokko irra harka isaa kaa'e.
- ***H/erg.12:-5*** Yeroo qulqulluun Pheexiroos qabamee hidhamee manni kiristiyaanaa waa'ee isaaf ni kadhatti turte.

Dabalata raga Kitaaba qulqulluus ilaaluun ni danda'ama. ***H/erg.15:-3-4, Room.16;-5, 1Qor.1;-1, 1Tas.1;-1, 2Tas.1;-1***

**14. *AFUURA*(መንፈስ)**

Jechi afuura jedhu kitaaba qulqulluu keessatti akka hima isaatti hiikoo Afur (4) qaba.



Scanned by CamScanner

Jechi afuura jedhu kan hin argamne, kan hin qabamne, kan hin hammarramne jechuu dha. Kanaaf akkaataa kanaan waaqayyos afuura. W/Yoh. 4;-24.

1. ***Afuura qulqulluu***:-Afuura qulqulluun maqaa addaa addaatiin kitaaba qulqulluu keessatti ni waamama.

- Afuura dhugaa Yoh.15;-26
- Jajjabeessaa Yoh.14:-26
- Abiddi qilleensa waaqayyoo Iyob.4:-9
- Afuura kiristoos Room.8:-9, 2Qor.3:-17
- Afuura bifa Gugeedhaan samii irraa osoo gadi bu'uu yohaannis cuuphaan arge. Yoh.1;-32.
- Afuura qulqulluu bifa abiddaatiin barattootaaf bu'e. H/erg.2;-1.

2. ***Ergamootni qulqullootnis Afuura ni jedhamu.***

- "Ergamootni qulqullootni hundumtuu akka fayyaniif mucaa namaa tajaajiluudhaaf afuura ergamaan mitiiree?" Jedhe qulqulluun Phaawuloos. Ibr.1;-14

3. ***Ergamootni Seexanaas Afuura ni Jedhamu.***

- Ergamaan sobaa mootichi Aka'aab gorsa Raajota soba dubbataniin akka inni du'uuf isa barsiise. 1Mot.22:-21-28.
- Meeshaa lolaa isa kan kiristoos hidhadhaa. Nuti nama foonii wajjin wallaansoo wal qabna miti. Ijatti kan hin argamne qilleensa keessa kan balali'an raayyaa afuura amminaa kan qabanii wajjin malee Efes.6:-12-13.

4. ***Fedhiin Waaqayyoos Afuura ni Jedhama.***

Yeroo sanatti Gooftaan Iyyesuus Kiristoos Daabiloos akka qoramuuf afuurri lafa onaatti isa geese. W/Mat.4:-1. As irratti afuura inni jedhame fedhii isaa jechuu isaati.

5. ***Yaadi Namaas (ሐሳብ) Afuura ni Jedhama.***

Giiftiin keenya Maariyaamiin kadhannaa ishee keessatti "Afuurri koo waaqa kootti ni gammaddi." Luq.1:-47. Afuurri koo jechuun ishee yaada koo, lapheen koo jechuu isheeti. Far.50 (1):-17 "Yaa waaqayyo laphee cabaa fi afuura gadi deebi'aa naaf kenni" akkuma jedhe.

## 15. ILMA NAMAA(የሰው ልጅ)

Jechi ilma namaa jedhu kitaaba qulqulluu keessatti akka hima isaatitti hiikoo lama qaba.

1. ***Mucaa namaa kan jedhame Iyyasuus kiristoosii dha***. Giiftii keenya dubroo Maariyaamii irraa foon ishee irraa foon, lubbuu ishee irraa lubbuu, dhiiga ishee irraa dhiiga fudhatee dhalachuu isaatiin mucaa namaa jedhama.

- Ofii isaatiis biyya lafaa irra yeroo deddeebi'aa turetti gadi of deebisuudhaan "mucaan namaa akkas jedhe" jechuudhaan dubbachaa ture. FKN.W/Mat.9:-2-7 Cubbuu biyya lafaa irraa balleessuudhaaf ilmi namaa aboo akka qabu hin beektaniiree?
- Yoh.3:-13 Samii irraa kan gadi bu'e malee gara samiitti deebi'ee kan ol ba'e hin jiru. Innis immoo ilma namaati.
- W/Mat.12:-8 Ilmi namaa Gooftaa Sanbataati.
- W/Mat.26:-65 Eegaa sichi ilmi namaadhaa aangoodhaan mirga waaqayyoo samii irra yemmuu taa'u duumessaa wajjin yemmuu dhufus arguudhaaf jirtu.
- H/erg. 7:-56 Ilmi namaa mirga waaqayyoo utuu inni ijaajjuun arge.
- W/Mat.16:-27
- Hiikoo lammaffaa Ilma Namaa:-

Sanyiin Addaam hundumtuu ilma namaa ni jedhamu. R/Isq.2:-1, R/Dan.3:-11

## 16. HANGA (እስከ)

Kitaaba qulqulluu keessatti jechi hanga jedhu hiikoo lama qaba.

1. ***Hanga xumura qabu ykn Hanga Daangeffamaa.***

Fkn. Iyyaasuu 7:-16 irratti Iyyaasuu fi sabni Israa'eel Taabota waaqayyoo fuulduratti ganamaa kaasanii hanga galgalaatti adda isaaniin gadi gombifamanii oolan jedha. Giiftiin Maariyaamiin jaalallee mucaa ishee Gooftaa keenya Iyyesuus kiristoosiin fudhattee hanga Herodoos du'utti Gibtsitti godaante Mat.2:-15 Qulqulluun Yohaannis cuuphaadhaa hanga guyyaa dhufee Israa'elotatti mul'atutti lafa onaa keessa jiraate. Luq.1:-80.

- Luqaas hojii gooftaa Iyyesuus kanaan barreesse guyyaa inni itti hojjechuu jalqabee kaasee hanga guyyaa gara samiitti inni ol ba'eetti kan jiruu dha. H/erg.1:-1-2



Scanned by CamScanner

## 2. Hanga Xumura Hin Qabne

- S/Uum.8:-7 irratti bishaan badiisaa hanga inni lafa irraa gogutti Harraagessi /Qurruun/ hin deebine.
- 2Sam.6:-23 Intalli Saa'ol Meelkool hanga gaafa duutuutti dhala hin godhanne.
- Faar. 10:-91, Mat.22:-24 Waaqayyo gooftaa kootiin diinota kee hanga ejjennoo miila kee jala siif kaa'utti mirga koo ta'i ittiin jedhe.
- Far.122:-2 Hanga inni dhiifama nuuf godhutti iji keenya gara uumaa keenyaa gara waaqayyoo ni ilaala.
- Maat.28:-20 "Ani hanga dhuma biyyya lafaatti yeroo hundaa isinii wajjin jira" jedhe gooftaan barattoota isaatiin.
- Mat.1:25 Hanga isheen deessutti hin barre. Egaa walumaa galatti jechi k.k.f.kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamanii jiru. Jechi hanga jedhu akkasii kun xumura ykn daangaa kan hin qabnee dha. Hamma baraa baraatti jechuus agarsiisa.

## 4) DU'A (ሞት)

Du'a jechuun akka kitaaba qulqulluu fi akka jecha namootaatti hiikoo addaa addaa qaba.

***Akka kitaaba qulqulluutti:-***

1. Waaqayyo irraa addaan ba'aa nii cubbuu gochuudhaan. S/Uum.4;-16
2. Hirriba keessaa dammaqan Mat.9:-24, Luq.8:-49, Yoh.11:-11, Mar.5:-39
3. Daandii gara waaqayyoo ittiin quulqullootni dhaqan. 3ffaa M/maqaabiyaan 6:-1, Filip.1:-21-22.
4. Boqonnaa ni jedhama. Faar.115/116/:-7.

***Akka waamicha Namootaatti immoo:-***

1. Afuura baafachiisaa; baay'ee nama rakkateen kan ittiin jedhan.
2. Kutee deemaa; Namni guddina irra jiru yemmuu du'u kan ittiin jedhan
3. Gab-godhaa; nama jal'ina hojjetu yemmuu du'u.
4. Obbaafachiisaa; Nama dhukkubaan qabamee rakkachaa tureen kan jedhan.



Scanned by CamScanner

**Duutni Gosa Meeqatu Jiraa?**

Kitaaba qulqulluu keessatti akka barreeffamee jiru gosa 2/lama/ qaba. Isaanis:-

1. Du'a foonii fi
2. Du'a Lubbuu ti.

1. Du'a foonii inni jedhamu kun gargar ba'umsa foonii fi lubbuuti. Duutni foonii Abeel irraa jalqabee nama hundumaa irratti mo'ee kan jiru eenyuuf illee kan hin hafnee dha. Ykn foon kan uffate hundi kan du'aniidha. Ilmi waaqayyoo Iyyeesuus kiristoos iyyuu foon namaa waan uffateef du'ee akka awwaalame.
2. Du'a lubbuu inni jedhamu kun lubbuun foonitti erga adda baatee booda gara waaqayyoo deemtee murtoo fudhatti. Erga murtoo fudhattee booda waan gaarii hojjettee seera waaqayyoo hin eegne taanaan yeroodhaaf gara abidda si'oolitti gadi buuti. Guyyaa isa dhumaa sanatti immoo isa irra guddaa kan caalu gara abidda Gaahannamatti gadi buutee bara baraan achi keessatti dhiphatti. Kunis du'a isa lammaffaa jedhama. Room.6:-23, Mul/Yoh.21:-8.

❖ Du'a lubbuu kana jala gosi du'aa ijaajjiitti du'uutu jira. Innis afuuraan du'uu kan jedhamuu dha. Jechuunis namni tokko biyya lafaa kana keessa osoo hojjetuu, adeemuu, nyaatee dhuguu, waaqayyootti amanee hin jiru yoo ta'e, hojii amantiis hojjechaa hin jiru yoo ta'e fayyaatti kan du'e ykn afuuratti du'aa jedhama. Waa'een isa kanaa kitaaba qulqulluu keessatti bal'inaan barreeffamee jira.

✓ Mat.8:-22 kan du'e du'aan haa awwaalu...
✓ Luq.15:-54 Mucaan koo du'ee ture...
✓ Efes.2:-1 Isin duraan kan duutan turtan...
✓ 1Xim.5:-6 Maanguddoon gammachuu biyya lafaa kana qofa kan jaal'attu fayyaatti kan duutee dha.

Egaa walumaa galatti du'a kana keessaa qalbii jijjiirratee kan hin kaane duunni lammaffaan jechuun duutni lubbuu isa eeggata.

- Duutni kunis ajajamuu diduudhaan kan namatti dhufee dha. S/Uum.3;-14-19, M/Xibabi 1;-13.
- Waaqayyo garuu du'a namaatti hin gammadu R/Isay.18:-31-35.
- Kanaafuu namni hundumtuu qalbii isaa jijjiirratee waaqayyootti amanee jiraachuun barbaachisaa dha.



Scanned by CamScanner

## 5) AMALA DUBBANNAA KITAABA QULQULLUU (የአነጋገር ዘይቤ)

Kitaaba qulqulluu keessatti malli dubbannaa waa tokko ibsu tooftaa mataa isaanii danda'e qabu. Kanneen keessaa wanta ta'ee darbe akka wanta sichi hojjetamuu/ta'uu/tti dubbachuu, waan sichi hojjetamu immoo akka waan darbeetti dubbachuun mala/tooftaa/ dubbannaa kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamee jiruu dha. Fkn.

**1. *Waan sichi hojjetamu akka waanta darbeetti dubbachuu***

Raajotni baay'een waan akkasii ni ta'a ykn ni dhufa jedhanii raajii dubbachaa yoo turan iyyuu yeroo tokko tokko immoo waan dhufuuf jiru akka wanta darbeetti dubbachaa turaniiru. FKN:-

❖ Far.21/21/:-17-18 irratti "Harka koo fi miilla koo na waraanani...wayyaa koos ni hirmaatan, kaabba/qamisii/ koo irrattis carraa buufatan" jedha. Jechi kun dhaloota kiristoos fuuldura bara 900 keessa kan dubbatamee dha. Jechi kun kan darbe haa fakkaatu iyyuu malee Gooftaa keenya Iyyasuus kiristoosiif kan dubbatamee dha. Bara 900 booda dhufee kan inni raawwatee dha. W/Maat.27:-35, Yoh.19:-23-24.

❖ Far.68/69/;-21:"Hadha'aa akkan nyaadhuuf naa kennan dheebodhee jennaanis dhugaatii dhangagga'aa naaf fidan" jedhe. Kunis kan ta'ee darbe haa fakkaatu malee Gooftaaf kan dubbatamee dha. W/Mat.27:-48 irratti Gooftaan keenyas dhufee kan raawwatee dha.

❖ R/Isay. 53:-4-12 irratti "Inni dhugaadhumatti dhukkuba keenya nuuf fudhate... irra daddarbaa keenyaafis ni madaa'e, madaa isaatiinis ni fayyine..."jedhe.Jechi kun waan darbe haa fakkaatu iyyuu malee waggaa 700 booda Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos rakkina/dhiphina/ inni waa'ee keenyaaf fudhate kan ibsuu dha.

❖ R/Isay.9:-6 "Mucaan nuuf dhalateera, ilmis nuuf laatameera, Gooftummaan gatiittii isaa irra jira, maqaan isaas ajaa'ibsiisaa, gorsaa waaqa jabaa, hangafa nagaa, abbaa baraa baraas jedhamee ni waamama" jedhe. Jechi kun Gooftaan keenya Iyyesuus kiristoos yeroo kana fuuldura dhalatee kan jiru ta'uu isaa ibsa. Haa ta'u malee garuu ergasii kan dhalatee dha. W/Luq.2:-1

❖ R/Osaayi 11:-1 "Mucaa koo Gibtsitin waame". Kunis kan darbe haa fakkaatu iyyuu malee dhaloota Gooftaa keenya Iyyesuus kiristoos booda kan raawwatamee dha. W/Mat.2:-15.



Scanned by CamScanner

Egaa walumaa galatti mala ykn tooftaa dubbannaa kitaaba qulqulluu keessatti waan sichi dhufuudhaaf jiru akka waan darbeetti fakkeessanii dubbachuun barreeffamee jira waan ta'eef beekuu fi hubachuun barbaachisaa dha.

2. ***Waan Darbe Akka Waan Sichi Dhufuutti Dubbachuu***

Kitaaba qulqulluu keessatti waan darban akka waan sichi dhufanitti haasa'uun mala/tooftaa/ dubbannaa kitaaba qulqulluu waan ta'eef hubachuu fi beekuun barbaachisaa dha.

- Mul/Yoh.12:-1-6 "Mallattoo guddaa fi ajaa'ibsiisaa tokkon samii keessatti arge". Mallattoon kunis dubartii biiftuu uffattee, baatii miilla jalaa kaa'atte jirtu urjoota kudha lama /12/ akka gonfoottis mataatti kaa'attee jirtu nan argen ture. Isheenis mucaa ilmaa deessee turte... jechuudhaan qulqulluun Yohaannis naannoo bara 20 ffaa keessa waan ta'ee darbe waa'ee Giiftii keenya Maariyaamiin Gooftaa keenya da'uun ishee fi baattee Gibtsitti ari'atamuu isheef loltootni Heroodoos duukaa bu'uu isaanii akka waan amma ta'aa jirutti dubbachuu isaanii tooftaa/mala/ kitaaba qulqulluu keessatti barreeffamee jiru waan ta'eef. Waan darbe akka waan sichi dhufuutti kan argisiisu ragaan caaffata qulqulluu kan biroonis jiru. Erg/Yihud. 1;-7, Ibr.7:-23, 9:-25-26

Kitaaba qulqulluun dubbii jireenyaa ti. Kitaaba qulqulluu dubbii jireenyaa ta'e kana dubbisuu fi itti jiraachuun dirqama keenya waan ta'eef dubbisuudhaaf immoo seenaa kitaaba qulqulluu, aadaa fi mala/tooftaa/ isaa akkasumas iccitii isaa beekuun barbaachisaa dha. Kana osoo hin beekiinii fi osoo hin hubatiin kitaaba qulqulluutti fayyadamuun nama gufachiisa. Kanaafuu gaafa kitaaba qulqulluu dubbisnu tooftaa isa beekuun, kan dubbatan gaafachuun barbaachisaa dha. Waanta bara durii waaqayyo hojjete abbootii keessan gaafadhaa! Waan jedhuuf



Scanned by CamScanner

❖ K/Deebii 32:-7, M/Iyyob 8:-8 Abbootii keenya gaafachuudhaan, karaa isaan irra adeeman irra adeemuudhaan, amantii isaanii qabachuudhaan deemuufi jiraachuun ni barbaachisa. Ibr.13:-7

Kana akka goonuuf arjummaan waaqayyoo uumaa keenyaa, kadhannaan haadha waaqayyoo Giiftii Maariyaamii, eegumsi ergamoota waaqayyoo, eebbii fi kadhannaan qulqulloota waaqayyoo hunduma keenyaa wajjin haa jiraatu. Ameen!!

Irri baana jechuun kennaa nama balaan irra ga'e yoo waama totto rakkatee laatamuudha.

***KUTAAN 2FFAA ISAA IMMOO ITTI FUFA.***

KAN QOPHEESSE: ***B/SAA HORDOFAA DHINAA***


**BARA 2004 A.L.H.**



Scanned by CamScanner

***Kanaan dura maxxanfamee gabaa irra kan oole:-***

1. Mana kee Sirreeffadhu! Kan jedhu





2, Iccitii Isa Guddaa Kutaa 1ffaa 3, Iccitii isa guddaa kutaa 2 ffaa



***Kan Sichi Maxxanfamu:-***

1. Kan si kabajan nan kabaja
2. Kan Dubbistu Kana ni Hubattaa? Kutaa 2ffaa isaa
3. Afoola Mana Kiristiyaanaa ti.
4. Tooftaa Lallabaa



Scanned by CamScanner

## *Madda inni irraa qopha'ee*


1. *Kitaaba Qulqulluu 81.*
2. *Kitaaba Qulqulluu 66 Afaan oromoo fi Amaariffaan kan barreeffame.*
3. *Hiikoo Waangeela Arfanuu (4nu) 1988 kan maxxanfame.*
4. *Hiikoo macaafa pawuloos 1988 maxxanfame.*
5. *Kitaaba barsiisaa Saa'iluu Adimaasuu 1999 kan maxxanfame.*
6. *Kitaaba jechoota wangeelaa hiku.*
7. *Kitaaba Abbayinee Kaasaa $1^{ffaa}$ fi $2^{ffaa}$ Matsi'af Qidus Xinnat isaa jedhu.*
8. *Kitaaba Marii Le-yeruusaleem jedhu 1999 kan maxxanfame.*
9. *Kitaaba B/saa Maagabii Adiis Mokonniin 1998 kan maxxanfame.*
10. *Kitaaba D/n Isheetuu Taddasee fi D/n Dajanee Shifarraa Waladita Amlak kanjedhu.*
11. *Kitaaba Marahaa Tsidqi jedhu.*
12. *Kitaaba Luba Dajanee Shifarraa Kidaana Tsaidqi kan jedhu 2001 kan maxxanfame.*
13. *Hiikoo kitaaba Wudasee Maramii 1983 kan maxxanfame.*
14. *Haamerii, Malakat fi maxxansa yeroo adda addaa maxanfame.*




Scanned by CamScanner



Kan Qopheesse B/saa HORDOFAA DHINAA
Lakk, Bilb :- 0911919523

## KAN DUBBUSTU KANA NI HUBATTAA ?

- Kitaaba qulqulluu keessa jechi Ithiyoopiyaa jedhu si'a 51 barreeffamee akka jiru beektaa.?
- Kitaaba qulqulluutti lakkoobsi yoom itti kennamee ? Eenyudhaaniis itti kennamee ?
- Kitaaba qulqulluutti boqonnaan yoom itti kennamee ? Eenyudhaaniis bar isaa'oo meeqa ?
- Kitaaba qulqulluun duraan akkuma hardhatti qinmdaa'ee kan tureedhaa ?
- Kitaabni qulqulluun addunyaa irra jiran baay'inni isaanii 66, 73, 76, 77, 81 yemuu ta'an kana keessaa inni sirrin isaa kamii ?
- Kitaaba qiulqulluu yeroo jalqabaaf Afaan Amariffaatti kan hiikee eeny jedhamaa dhalataa biyya eessatis, Afaan Oromootis kan hiike eeny jedhama? Dhalataa biyya essaatis ?
- Kitaaba qulqulluu kitaabolee biraa irraa maaltu adda isaa taasisaa?
- Egaa walummaa galatti seenaa fi aadaa kitaaba qulquluu kasummas hiikoo fi jechoota
- hiikoo adda addaa qaban deebii qubsaa isaa kan dubbistu kana ni hubbataa kitaaba jedhu kana keessatti argatu.

Dubbisa gaarii isiniif haa ta'u !

Gatii 25.00

Scanned by CamScanner